Macaafa Hose'aa Raajichaa

Ittiin Lixa

1 [1] Kun dubbii Waaqayyoo isa bara Uziyaan, Yotaam, Ahaaz, Hisqiyaasis tarreetti biyya Yihudaa irratti mo'anii, Yerobi'aam ilmi Yeho'aash immoo biyya Israa'el irratti mo'etti, gara Hose'aa ilma Beriit dhufee dha*.
**1 Isa 1:1; 2Mot 14:23-29; Amo 1:1*

Hose'aan Fuudhee Ijoollee Sadii Godhachuu Isaa

2 Waaqayyo dura karaa Hose'aa yeroo duhhatetti, Hose'aadhaan, "Biyyichi Waaqayyoon dhiisuu isaatiin ejja guddaa keessa lixeera; kanaaf dhaqi, dubartii ejjituu fuudhi, ijoollee ejjaas godhadhu!" jedhe*.
**2 2:4-10; 3:1; 4:11-19; 5:3-4; 9:1-2; 11:2; Er 2:20; Kes 23:18*

3 Kana irratti inni dhaqee Gomerin intala Diiblaayim fuudhe; isheen ulfooftee ilma in deesseef. [4] Yommus Waaqayyo, " 'Yizre'el' jedhii moggaasi! Yeroo gabaabduu booddee sababii dhiiga Yizre'elitti dhangala'eef mana Yehuu nan adaba; mootummaan Isra'elis kanumaan akka raawwatu nan godha*. [5] Gaafas ani dachaa Yizre'el keessatti humna warra Israa'el nan cabsa" jedheen.
**4 2Mot 10:10-11*

6 Gomer ammas ulfooftee, durba in deesse; Waaqayyo immoo Hose'aadhaan, "Ani si'achi mana Isra'eliif cubbuu isaanii isaaniif dhiisuuf matumaa oo'a hin argisiisu, kanaaf 'Lo-Ruhaamaa' jedhii maqaa moggaasi! [Hiikaan isaas 'Oo'a hin arganne' jechuu dha]*. [7] Mana Yihudaatti garuu oo'a nan argisiisa, isaan nan oolchas; iddaadhaan yookiis billaadhaan yookiis lolaan yookiis fardeenii fi abboota fardeeniin utuu hin ta'in, ani Waaqayyo gooftaan isaanii harka kootiin isaan nan oolcha" jedhe*.
**6 2:3,25*
**7 Mik 5:9; Zak 4:6; Isa 31:1-3; Far 20:7; 2Mot 19:32-37*

8 Gomer erga "Lo-Ruhaamaa" harma guuftee, ulfooftee ilma in deesse. [9] Waaqayyo yommus Hose'aadhaan, " 'Lo-Amii' jedhii moggaasi, isinoo saba koo miti, anis Waaqayyo keessan miti" jedhe. ["Lo-Amii" jechuun "Saba koo miti" jechuu dha*].
**9 2:25; Bau 3:14; Er 7:23*

Abdii Gara Fuula Dnraa

2 [1] Si'achi garuu lakkoobsi namoota Israa'el akka cirracha galaanaa isa hin safaramnee, isa hin lakkaa'amnees in ta'a; qooda, "Isin saba koo miti" ittiin jedhame immoo, "Ijoollee Waaqayyo isa jiraataa" jedhamuuf jiru*.
[2] Ijoolleen Yihudaa fi
ijoolleen Israa'el
tokkummaatti walitti in
qabamu;
walumattis nama isaan geggeessu
tokko in kaafatu;
guyyaan Yizre'el guddaa
waan ta'uuf,
isaanis biyyicha keessaa
ol in dhufu*.
[3] Egaa obboloota keessan, "Amii"
obboleettota keessanis
"Ruhaamaa"
jedhaa waamaa!
["Amii" jechuun "Saba koo",
"Ruhaamaa" jechuun
"Oo'a argate" jechuu
dha*].
**1 Uma 22:17; Rom 9:29*
**2 Er 3:18; Hos 1:4; 2:23-24*
**3 1:6,9*

Amanamuu Dhabuu Irraa Kan Ka'e Adabamuu

[4] Haadha keessan hadheessaa!
Isheen haadha manaa koo ta'uu
waan dhiifteef,
anis abbaa manaa ishee ta'uu
waanan dhiiseef,
ishee hadheessaa! Isheen
halalummaa fuula ishee irraa
mul'atu,
milikkita ejjummaas
harma ishee gidduudhaa haa
haaftu*!
[5] Yoo kun ta'uu dhaabaate garuu,
wayyaa ishee irraa haasee
akkuma gaafa dhalatteetti
qullaa nan hambisa;
ishees akka lafa onaa,
akka lafa isa gogaa nan godha,
dheehuudhaan akka isheen
duutu nan godha*.

[6] Ijoolleen ishee ejjummaadhaan
waan dhalataniif,
ani oo'a isaan hin argisiisu.
[7] Haati isaanii in ejjite,
isheen garaatti isaan baattes
waan yeellaasisaa hojjette;
isheenoo, "Jaalalleen koo
buddeena, bishaan,
uffata rifeensa hiddamaa
kan quncee talbaas,
dhadhaa ejersaa, dhugaatiis
anaaf in kennu;
kanaaf isaan duukaa nan
adeema" jetteetti*.
**4 1:2; His 16:23-26*
**5 His 16:4-5; 23:29*
**7 Er 44:17-18*

[8] Erga akkas ta'ee
ani immoo akka isheen karaa
hin argannetti,
qoraattiidhaan karaa isheetti
nan cufa,
dallaa dhagaas ishee duratti
nan ijaara.
[9] Yoos isheen jaalallee ishee
duukaa fiigdee
isaan hin qaqqabdu,
barbaaddees isaan hin argattu;
yommus, "Ammaa mannaa,
dur abbaa manaa koo isa duraa
wajjin
yommuun jiru anaaf wayya
ture;
kanaafis ka'ee gara isaatti nan
deebi'a" in jetti*.
[10] Garuu midhaan, waynii, dhadhaa
ejersaas
akka ani kenneef,
meetii fi warqee isa ittiin
waaqayyolii tolfamoo isaanii
Ba'aalin tolfatanis
akka ani isheetti baay'ise
isheen hin hubanne*.
[11] "Kanaaf ani midhaan koo
yeroo inni bilchaatutti,
cuunfaa waynii koos yeroo inni
ga'utti irraa nan
deebifadha;
rifeensa hiddamaa fi
quncee talbaa isa isheen
ittiin qullaa ishee dhokfachuuf
jirtus
ishee duraa nan fudhadha.
[12] Jaalallee ishee durattis saala ishee
bakkeetti nan baasa;
harka koo keessaa buutees
namni ishee oolchu hin jiru*.
[13] Gammachuu ishee hundumaa,
dalaga ishee,
baatii ji'a ji'aan isheen
ayyaaneffattu,
guyyoota Sanbata ishee, guyyaa
ayyaana beekamaa
isheen qabdu hundumaas nan
hambisa*.
**9 Luq 15:17-19*
**10 Kes 7:12-13; Hos 8:4; His 16:17,19*
**12 His 16:36-37; Er 13:22*
**13 Amo 8:10*

[14] "Mukkeetii waynii fi
mukkeetii harbuu
warra isheen 'Jaalallee kootu
gatii anaaf kenne'
jettu sana nan gad dhiisisa;
isaanis caakkaa ta'anii
hineensonni akka irraa nyaatan
nan godha.
[15] Guyyoota isheen Ba'aal
waaqayyolii tolfamoo isheetiif
ayyaana godhatte,
ixaana aarsiteef sanaaf,
ishee nan adaba;
isheen amartii ishee kaa'attee
mi'a ishees naqattee,
jaalallee ishee duukaa
adeemtee,
ana immoo irraanfatte"
jedhee dubbateera Waaqayyo.

Amanamummaa Waaqayyo Saba Isaa Argisiisu

[16] Kanaafis kunoo, ani ishee
tole nan jechisiifadha,
gara lafa onaatti ishee geessee
dubbii garaa ishee rukutu nan
dubbadha*.
[17] Achi utuu jirruu
iddoo dhaabaa waynii isheetii
isheedhaaf nan deebisa,
dachaa Aakor isa lixuuf
abdii hin qahnes
lafa abdiidhaan
ol itti lixan nan godha;
achitti immoo akkuma
hara ijoollummaa isheetii
akkuma yeroo biyya Gibxii
baateettis
anaaf in owwaatti*.
**16 Isa 40:2; Er 31:2*
**17 Iya 7:24-26*

18 "Ati gaafas 'Abbaa manaa koo'
jettee na waamta malee,
deebitee akka Ba'aal
isa Waaqayyo tolfamaatti
ana hin waamtu"
jedhee dubbateera Waaqayyo*.
19 Maqaan Ba'aal
waaqayyolii tolfamoo kanaas
afaan isheetti akka hin dhufne
nan godha;
maqaa isaanii namni yaadatus
hin jiru.
18 Isa 54:5

20 Gaafas bineensota daggalaa,
simbirroota qilleensa
keessa balali'an,
warra lafa irra munyuuqanii
wajjinis
kakuu isiniif nan gala;
iddaa fi billaa, mi'a lolaas
caccabsee lafa irraa nan
balleessa,
akka isin nagaatti,
gabiitti teessanis nan godha*.
21 Ani yeroo hundumaaf
kan koo sin godhadha;
qajeelina, dhugaa, jaalala,
oo'as argisiisuudhaan
kan koo sin godhadha*.
22 Amanamummaa argisiisuudhaanis
kan koo sin godhadha,
atis ana Waaqayyo kee
hartee in hubatta.
23 Waaqayyo dubbateera kunis in
ta'a,
"Gaafas ani nan owwaadha,
bantiiwwan waaqaaf nan
owwaadha,
isaanis lafaaf in owwaatu;
24 lafti in owwaata;
midhaanii fi daadhii waynii
dhadhaa ejersaas in baasa,
isaanis Yizre'eliif in owwaatu*;
25 biyyicha keessa jabeessee ishee
nan dhaaba,
warra oo'a hin argannettis
oo'a nan argisiisa,
saba koo isa hin ta'iinis
'Saba koo' nan jedha;
innis 'Waaqayyo koo' naan
jedha" jedhe*.
20 Isa 11:6-9; Hos 1:7; Isa 2:4
21 Isa 54:5-6; Mul 19:7
23-24 1:4; 2:2; 14:4-8; Zak 8:12
25 1:6,9; Rom 9:25; 1Phe 2:10

Hose'aa Fi Haadha Manaa Isaa Ishee Hin Amanamne

3 1 Waaqayyo, "Namoonni Israa'el
gara waaqayyolii kan biraatti yoo
garagalan iyyuu, aarsaa bixxillee ija
waynii isaaniis yoo jaallatan iyyuu,
Waaqayyo akkuma isaan jaallatu, ati
immoo ammas dhaqi, dubartii nama
ishee jaallatu utuu qabduu ejjitu tokko
jaalladhu!" anaan jedhe*. 2 Kanaaf ani
meetii kudha shanii fi garbuu kuntaala
lamaa fi kiiloo digdamaatiin ishee nan
bitadhe. 3 Kana booddee isheedhaan,
"Guyyaa baay'ee calluma jedhii anaaf
taa'i, ejjummaa hin hojjetin, nama
biras hin ga'in! Anis akkasuma utuu si
bira hin ga'in nan taa'a" nan jedhe.
1 1:2; Er 7:17-18

4 Namoonni Israa'el iyyuu mootii,
gurguddoota biyyaa, qalma gubamu,
utubaa dhagaa qullaa'aatti ilaalamu,
uffata lubummaa isa uffatanii Waaqay-
yoon gaafatan, bifa waaqayyolii mi'a
mana keessaas malee guyyaa baay'ee-
dhaaf taa'uuf jiru*. 5 Kana booddees
namoonni Israa'el deebi'anii, Waaqay-
yo isaanii goofticha, Daawitinis mootii
isaanii in barbaaddatu; dhuma bari-
chaattis isaan sodaa guddaadhaan gara
Waaqayyoo, gara wanta gaarii inni
isaaniif godhus in dhufu*.
4 2Sen 15:3
5 Er 30:9; 23:5; His 34:23-24

Hadheeffamuu Israa'el

4 1 Yaa namoota Israa'el,
biyyicha keessa
amanamummaan,
jaalalli, Waaqayyoon beekuun
waan hin jirreef,
Waaqayyo warra biyyicha keessa
jiraatanii wajjin dubbii
qaba,
kanaaf dubbii Waaqayyoo
dhaga'aa*!
2 "Kakatanii haalluun, ajjeesuun,
hatuun, ejjuun,
hunnaan nama irratti ka'uun,
dhiiga dhangalaasuun,
dhiiguma dhangalaasuu itti in
dahala*.
3 Kanaafis lafichi in boo'a,
warri laficha irra jiran
hundinuu,
bineensonni daggalaa fi
simbirroonni qilleensa keessa
balali'an gad in dhumu,
qurxummiin galaanaa iyyuu
fudhatamanii in badu*.
1 2:4
2 7:1; Bau 20:13-16; Er 7:9
3 Er 12:4

Hadheeffamuu Luhootaa

4 "Namni dubbii hin kaasin,
namas hin ifatin!
Ani garuu sii wajjinan dubbii
qaba, yaa lubichaa*!
5 Ati guyyaadhaan in gufatta,
raajichis immoo halkaniin
sii wajjin in gufata;
biyya kee ishee haadha kee
sana nan balleessa.
6 Sabni koo karaa ittiin na beeku
waan dhabeef balleeffame;
ati ana beekuu tuffattee waan
dhiifteef,
anis luba anaaf ta'uu kee
tuffadheen si dhiise;
erga ati seera koo
seera Waaqayyo keetii
irraanfattee,
anis immoo ilmaan kee nan
irraanfadha*.
4 Er 5:4-5
6 Mil 2:8-9; Er 2:8; His 22:26

7 "Hammuma ofii baay'atan
na yakkuu isaaniis in baay'isan;
ani immoo ulfina isaanii
salphinatti nan geddara.
8 Kennaa sabni koo
waa'ee cubbuu isaatiif
dhi'eessu in nyaatu;
sabni akka yakkus
garaa guutuudhaan in hawwu*.
9 Wanti saha sanatti dhufu
hubichattis in dhufa;
kanaaf ani adeemsa isaatiif
isa nan adaha,
hojii isaas mataa isaatti nan
deebisa.
10 Nyaachuu in nyaatu, garuu hin
quufan;
ejja waaqayyolii tolfamoo in
ejju,
garuu galanii ijoollee hin
godhatan;
isaanoo ana Waaqayyoon
dhiisaniiru,
dhimma koos hin qaban.
8 Lew 4:13-21,27-35

Waaqayyolii Tolfamoof Sagaduu Isaanitilf Hadheeffamuu Sabaa

11 "Ejja waaqayyolii tolfamoof
ejjuun,
daadhii waynii isa ba'aa,
isa hin ba'inis dhuguun,
yaada isaan keessaa fudhate.
12 Sabni koo bifa muka irraa
qiinqimame
deebii in gaafata, dhaabanni
isaas
akka isaa akka itti himuuf in
eeggata;
yaadni ejjummaa isaanitti galee
isaan wallaalchise;
Waaqayyo jalaa ba'anii
ejja isaanii duukaa bu'an*.
12 Er 2:27

13 "Isaan bantii tullootaa irratti
qalma in qalu,
gaarota irrattis aarsaa in
dhi'eessu;
kanas gaaddisi isaanii mararaa
waan ta'eef,
muka boomii, qilxuu fi dambii
jalatti in hojjetu;
kanaafis intaloonni keessan in
gaalamootu,
dubartoonni ilmaan keessaniis
in ejju*.
14 Warri dhiiraa ofii isaaniitii
ejjitootaa wajjin
gara tokkotti in goru,
dubartoota galma keessatti
ejjaaf qophaa'anii
taa'anii wajjinis qalma in qalu
erga ta'ee,
isa intaloonni keessan
gaalamootaniif,
isa dubartoonni ilmaan
keessanii ejjaniifis
ani isaan hin adabu;
sabni wallaalaanis in
balleeffama*.
13 Kes 4:2-3; Er 2:20; His 6:13
14 9:1-2; His 16:16; 1Mot 14:24

15 "Yaa Israa'el, ati
ejja akkasiitti yoo gorte iyyuu,
Yihudaan akka kee hin yakkin!
Giilgal iddoo sagadaa hin ga'inaa!
Bet'elitti [ishee 'Bet-Aween'
kana jechuunis
'Mana jal'inaa' jedhamtetti]
ol hin ba'inaa,

'Dhugaa Waaqayyo isa
jiraataa' jettaniis bin
kakatinaa*!
16 Israa'el akkuma goromsa didduu
gara-didaa erga ta'ee,
amma immoo Waaqayyo akka
hoolotaatti
bakkee bal'aa keessa
isa tiksaa ree?
17 Efreem
bidhata waaqayyolii tolfamanii
ta'eera, itti dhiisaa!
18 Gurguddoonni isaa warri
gaachana baatan iyyuu
dhugaatiin isaanii erga dhumee,
ejja isaaniitti in ka'u;
salphina kanas baay'isanii in
jaallatu.
19 Bubbeen akka waan qoochoo itti
mareetti
isaan fuudhee in adeema;
sababii aarsaa isa
waaqayyolii isaaniitiif
dhi'eessaniif in
yeellaasifamu.
*15 *Amo 4:4-5; 5:5*

Of Eeggachiisa Moototaa Fi Gurguddoota Biyyaaf Kenname

5 1 "Isin luboota nana kana
dhaga'aa,
yaa gurguddoota Israa'el,
yaadatti qabadhaa;
warri mana mootichaas
gurra keessan as qabaa!
Firdii eeguun isiniif
kennamee ture,
amma garuu firdiin
isin irratti in raawwatama;
isinoo iddoo 'Miisphaa'
jedhamutti akka futtaasaa,
tulluu Taabor irrattis
akka kiyyoo diriirfamee
taataniittu.
2 Isin sanyii isa Shiixiimitti
hojjettanii
gad fageessitanii bal'ifattaniittu;
ani garuu hunduma keessan
cimsee nan adaba.
3 Ani Efreemin nan beeka,
Israa'elis ana duraa hin dhokanne;
amma immoo yaa Efreem,
ejjuu keetiin garagaggaluu
argisiifteetta,
Israa'elis xuroofteetti*.
4 Garagaggaluun yaada isaanii
keessa waan jiruuf,
Waaqayyoon bin beekan;
hojiin isaanii gara Waaqayyootti
deebi'uu
isaan in dhowwa*.
*3 *4:11-14; 6:10*
*4 *4:12; Er 13:23*

5 "Wanti Israa'el
ittiin of gurguddisu
isumatti dhugaa in ba'a;
Israa'elii fi Efreem
yakka isaaniitiin in gufatu;
Yihudaanis immoo isaanii
wajjin in gufata*.
6 Isaan bushaayee isaanii fi
saawwan isaanii fudhatanii
Waaqayyoon barbaaduuf in
dhufu;
garuu inni waan isaan
jalaa deebi'eef,
isa hin argatan*.
7 Isaan Waaqayyoof
waan hin amanamneef,
ormaaf ijoollee in godhatan;
kanaaf baatii haaraatti isaan
lafa isaanii wajjin xaph in
jedhu.
*5 *7:10,16; Isa 2:11-12*
*6 *Isa 1:11-15; Amo 8:11-12*

Lola Yihudaa Fi Israa'el Gidduutti Ta'u

8 "Egaa fiinoo Giibe'aa keessatti,
fiingees Raamaa keessatti
afuufaa!
Sagalee nama dammaqsu
'Bet-Aween'
[ishee dur 'Bet'el' jedhamtutti]
dhageessisaa!
Beniyaaminin garaa raasaa!
9 Guyyaa adabaatti Efreem onaa in
ta'a;
wanta dhuguma
gosa Israa'el keessatti
ta'us nan labsa.
10 Gurguddoonni Yihudaa
akka warra daarii dhiibanii
ta'aniiru,
kanaaf ani dheekkamsa koo akka
bishaaniitti
isaan irratti nan dhangalaasa*.
11 Efreem wanta waa'ee hin baafne
duukaa bu'uu yaadaa waan
qabuuf,

cunqurfamee dhugaan isaa
badeera.
12 Kanaafis ani Efreemitti
akka madaa malaa kuusee ti,
mana Yihudaattis
akka boccoqaa raammessuu ti.
*10 *Kes 19:14; 27:17*

13 "Efreem dhukkuba isaa,
Yihudaanis madaa isaa
yommuu arge,
yommus Efreem biyya Asor
dhaqe,
mooticha guddaa sanattis in
ergate;
garuu inni isin fayyisuu,
madicbas isin irraa
balleessuu hin dandeenye*.
14 Anoo Efreemitti akka leencaa,
mana Yibudaattis akka
leenca saafelaa nan ta'a;
ani, anumti tatarsaasee nan
adeema,
fuudhees nan sokka,
kan oolcbus hin jiru*.
15 Hamma isaan yakka isaanii of
irratti beekanii
fuula koo barbaaddatanitti,
ani nan adeema,
iddoo koottis nan deebi'a;
yoos isaan rakkina isaanii
keessatti
dammaqanii ana in
barbaaddatu" jedhe*.
*13 *2Mot 15:19-20; Hos 7:11; 8:9; 12:2; 14:3*
*14 *13:7-8*
*15 *Isa 26:16; Er 29:13; Far 78:34*

Geddarannaan Yaada Garaa Inni Hundee Hin Qabne Adabamuu Fiduu Isaa

6 1 Isaan, yommus
"Kottaa gara Waaqayyootti in
deebinaa!
Isatu nu tatarsaase,
isatus nu fayyisa;
2 isatu rukutee nu mammadeesse,
isatus erbee irra buusee
nuuf hidha*.
2 Guyyaa lama booddee deebisee
nu fayyisa,
sadaffaatti ol nu kaasa;
fuula isaa dura in jiraanna*.
3 Egaa kottaa Waaqayyooo in
barraa,
isa beekuudhaafis in
dhamaanaa!
As ba'uun isaa akka ifa barii
lafaa dhaabataa dha;
inni akka bokkaa, akka bokkaa
arfaasaa
isa roobee lafa jiisuutti
nuuf in dhufa" in jedhu.
*1 *5:14*
*2 *Kes 32:39*

4 Waaqayyo garuu, "Yaa Efreem,
ani maal si godhu?
Yaa Yihudaa, si immoo maal
godhu?
Jaalalli kee akka
hurrii ganamaa ti,
akka fixeensa ganamaan
dafee bu'uu tis.
5 Kanaafis ani karaa raajotaa sin
qiqqirixe,
dubbii afaan kootii ba'uunis
sin ajjeese;
wanti na duratti qajeelaa ta'ee
raawwatamu
akka ifaa bakkee in ba'a.
6 Ani jaalala nan barbaada malee,
aarsaa miti;
aarsaa gubamu caalaa immoo
ana Waaqayyoon beekuu
keessan nan barbaada*.
*6 *Isa 1:10-20; Mik 6:8; Mat 9:13; 12:7; 1Sam 15:22; Fak 21:3*

Sabni Waaqayyoo Kakuu Cabsee Jal'ina Hojjechuu Isaa

7 "Isaan garuu iddoo 'Adaamaa'
jedhamutti kakuu cabsan;
achittis anaaf hin amanamne.
8 Giil'aad mandara warra hamaa
hojjetanii
isa faana dha'amee dhiigni
keessatti argamee dha*.
9 Warri saamtuun ripbanii
akkuma nama eeggatan,
luboonnis walitti hidhatanii
karaa Sheekem dhaqu irratti
nama in ajjeesu;
isaan jal'ina akkasii in hojjetan.
10 Namoota Israa'el gidduutti
wanta dhagna namaa suukessu
argeera;
Efreem achitti
ejjummaa isaa in argisiisa;
Israa'elis of in xureessa*.
11 Saba koo warra kana gara gaariitti

yommuun deebisu,
yeroon haamamuu kee immoo
dhaaba in godhata, yaa
Yihudaa!
8 12:12
10 5:3

Jal'inni Biyya Keessatti Hojjetamu Waaqayyo Duratti Yaadatamuu Isaa

7 1 "Yeroo ani Israa'elin
fayyisuu barbaadutti,
yakki Efreem,
jal'inni Samaariyaas in mul'ata;
isaan gowwoomsaadhaan in
hojjetu,
hattuun qotee in lixa,
aatuun immoo bakkeetti in
saama*.
2 Ani hojii isaanii isa jal'aa kana
hundumaa
akkan yaadadhu isaan
garaa isaaniitti iyyuu hin
yaadan;
ammas gochi isaanii isaanitti
naanna'ee fuula koo dura
jira*.
1 4:2
2 Fak 5:22; His 7:3-4

3 "Isaan mooticha jal'ina isaaniitiin,
gurguddootas dubbii isaanii
isa garagaggalaadhaan
in gammachiisu.
4 Isaan hundumti isaanii ejjitoota,
isaan akka eelee
ibidda irratti ho'ifamee,
isa tolchituun yeroo bukoon
sukkuumamee jalqabee
hamma bukaa'utti ibidda itti
tuqachuu dhiisuu ti.
5 Isaan guyyaa ayyaana mootii
keenyaatti
warra gurguddoota daadhii
waynii obaasanii
ho'a itti kaasanii in
dhukkubsachiisan;
mootichis warra ga'iftuu
wajjin walii gale.
6 Jarri akkuma eelee gubaatti
itti in dhi'aatu,
haxxummaan garaa isaaniis
riphee jira;
aariin isaanii halkan guutuu in
seeqa,
ganamas akka arraba ibiddaa in
boba'a.
7 Isaan hundumti isaanii
akka eelee ibidda irraa in gubu,
warra isaan seerratanis in fixu
mootonni isaanii bundinuu
kukkufaniiru,
isaan keessaas tokko illee
ana hin waammanne*.
7 2Mot 15:10,14,25,30

Sabni Israa'el Humna Ormaa Abdatee Diigamuu Isaa

8 "Efreem saba warra kaanii
wajjin wal in maka,
Efreem maxinoo
utuu gara hin galfamin hafee dha;
9 Warri ormaa humna isaa in
nyaatu,
inni immoo isa hin beeku;
harriin mataa isaa keessa
faca'eera,
inni immoo isa hin beeku.
10 Of gurguddisuun saba Israa'el
isaanumatti dhugaa in ba'a,
kana keessaa immoo
gara Waaqayyo gooftaa
isaaniitti hin deebine,
kana hundumaafis
isa hin barbaaddanne*.
11 Efreem akka gugee
ishee wallaaltuu mataa hin
qabnee ti;
warra Gibxii in waammatu,
gara warra Asor immoo in
dhaqu*.
12 Yeroo isaan dhaqanitti
ani kiyyoo koo isaan irratti nan
diriirsa,
akka simbirroo qilleensa keessa
balali'uus
gad isaan nan buusa;
akkuma waldaa isaaniitti
himametti
isaan nan adaba.
10 5:4-5; Isa 9:13; Amo 4:6-11
11 5:13; 8:9; 12:2; 2Mot 17:4; Er 2:18

13 "Isaan ana irraa waan baqataniif
isaaniif wayyoo!
Ana waan yakkaniifis
badiisi isaanitti haa dhufu!
Ani isaan furuufan ture,
isaan garuu soba ana irratti in
dubbatu*.

14 Siree isaanii irratti in wawwaatu
malee,
garaa isaaniitiin anatti hin
iyyatan;
midhaanii fi daadhii wayniitiif
of in murmuru;
ana irraa in garagalu*.
15 Utuma ani isaan gorsee
irree isaanii jabeessuufii,
isaan hamaa ana irratti in
koratu.
16 Isaan gara Waaqayyo tolfamaa
isa waa'ee hin baafneetti in
garagalu;
isaan akka iddaa qajeeltootti
xiyya bin darbannee ti;
sababii dheekkamsa arraba
isaaniitiif
gurguddoonni isaanii
billaadhaan in kufu;
sababii kanaaf warri biyya Gibxii
isaanitti in ga'isu*".
13 Far 81:13-14
14 1Mot 18:28
16 5:5; 9:6; Far 78:57

Israa'el Kakuu Cabsee Seera Irras Waan Daddarbeef Adabamuu Isaa

8 1 Waaqayyo, "Fiinoo afaanitti
kaa'adhu!
Sababii sabni koo kakuu koo
cabsanii
seera kootiinis mormaniif,
wanti akka joobiraa
biyya koo irra in bu'a*.
2 'Nuyi warri Israa'el
Waaqayyo keenya in beekna'
jedhanii gargaarsaaf
gara kootti in iyyu*;
3 haa ta'u iyyuu malee,
Israa'el isa gaarii
tuffatee waan dhiiseef,
diinni isa in ari'ata.
4 Isaan mootii moosifataniiru,
ani garuu keessa hin jiru;
gurguddoota biyyaas in kaafatan,
ani garuu hin beekneef;
lafa irraa balleeffamuufis
meetii isaanii fi
warqee isaanii irraa
waaqayyolii tolfamoo
hojjetatan*.
1 Isa 58:1; Kes 28:49
2 6:1-3
4 7:7; 2:10; 13:2

5 "Yaa warra Samaariyaa,
dibicha isin tolfattanii
itti sagaddan tuffadhee nan gate;
dheekkamsi koo warra kana
godhan irratti in boba'e;
isaan hamma yoomiitti yakka
malee taa'uu dadhabu ree?
6 Dibicha Israa'el keessatti
hojjetame kana
namuma barka tolu tokkotu
tolche malee,
dibichi sun Waaqayyo miti;
dibichi warra Samaariyaa in
burraa'a*.
7 Isaanoo akka nama qilleensa
facaasuu
wanta hundee hin qabne in
facaasu;
akka nama bubbee haamuuttis
wanta guddaa sodaachisu in
galfatu;
midhaan maasii keessaa mataa
hin qabu
ijaas hin godhatu;
tarii ija yoo godhate iyyuu
ormatu nyaata*.
5-6 Bau 32:20; 1Mot 12:28,32; 2Mot 17:16; Hos 10:5; 13:2; Isa 44:9-20
7 10:13; Iyo 4:8; Gal 6:7; Er 12:13

8 "Warri Israa'el in miliqfaman,
amma immoo saba lafa
irraa keessatti
akka qodaa namatti hin tolle
in ta'an*.
9 Harreen diidaa illee kophaatti in
jiraata,
isaan garuu warra Asorii wajjin
walii galuudhaaf ol ba'an;
namoonni Efreemis
kennaadhaan,
namoonni ejjummaaf
akka isaan jaallatan godhan*.
10 Isaan saba lafa irraa keessaa
kennaadhaan
warra isaanii wajjin walii galan
yoo argatan iyyuu,
ani amma qabaa koo jala
isaan nan galcba;
egaa isaan yeroo gabaabaatti
ba'aa mootii gurguddoota Asor
jalaa in wiriiqqatu.
8 Er 22:28
9 5:13

11 "Efreem iddoo aarsaa baay'ise;
iddoowwan aarsaa sun immoo
sababii cubbuu isatti ta'an.

12 Seera koo hammam baay'isee
caaffataan yoon isaaf kenne iyyuu,
akka kan ormaatti in lakkaa'ama.
13 Isaan aarsaa in jaallatu,
foon aarsaadhaaf in dhi'eessu,
isa irraas in nyaatu;
ani Waaqayyo garuu isaanitti hin gammanne;
ani amma irra-deddarbaa isaanii nan yaadadha,
cubbuu isaaniifis isaan nan adaba;
isaan immoo gara biyya Gibxiitti in deebi'u*.
14 Warri Israa'el uumaa isaanii irraanfataniiru,
mana gurguddaa ijaarrataniiru;
warri Yihudaas
mandaroota marsaa cimaa qaban in baay'isan,
ani garuu mandaroota isaanii irratti
ibidda nan erga,
innis mana isaanii warra jajjaboo in fixa" jedhe*.

**13 Isa 1:11; Kes 28:68; Hos 9:6; Bau 20:2*
**14 Kes 32:15; Isa 1:2; Er 2:32; 17:27; Amo 2:5*

Gadda Saha Israa'el Irratti Duhhatame

9 1 Yaa Israa'el, ati ejjuu keetiin Waaqayyo kee irraa waan garagalteef,
midhaan oobdii hundumaa irratti argattus
"Gatii gaalamootummaa kootii ti" jettee
fudhachuu waan jaallatteef hin gammadin,
akka saba warra kaaniittis hin ililchin*!
2 Oobdii midhaanii keessatti midhaan,
iddoo waynii itti cuunfan keessatti wayniin
namootaaf hin argamu;
daadhiin waynii haaraas isaan in dida*.
3 Isaan biyya Waaqayyo isaaniif kenne
keessatti hin hafan;
Efreem gara biyya Gibxiitti in deebi'a,
biyya Asorittis nyaata xuraa'aa nyaachuuf jira*.
4 Isaan dhibaayyuu daadhii waynii Waaqayyoof hin dhibaafatan,
qalma guhamus
isaaf hin qopheessan;
buddeenni isaanii akka buddeena warra gaddaa isaanitti in ta'a;
buddeenni isaanii mataa isaanii duwwaadhaaf
waan ta'eef,
gara mana Waaqayyoo hin dhufu;
warri isa nyaatan hundinuus in xureeffamu.

**1 1:2; 4:13-14*
**2 2:7,11*
**3 8:13; His 4:13; Dan 1:8*

5 Guyyaa ayyaana beekameetti,
guyyaa ayyaanaa isa kan Waaqayyootti
maal gochuuf jirtu*?
6 Isaanoo yommus badiisa duraa in adeemu;
biyyi Gibxii walitti isaan in guurti,
mandarri Memfiis awwaala isaanii in taati,
mi'a meetii isaanii warra gati-jabeeyyii
aramaan irra garagala,
godoo isaanii keessattis qoraattiin in biqila*.

**5 Bau 23:14-17*
**6 10:8*

7 Guyyoonni adabaa ga'aniiru,
guyyoonni itti gatii ofii argatanis ga'aniiru;
warri Israa'el kana beekuuf jiru;
yakki keessan guddaa waan ta'eef,
diinummaan keessanis waan baay'ateef,
"Raajichi qalbii dhabeera,
namichi bafuuraan dubbatus maraateera" jettaniittu*.
8 Namoonni Efreem
balbaluma godoo isaanii duratti raajicha in gaadu;
kiyyoon warra simbira qabduu karaa isaa hundumaa dura,
diinummaanis mana Waaqayyo isaa keessa jira*.
9 Akkuma isa bara
mandara Giibe'aatti ta'e,

isaanis amala ofii isaanii mancaasaniiru;
Waaqayyo yakka isaanii in yaadata, cubbuu isaaniis itti in ilaala*.

**7 Luq 21:22; Mar 3:21-22*
**8 Er 11:21-22*
**9 10:9; Abo 19:20-30; 20:13*

Wanta Sababii Cubbuuf Israa'elitti Dhufe

10 Waaqayyo "Akka nama lafa duwwaa keessatti
ija waynii argateetti,
ani Israa'elin nan argadhe;
abboota keessanis
akka ija mukti harbuu jalqaba godhate,
isa dura bilchaateetti nan ilaale;
isaan garuu gara Ba'aal
isa Phe'or dhufan,
Waaqayyo tolfamaa isa yeellaasisaa kanaaf
addaan of baasan;
akkuma isa jaallatan sanaas
ciiggaasisoo ta'an*.
11 Ulfinni Efreem
akka simbirroo
duraa balali'ee in sokka,
mucaa godhachuun, waa garaatti hafuun,
ulfaa'uunis hin jiru.
12 Isaan ijoollee yoo guddifatan iyyuu,
tokko illee utuu hin hafin
isaan nan dhabsiisa;
yeroo ani isaan irraa gargar ba'utti isaaniif wayyoo!
13 Akkuman arge
Efreem akka muka meexxii
iddoo lalisaa keessa dhaabatuu ture;
amma garuu ilmaan isaa
warra qalutti geessuun irra jira" jedhe.
14 Yaa Waaqayyo, ati isaaniif kenni! Garuu maal kennitaaf laata? Gadameessa ulfi irraa ba'u, harma gogaas isaaniif kenni!

**10 Lak 25:1-5; Kes 32:10*

Firdii Israa'el Irra Ga'u

15 Waaqayyo,
"Jal'inni isaanii bundinuu
Giilgalitti argame,
ani achitti isaan jibbuutti nan ka'e;
ani sababii hojii isaanii isa jal'aadhaaf
mana koo keessaa oofee isaan nan baasa;
ani deebi'ee isaan hin jaalladhu,
gurguddoonni isaanii hundinuu mormituu dha.
16 Ijoolleen Efreem rukutamaniiru,
isaan akka muka hiddi isaa gogee ta'aniiru;
isaan sanyii hin godhatan,
utuu isaan ijoollee godhatanii iyyuu,
ani ijoollee isaanii warra jaalallee garaa isaanii
isaan duraa nan ajjeesa" jedhe.
17 Sababii isaan gara Waaqayyo koo dhaggeeffachuu didaniif,
inni isaan in gata;
isaanis saba warra kaan keessa in jooru*.

**17 Uma 4:14*

Wanli Israa'el Waaqayyolii Tolfamoodhaaf Hojjete Balleeffamnu Isaa

10 1 Warri Israa'elis akka muka waynii
of jaallatee ija baay'ee naqatuu ti;
hammuma iji hojii isaanii baay'ate
iddoo aarsaas in baay'isan;
akkuma biyya isaaniitti fooyya'e,
utuhoota dhagaa
warra qulqullaa'ootti ilaalaman in fofooyyeessan*.
2 Garaan isaanii walaallammii dha,
amma isa yakkaniif
adaba fudhachuun isaaniif in ta'a;
Waaqayyo iddoo aarsaa isaanii in caccabsa,
utuhoota dhagaa isaan dhaabbatanis in balleessa.
3 Amma isaan, "Nuyi sababii Waaqayyoon bin sodaanneef
mootii dhabne;
silaas immoo mootichi maal nuuf gochuu danda'a ree?" in jedhu.
4 Isaan afaanumaaf dubhatu,
sobanii in kakatu,
kakaadhaanis walii galu;

firdiin isaan kennanis
akkuma aramaa hadhaa of keessaa qabuu
isa bo'oo qotiisaa irratti biqiluu ti.
**1 Er 2:21; Hos 8:11; Lew 26:1*

5 Warri mandara Samaariyaa jiraatan
dibicha Bet-Aweeniif in sodaatu,
namoonni ishees isaaf in boo'u;
ulfinni Waaqayyo tolfamaa sanaa
waan duraa fudhatameef,
luboonni isaa isaaf in wawwaatu*.
6 Dibichichi mooticha guddaa sanaaf
galchii ta'ee
biyya Asoritti in geeffama;
yeelloon Efreem irra in ga'a,
Israa'elis mareen
inni dur mari'ate
waan kufeef in yeella'a*.
7 Samaariyaan in balleeffama,
mootiin ishees akka felleencoo bishaan gubbaa bu'ee in ta'a.
8 Iddoowwan ol jedhoon
warri Bet-Aween irratti sagadan,
Israa'elitti cubbuu waan ta'aniif in diigamu;
iddoo aarsaa isaanii irrattis arangamaa fi
baalaanwaraanteen in biqilu;
yommus namoonni
tullootaan, "Nu awwaalaa!"
gaarotaanis, "Nu irratti jigaa!" in jedhu*.
**5 4:15; 8:5-6*
**6 5:13*
**8 9:6; 2Mot 23:15-16; Luq 23:30; Mul 6:16*

Balleessaa Israa'el Irratti Firdiin Dhufuu Isaa

9 Waaqayyo, "Yaa namoota Israa'el,
erga bara mandara Giibe'aatti cubbuu hojjettanii
amma iyyuu cubbuutti qabamtanii jirtu;
egaa lolli warra jal'aa hojjetanitti dhufu,
isinis immoo Giibe'aatti hin argatuu ree*?
10 Ani fedha kootiin isin nan adaba;
isa gar lamaan yakkitaniif
yeroo adabamtanitti
sabni lafa irraa isin irratti
akka sassaabaman nan godha*.
**9 9:9; 5:8*
**10 Er 2:13*

11 "Efreem akka dibicha
leejjifamuu danda'uutti,
midhaan siribsiisuu in jaallata;
ani immoo gara saggoo isaa
isa miidhagaatti darbee,
Efreemin nan camada;
Yihudaan akka qotiyyootti haa qotu,
Yaaqoobis akka qotiyyootti bo'oo haa baasu.
12 Qajeelummaadhaan facaafadhaa,
ija gaarummaan kennus galfadhaa!
Maasii haaraa baafadhaa!
Yeroon kun yeroo isin
gara Waaqayyootti gortanii,
hamma inni dhufee qajeelummaa
isiniif dhangalaasutti
eeggattanii dha.

13 "Isin garuu yeroo qottan
jal'ina dhaabdanii,
wanta jal'aa in galfattan;
ija sobaas in nyaattan*.
Ati konkolaataa kee
isa duulaaf qopheeffatte
baay'ina jagnoota keetiis amanatteetta;
14 Kanaafis lolli saba kee irratti in ka'a;
akkuma yommuu Shalmaan mootichi
guyyaa lolaa sanatti
mandara Bet-Arbel balleessee
baati ijoollee ishee irratti caccabsamte
akkasuma marsaan kee
hundinuu in balleeffama.
15 Guddinni jal'ina keessanii
inni Bet'elitti hojjetamu
wanta akkasii isin irratti in fida,
mootiin Israa'elis
ganama bariidhaan in barbadeeffama.
**13 8:7; Iyo 4:8*

Israa'el Utuma Diduu Waaqayyo Obsee Jaallachuu Isaa

11 1 "Israa'el ijoollee yeroo turetti
ani isa nan jaalladhe,
biyya Gibxii keessaas
ilma koo nan waame*.
2 Hammuma ani isaan waame immoo
isaan caalchisanii
ana irraa in fagaatan;
isaan Ba'aaliif aarsaa dhi'eessuu,
bifa fakkeenyaafis ixaana aarsuu ittuma in fufan*.
**1 Bau 4:22; Kes 7:8; Isa 63:16; Mat 2:15*
**2 2:15; 4:13*

3 "Ani illee sanyii Efreem daaddisuu nan barsiise,
kaasuuttis ol isaan nan fuudhe,
isaan garuu kan isaan fayyisu ana akka ta'e hin beekne*.
4 Ani lookoo gara-laafinaatiin hidhaa jaalalaatiin isaan nan harkise;
akka isa waanjoo boquu isaanii irraa
itti laafisees isaaniif nan ta'e,
gara isaaniittis gad jedhee isaan nan nyaachise.
**3 Kes 1:31; 2:10; 13:6*

5 "Isaan gara kootti deebi'uu waan didaniif,
gara biyya Gibxiitti deebi'uuf jiru,
warri Asoris isaan irratti in mo'u.
6 Billaan mandaroota isaanii keessatti
gad isaan in cira,
danqaraa karra dallaa isaaniis in kukkuta,
namoota isaanii warra koratanis in fixa.

Jaalalli Waaqayyoo Dheekkamsa Isaa Caalaa Jabaachuu Isaa

7 "Sabni koo ana irraa garagaluutti liqimfamanii jiru,
yoo ol isaan waamanis,
isaan takkaa iyyuu ol hin ka'an.

8 "Yaa Efreem,
attamittan kan biraatti si kennuu danda'a ree?
Yaa Israa'el, ani attamitti garaa kutadhee si dhiisu ree?
Ani attamittan akka mandara Aadimaa dabarsee si kennuu danda'a ree?
Yookiis attamittan akka mandara Zebo'iim si gochuu danda'a ree?
Kana gochuuf garaan koo hin dandeenye,
oo'i koos ittuma caale*.
9 Ani dheekkamsa koo isa boba'aa gad hin dhiisu,
deebi'ee Efreemin hin balleessu;
ani Waaqayyoo dha malee, nama miti;
ani isa qulqulluu si gidduu jiruu dha,
ani ija aariitiin hin dhufu*.
**8 Er 31:20; Isa 54:8; Kes 29:22-23*
**9 Faru 3:31-36*

10 "Isaan ana Waaqayyo duukaa in bu'u,
ani sagalee koo
isa akka leencaa aadu nan dhageessisa,
eyyee, ani sagalee koo nan dhageessisa!
Ilmaan koos hollataa
gara lixa-biiftuutii in dhufu*,
11 wareeranii akka simbirrootaatti
biyya Gibxiitii,
akka gugeettis biyya Asorii in dhufu,
ani immoo mana isaaniitti isaan nan deebisa;
kana ana Waaqayyotu dubbate*.
**10 Er 25:30*
**11 Isa 11:11-12*

12 "Efreem sobaan,
manni Israa'elis gowwoomsaadhaan na marsaniiru;
Yihudaan immoo ana Waaqayyo irratti
ka'ee asii fi acbi in naanna'a,
warra ofii qulqulluutti Jakkaa'ateef immoo amanamaa dha.

Israa'elii Fi Yihudaan Waaqayyoof Amanamuu Dhabuu Isaanii

12 1"Efreem qilleensaa wajjin in oola,
guyyaa guutuus qilleensa
gara ba'a-biiftuu duukaa in fiiga;
soba, humnaan nama irratti
ka'uus in baay'isa;
biyya Asorii wajjin walii galee,
biyya Gibxiittis dhadhaa
ejersaa in geessa" jedhe*.
1 5:13; 7:11

2 Waaqayyo gooftaan,
warra Yihudaa wajjin dubbii qaba,
adeemsa isaatiif Yaaqoobitti in ilaala,
akka hojii isaattis isaaf in deebisa.
3 Yaaqoob garaa haadha isaatii keessatti iyyuu
booddeetti akka hin hafneef,
koomee obboleessa isaa in qabate,
yeroo nama ga'aa ta'es
Waaqayyotti marmee
gad dhiisuu dide*.
4 Ergamaa Waaqayyoo ofitti qabee gad dhiisuu dide, in danda'es;
ergasii immoo boo'ee
akka inni faara toluuf in kadhate;
Waaqayyo Bet'elitti itti mul'ate,
achittis isatti dubbate*.
5 Inni Waaqayyo gooftaa maccaa ti;
Waaqayyo isa yaadatamuun ta'uufii dha*.
3 Uma 25:26; 27:35-36; 32:25-29
4 Uma 35:15; 28:10-19
5 Far 83:18

6 Ati immoo amma
gocha Waaqayyo keetiin in deebita;
cgaa jaalalatti,
wanta dhugaa ta'ettis
qabamii jiraadhu!
Yeroo hundumaas Waaqayyo
kee abdiidhaan eeggadhu*!

7 Ati immoo naggaadee madaalii sobaa
harkatti baatuu dha,
nama gowwoomsuus in jaallatta*.

6 Mik 6:8
7 Amo 8:5

8 Kana irratti Efreem,
"Ani dhuguma sooromeera,
geessifadheeras;
wanta ani argadhe hundumaa
keessatti immoo yakki cubbuudhaaf
natti muramu
hin argamu" jedhe*.

9 Kanaaf Waaqayyo,
"Ani Waaqayyo gooftaan kee
biyya Gibxiitii kanan si baase,
akkuma bara durii
dhaabaan wal argaa turre sanatti,
ammas deebisee
godoowwan keessa sin jiraachisa*.
8 Mul 3:17
9 13:4; Bau 20:2; Lew 23:42-43

10 "Ani raajotatti dubbadheera,
ani mul'ata baay'ee
akka argan nan godhe;
karaa isaaniis fakkeenyaan nan dubbadhe" jedhe*.
11 Hammiuni mandara Giil'aad keessa jira,
namoonni achitti argamanis
kan waa'ee hin baafne in ta'u;
Giilgalitti korommii
aarsaadhaaf in dhi'eessu,
iddoowwan aarsaa isaanii immoo
akka tuullaa dhagaa isa bo'oo qotiisaa
keessa tuulamee in ta'u*.
10 6:5
11 6:8; 9:15

12 Yaaqoob biyya Aaramitti baqate,
Isra'el haadha manaa argachuudhaaf
namaaf hojjete,
niitii fuudhuufis boolota tikse*.
13 Waaqayyo garuu harka raajiitiin
warra Isra'el
biyya Gibxiitii ol baase;
barka raajiitiin
akka eegamanis in godhe*.
14 Efreem tuttuqee gooftaa isaa
gar-malee waan aarseef,
inni immoo yakki isaa inni
du'aan ga'u

isuma irratti akka bafu in godha,
arrabsoo isaas mataa isaatti in deebisa.
12 Uma 27:43; 28:5; 29:20
13 Bau 3:10; Kes 34:10-12

Firdii Gara Dhumaatti Biyya Israa'el Irra Ga'u

13 1Yeroo sanyiin Efreem dubbate,
namoonni in hollatan;
inni Isra'el keessatti
ol kaafamee ture;
garuu karaa Ba'aal
waaqayyolii tolfamanii
yakka of irratti fidee, in du'e*.
2 Ammas ittuma daddabalanii
cubbuu in bojjetu;
meetii isaanii irraa bifa baqfamaa
ofii isaaniif in tolfatu;
waaqayyolii tolfamoo
miidhagsanii in bojjetu;
kun hundumtuu
hojii warra harka tolanii ti;
"Isaan kanaaf aarsaa dhi'eessaa!" in jedhu;
namoonni bifa jibootaa in dhungatu*!
3 Kanaafis isaan akka hurrii ganamaa,
akka fixeensa ganamaan
dafee bu'uu ti;
akka babaqii oobdii keessaa
qilleensi fudhatuu,
akka aara karaa qaawwaa ba'uus in ta'u*.
1 Lak 25:1-5
2 8:4.5-6; Isa 44:10
3 6:4; Far 1:4

4 Waaqayyo, "Ani Waaqayyo gooftaa kee
isa biyya Gibxiitii si baasee dha;
ati ana malee
Waaqayyo kan biraa hin beektu,
ana irraa kan hafes fayyisaan
kan biraa hin jiru*.
5 Ani lafa onaa keessatti,
biyya gubaa boba'aa sanatti si eegeera.
6 Akka biyya quufaatti
isaan yeroo nyaatanitti in quufan,
quufaniis yaada isaaniitti
ol of qabuun itti dhaga'ame;
kanaafis ana in irraanfatan*.
4 12:10; Bau 20:2-3; Isa 45:21
5-6 Kes 8:11-20; 32:10-15

7 "Ammas ani akka leencaa isaanitti nan ta'a,
akka qeerransa riphee karaa bukkee ciisuuttis isaan nan eeggadha*;
8 akka amaaketa dhaltuu ilmaan ishee jalaa butataniitti
ani isaan irrattan lafa dha'a;
qoma isaanii cabsee
onnee isaanlis nan tarsaasa;
achittis saroonni isaan in nyaatu,
bineensi caakkaas isaan in babbaqaqsa.
9 Yaa Isra'el,
ana isa si gargaaruun mormuu keetiin,
ati badiisa of irratti fiddeetta*.
10 Ati, 'Mootii, gurguddootas nuuf kenni' jettee turte;
mootiin kee mandaroota kee hundumaa keessatti
akka si oolchuuf amma eessa jira ree?
Warri biyya seerratanis eessa jiru ree*?
11 Ani aariidhaan mootii siif kenneera,
dheekkamsaanis achii isa fuudheera*.
7 5:14
9 Er 2:17
10 1Sam 8:5-6
11 10:3,15; 7:7

12 "Yakki Efreem walitti hidhamee jira,
cubbuun isaas iddoo tokko kaa'ameera;
13 Akka dubartii da'uuf jettuu ciniinsuun isa irra ga'e;
inni immoo ilma ogeessa miti;
yeroo ta'utti gadameessa keessaa
as hin mul'anne.
14 Ani qabaa iddoo lafa jalaa keessaa
isaan gad dhiisisuu ree?
Du'a jalaas isaan furuu ree?
Yaa du'aa, dha'ichi kee meerre ree?
Yaa iddoo lafa jalaa,
ilkeen kee meerre ree?

Oo'a argisiisuun
ija koo duraa fagaateera*.
15 Efreem obboloota gidduutti
ija yoo godhate iyyuu,
qilleensi ba'a-biiftuu,
qilleensi Waaqayyo biraa
abboomame,
lafa duwwaadhaa ka'ee
dhufuuf jira;
boolli bishaanii isaa akka gogu,
burqituun isaas akka gu'u in
godha;
wanta gati-jabeessa kaa'ame
hundumaas fudhatee in sokka.
14 1Qor 15:55

16 "Samaariyaan Waaqayyo ishee
irratti waan kaateef,
yakka isheef adaba fudhachuun
in ta'aaf;
namoonni isbee billaadhaan in
kukkufu,
mucooliin isaanii humnaan
daddarbatamanii in cabu;
dubartoonni isaanii warri ulfis
garaan isaanii in tatarsaafama"
jedhe*.
16 2Mot 17:5-6; 15:16

Warrl Israa'el Gara Waaqayyootti Akka Deebi'anilf Waamuu Isaa

14 1 Yakka keessaniin gufattanii
waan kuftaniif,
gara Waaqayyo gooftaa
keessaniitti deebi'aa,
yaa warra Israa'el*!
2 Wanta jechuuf jettan kana
fudhadhaatii,
gara Waaqayyootti deebi'aa!
"Yakka keenya guutummaatti nu
irraa fuudhi,
gaariitti nu simadhu!
Galata afaan keenyaas
akka qalma jibootaatti
aarsaa siif in dhi'eessina*.
3 Asor nu oolchuu hin danda'u,
lolaa fi farda hin fe'annu;
deebinees wanta barki keenya
tolcbeen
'Waaqayyolii keenya' bin
jennu;
ati isa ijoolleen
abbaan irra hin jirre
biraa oo'a argatuu dha"
ittiin jedhaa*!

1 Zak 1:4
2 6:6; 8:13; Ibr 13:15
3 5:13; 8:5-6

Waaqayyo Jlreenya Gaarlitti Akka Isaan Deebisu Abdachiisuu Isaa

4 Waaqayyo, "Ana irraa garagaluu
isa dhukkuba itti ta'e irraa
isaan nan fayyisa;
aariin koo isaan irraa waan
deebi'eef,
fedha garaa kootiin isaan nan
jaalladha;
5 Warra Israa'eliif
akka tiifuu bokkaa nan ta'a,
isaanis akka daraaraa in
daraaru,
akka mukkeetii Liibaanon
hidda isaanii in yaafatu;
6 latni isaaniis in diriira,
miidhagummaan isaanii
akka muka ejersaa,
fooliin isaaniis
akka muka Liibaanon in ta'a;
7 deebi'anii gaaddisa koo jala in
jiraatu;
midhaan in qotatu,
akka muka waynii isa tolee
ija godhatuu in ta'u;
akka daadhii waynii biyya
Liibaanon maqaa in
godhatu.
8 Egaa sanyiin Efreem
waaqayyolii tolfaman biraa
maal qaba?
Anatu isaaniif dhaga'a,
anatu dhimmee isaan ilaala;
ani akka muka
yeroo hundumaa lalisuu ti,
ija godhachuu kan si
daudeessisu
ana biraa siif in argama"
in jedha.

Xumura Dubbii Isaa

9 Egaa ogeessi eenyu ree?
Innoo kana in bubata!
Hubataan immoo eenyu ree?
Inni kana beekuu bira in ga'a!
Karaan Waaqayyoo bundinuu
sirrii dha,
warri qajeelonni
isa irra in adeemu,
warri morman garuu
isa irratti gufatanii in kufu*.
9 Far 1:1-6

Macaafa Yo'el Raajichaa

Hawaannisl Biyya Akka Balleesse Himuu Isaa

1 1 Dubbiin Waaqayyoo inni gara
Yo'el ilma Pbetu'el dhufe kanatti
fufee kan jiruu dha.
2 Isin maanguddoota nana kana
dhaga'aa!
Sabni biyya kana keessa
jiraattan
hundinuus mee dhaggeeffadhaa!
Wanti akkasii kun bara
isin jiraattan keessatti,
bara abboonni keessan jiraatan
keessattis
takkaa ta'ee beekaa ree?
3 Waa'ee kanaa ijoollee keessanitti
bimaa!
Ijoolleen keessanis
ijoollee isaaniitti baa himan!
Ijoolleen isaaniis
dhaloota dhufutti haa biman!

4 Isa gurmuu hawaannisaa
isa duraa irraa bafe,
gurmuu bawaannisaa
isa lammaffaatu nyaate;
isa gurmuu hawaannisaa
isa lammaffaa irraa hafe,
ilmaan bawaannisaatu nyaate;
isa ilmaan hawaannisaa irraa
hafe immoo
geerii hawaannisaatu nyaate*.
4 2:25; Amo 4:9; 7:1-2; Bau 10:12-15; Kes 28:38

5 Isin warri machooftuun
dammaqaatii boo'aa!
Daadhiin waynii isin irraa
waan citeef,
isin warri daadhii waynii
dhugdan hundinuu,
cuunfaa wayniitiif boo'aa!
6 Sabni jabaanii fi lakkoobsi isaa
dbuma hin qabne
biyya koo irratti dhufeera;
ilkaan isaa akka ilkaan leencaa ti,
qarriffaan isaas akka qarriffaa
leenca dhalaa ti*;
7 inni dhaabaa waynii koo in onse,
muka harbuu koos gad in cire;
qola isaanii irraa quncisee gate,
dameen isaaniis addaatee hafe;
6 2:2; Mul 9:8

8 akka misirroo uffata gaddaa
uffattee,
dhirsa qaree isbeetiif
gaddituutti, gaddaa!
9 Kennaan nyaataa fi dhugaatii
mana Waaqayyoo irraa in cite,
kanaaf luboonni warri
Waaqayyo gooftaadhaaf
hojjetan
gaddanii in boo'u*.
10 Maasiin in one,
midhaan waan badeef
lafti in gadde;
mukti waynii inni baaraan in
goge,
dhadhaan ejersaas bin jiru.
9 2:14

11 Isin warri qottuun abdii kutadhaa!
Warri waynii dhaabdanii
guddiftanis gaddaa!
Wanti laficha irraa galfamu
waan badeef,
qamadiidhaaf, garbuudhaafis
gaddaa*!
12 Mukti waynii in goga,
mukti harbuus in coollaga;
mukti rumaanii, mukti meexxii,
mukti hudbaa fi
mukkeetiin maasii keessaa
hundinuu in gogu;
gammachuun ilmaan
namootaas in bada.
11 Er 14:4

Gara Yaada Garaa Geddarannaattl Waamamuu Isaaoli

13 Yaa lubootaa!
Uffata gaddaa uffadhaa,
boo'aas!
Kennaan midhaanii fi kennaan
dbugaatii,
mana Waaqayyo keessanii irraa
waan ittifameef,
isin warri iddoo aarsaatii
hojjettan,
bojjetoonni Waaqayyo kootii
mana qulqullummaatti ol galaa!
Uffata gaddaa uffadhaatii
balkan guutuu gaddaa bulaa!
14 Soomii qulqulluu labsaa!
Walga'ii qulqullaa'aas waamaa!
Jaarsoliidhaa fi warra

biyyicha keessa jiraatan
hundumaa,
mana Waaqayyo gooftaa
keessaniitti
walitti qabaa!
Gara Waaqayyoottis iyyaa*!
15 Wayyoo! Guyyaan Waaqayyoo
dhi'aateera!
Maal guyyaan sodaachisaan
akkasii!
Inni isa hundumaa danda'u biraa
akka balleessiitti in dhufa*.
14 2:15; Isa 58:5
15 2:1,11; Isa 13:6; Amo 5:18-20

16 Utuma nuyi ilaalluu
nyaati akkuma dhibe,
akkasuma gammachuunii fi
ililleen
mana Waaqayyo keenyaatii
dhibeera mitii ree*?
17 Sanyiin kaboota jalatti tortoree,
midhaan waan badeef,
gombisaan in one,
gumbiin in caccabe.
18 Saawwan waan dheedan waan
dhabaniif, in mar'atu!
Bushaayeen in joonja'u;
hoolonni karri baay'eenis in
dhiphatu*.
16 Kes 16:11; Far 118:24
17-18 Sef 1:10-11; Er 3:3; 14:5-6; 1Mot 17:1-16; 18:1-6

19 Yaa Waaqayyo! Ibiddi
iddoo dheedumsa horii waan
fixeef,
arrabni ibiddaas muka bakkee
keessaa waan gubeef,
ani gara keetti nan iyya;
20 burqaan bishaanii waan gogeef,
ibiddis iddoo dheedumsa horii
waan fixeef,
bineensonni caakkaa illee
gara keetti in iyyu*.
19-20 Amo 7:4; Far 104:27-28; 1Mot 17:1-16; 18:1-6

Guyyaan Waaqayyoo Inni Sodaachisaan Akka Dbi'aate Fakkeenyaan Hlmuu Isaa

2 1 Xiyoon gaara koo isa qulqulluu
irratti fiinoo afuufaa,
sagalee nama dammaqsu
dhageessisaa!
Guyyaan Waaqayyoo waan
dhufuuf,
ammuma iyyuu waan
dhi'aateef,
warri biyyicha keessa jiraatan
hundinuu haa hollatan*!
2 Guyyichi guyyaa dukkanaa fi
guyyaa ifa hin qabnee dha,
guyyaa duumessaa fi
guyyaa dukkana limixii ti;
inni akka boruu tulloota irra
darbee
bal'achaa adeemuu ti;
sabni baay'eenii fi jabaan
kan akka isaa dur kan hin turin,
si'achis kan akkasii
kan hin argamne in dhufa*.
1 1:15
2 1:6

3 Fuula isaanii duraa arrabni
ibiddaa
gubaa in adeema;
isaan booddeedhaanis
ibiddi waxalaan gubaa in
adeema;
biyyi fuula isaanii duraa
iddoo dhaabbaa Eden fakkaata,
biyyi isaan booddee immoo
lafa onaa barbadaa'aa fakkaata;
kan isaan jalaa ba'us
tokko illee hin jiru*.
4 Isaan farda fakkaatu,
akka farda lolaas in kaatu;
5 isaan akka konkolaataa fiiguutti,
akka ibidda yommuu
qarmii gubu xaaxa'uutti,
akka loltoota jajjaboo
lolaaf of qopheessaniitti,
sagalee isaanii dhageessisaa,
fiixee tullootaa irra in
quruphisu*.
6 Sabni lafa irraa
yommuu isaan argan in rom'u,
namoonni hundinuus na'anii
fuula in badu;
7 isaan akka namoota jajjabootti in
fiigu,
akka loltootaattis
masaraa in yaabu;
hundumti isaaniis karaa isaanii
irraa utuu hin jal'atin,
tarreetti in yaa'u.
8 Tokkon tokkon isaanii
karaadhuma isaanii irra
adeemu malee,
inni tokko isa kaanitti hin bu'u;

tarree isaanii utuu wal irraa bin
kutin,
humnaan cabsatanii
waraana gidduu in darbu;
9 fiiganii mandarattii irra in ba'u,
masaraa irra in fiigu,
manneetii in yaabbatu,
akka hattuus qaawwa manaatiin
ol in lixu*.
3 1:19; Amo 7:4
4-5 Mul 9:7-9
9 Bau 10:4-6

10 Lafti isaan ga'an
fuula isaanii duraa in rom'iti,
waaqnis in socho'a;
aduunii fi jiini in dukkanaa'u,
urjoonnis ifa hin kennan*.
11 Waaqayyo fuula macca isaa
duratti
sagalee isaa in dhageessisa;
humni waraanaa isaa sonaan
baay'ee dha;
warri isaaf abboomamanis
jajjaboo dha;
guyyaan Waaqayyoo guddaa
dha, sodaacbisaa dhas;
eenyutu fuula isaa dura
dhaabacbuu danda'a ree*?
10 2:31-32; Mul 6:12; 8:12; Isa 13:10; Amo 8:9; Mat 24:29
11 Far 29:3-9; Isa 10:5-6; His 38:4; Mul 6:17

Gara Yaada Garaa Geddarannaatti Waamamuu Isaanii

12 Waaqayyo garuu,
"Ammuma iyyuu garaa
keessan guutuudhaan,
soomuudhaan, boo'icbaan,
gadduudhaanis
gara kootti deebi'aa!" jedha.
13 Egaa garaa keessan tarsaasaa
malee,
uffata keessan hin tarsaasinaa!
Gara Waaqayyo gooftaa
keessaniitti deebi'aa!
Inni araara-qabeessaa fi
oo'a-qabeessa waan ta'eef,
dheekkamsatti hin ariifatu,
gaarummaan isaas baay'ee dha,
wanta hamaa namatti erguu
irraas of in qusata*.
14 Maaltu beeka,
tarii Waaqayyo gooftaan
keessan
isa yaade in dhiisa, in oo'as;
kennaa midhaanii fi kennaa
dhugaatii
akka isaaf dhi'eessuu
dandeessanitti,
isin in eebbisa ta'a*!
13 1Mot 21:27; 2Mot 19:1; Iz 9:3; Er 41:5; Bau 34:6
14 1:9-10; Amo 5:15; Yon 3:9; Sef 2:3

15 Xiyoon keessatti fiinoo afuufaa,
soomii qulqullaa'aa labsaa!
Walga'ii qulqullaa'aas
waamaa*!
16 Namoota walitti qabaa,
waldaa qulqulleessaa!
Maanguddootaa fi ijoollee,
daa'imoota harma hodhanis
walitti sassaabaa!
Dhirsi misirroo mana isaa
keessaa
gad haa ba'u,
misirroonis diinqa ishee keessaa
gad haa baatu!
17 Luboonni warri Waaqayyoof
hojjetan,
buusaa mana qulqullummaa fi
iddoo aarsaa gidduutti haa
boo'an!
Isaan, "Yaa Waaqayyo saba
keetiif oo'i,
saba kee warra dhuunfaa kee
ta'an,
saba warra kaan gidduutti
nama ga'oo fi nama
mammaaksaa bin godhin!
Maaliifis isaan namoota
warra kaan gidduutti,
'Waaqayyoon isaanii eessa
jira?' jedhu ree?" haa
jedhan*!
15 1:14
17 Far 79:10

Waaqayyo Saba Isaatiif Deebii Kennuu Isaa

18 Waaqayyo biyya isaatiif in
hinaafa,
saba isaatiifis in oo'a*.
19 Waaqayyo saba isaatiif deebisee,
"Kunoo, ani midhaan, waynii
haaraa fi
dhadhaa ejersaa isiniif nan kenna,
isin in quuftu;
si'achis saba lafa irraa gidduutti
akka isin yeellaatan bin godhu*;
20 loltoota warra gara bitaa jiranis
isinittii nan fageessa,

warra fuula duraa,
gara galaana ba'a-biiftuutti,
warra dugda duubaa immoo,
gara galaana lixa-biiftuutti,
gara lafa gogaa fi onaatti isaan nan oofa;
sababii isaan of gurguddisuudhaan
wanta akkasii isin irratti hojjetaniif,
ani isaan nan balleessa,
reeffi isaanii in xiraa'a, in ajaa'as.
**18 Zak 1:14; 8:2*
**19 1:9-10; 2:26-27*

21 "Ani Waaqayyo dhugumaan
wanta guddaa isaa waanan godhuuf,
yaa lafaa hin sodaatin!
Gammadi, ililchis!
22 Bakkeedhaa iddoon dheedumsaa lalisaa,
mukkeetiin ija naqachaa,
mukti harbuu fi dhaabaan waynii,
baay'inatti ija kennaa waan jiraniif,
isin yaa horii bakkee keessaa hin sodaatinaa!

23 "Isin yaa ijoollee Xiyoon!
Waaqayyo qajeelummaa isaa irraa kan ka'e
bokkaa isa duraa isiniif kenneera;
bokkaa isa duraa, isa booddees
akkuma kanaan duraatti
waan isiniif kennuuf,
Waaqayyo gooftaa keessanitti gammadaa, ililchaas*!
**23 Kes 11:14; Er 5:24*

24 "Oobdiin midhaaniin in guuta,
iddoon waynii itti cuunfanis
daadhii wayniitii fi
dhadhaa ejersaatiin in guuta.
25 Isa gurmuun hawaannisaa,
ilmaan hawaannisaa,
geeriin hawaannisaa,
qorophisii fi
loltoonni jajjaboonni
ani isinitti erge sun
dur isin duraa fixan,
amma iddootti isiniif nan deebisa*.
26 Yommus isin nyaattanii in quuftu;
maqaa ana Waaqayyo gooftaa keessanii
isa dinqii isiniif hojjetees in jajattu;
isin sabni koo
si'achi deebitanii hin yeellaasifamtan*.
27 Yommus ani Israa'el keessa akkan jiru,
Waaqayyo gooftaa keessan akkan ta'e,
ana malees kan biraa akka hin jirre in beektu;
isin sabni koos si'achi deebitanii
hin yeellaasifamtan" jedhe*.
**25 1:4; 2:1-11*
**26 Er 36:13-15; Kes 8:10*
**27 His 34:30*

Guyyaan Waaqayyoo Inni Sodaachisaan Akka Dhufu Himuu Isaa

28 Waaqayyo ammas,
"Bara booddeetti ani hafuura koo
nama hundumaa irratti nan dhangalaasa;
ilmaan keessanii fi intaloouni keessan
raajii in dubbatu,
maanguddoonni keessan
abjuu in abju'atu,
dargaggoonni keessanis
mul'ata in argu;
29 bara sanatti, ani hojjetoota koo
warra dhiirotaa fi
warra dubartootaa irratti iyyuu
hafuura koo nan dhangalaasa.
30 Waaqa irratti, lafa irrattis
milikkita,
dhiigaa fi ibidda, utubaa aaraas nan argisiisa.
31 Guyyaan koo inni guddaanii fi sodaachisaan sun
utuu bin dhufin dura,
aduun dukkanatti,
jiinis dhiigatti in diddiiramu.
32 Maqaa Waaqayyoo warri waammatan
hundinuu garuu in oolu;
akkuma ani Waaqayyo jedhee ture,
warri ani waame tulluu Xiyoon irratti,

Yerusaalem keessattis
hafanii in fayyu" jedhe*.
**28-32 Lak 11:25-29; HoE 2:17-21; Mat 24:29; Mul 6:12-13; Rom 10:13*

Saba Warra Kaan Irratti Firdiln Akka Dhufu Himuu Isaa

3 1 Waaqayyo, "Kunoo, bara sanatti, guyyaa sanattis
Yihudaa fi Yerusaalem keessaa warra booji'aman yommuun deebisu*,
2 saba lafa irraa hundumaa walitti qabee,
dachaa Yoshaafaaxitti nan geessa;
sababii isaan saba dhuunfaa koo, Israa'elin tamsaasanii,
biyya koos hirmaataniif
achitti isaanitti nan farada*;
3 isaan buufata mukaatiin saba koo hirmaatanii,
ijoollee dhiiraa dubartii wajjin gaalamootaniif gatii kennanii,
ijoollee durbaa immoo daadhii wayniitti gurguratanii ittiin in dhugan*.
**1 Er 29:14*
**2 2Sen 20:1-30*
**3 Naho 3:10*

4 "Amma isin warri Xiirosii fi Sidoon warri kutaawwan biyya Filiisxiyaa keessa jirtan hundinuu maal ana irraa qabdu? Wanta ani hojjedhe tokkoof ijaa ana baafachaa jirtuu ree? Yoo ijaa ana baafattu ta'eef, ani hojii keessan dafee ariitiidhaan mataa keessanitti nan deebisa; 5 egaa isin meetii koo fi warqee koo akkasumas mi'a koo isa gati-jabeessa fudhattanii mana mootummaa isa kan keessanii keessa in kaa'attan. 6 Namoota Yihudaa fi namoota Yerusaalem biyyaa baaftanii fageessuuf jettanii warra Griikotaatti isaan in gurgurtan. 7 Kunoo, ani iddoo isin isaan itti gurgurattan sanaa isin irratti isaan nan kaasa, hojii keessanis mataa keessanitti nan deebisa; 8 ani ijoollee dhiiraa keessanii fi ijoollee durbaa keessan namoota Yihudaatti nan gurgura, isaan immoo dabarsanii namoota Saabaatti biyya fagootti isaan in gurguratu" jedhe; Waaqayyo kana dubbateera.

9 Egaa saba lafa irraa waamaatii,
"Lolaaf qophaa'aa!
Loltootas dammaqsaa!
Loltoonni hundinuu
as dhi'aatanii haa rukutan!
10 Maarashaa keessan billaa isaa,
haamtuu keessanis eeboo isaa tumsiifadhaa!
Inni dadhabaanis, 'Ani jabaa dha!' haa jedhu!
11 Isin sabni lafa irraa hundinuu
iddoo huudumaatii walitti qabamaatii
dafaa as kottaa!" jedhaa!
Yaa Waaqayyo ati immoo loltuu kee
gad ergi*!
**9-11 Zak 12:3; Isa 2:4; Mik 4:3*

12 Sabni lafa irraa ka'anii
gara dachaa Yoshaafaax haa dhufan!
Ani immoo achi taa'ee
saba iddoo garaa garaatii dhufan
hundumaatti nan farada*;
13 midhaanichi haamamuu ga'eera,
egaa haamtuu keessan fuudhaatii ka'aa!
Kottaa ija waynii sana irra ejjedhaa!
Akka iji waynii walitti qabamee
yommuu cuunfamu daadhiin isaa
qodaa itti cuunfamu
guutee irra dhangala'u,
hamminni isaaniis akkasuma
guddaa waan ta'eef isaan cuunfaa*!
14 Guyyaan Waaqayyo, dachaa firdii keessatti
waa hojjetu waan dhi'aateef,
namoonni baay'een,
namoonni baay'ee danuun
dachaa sanatti in yaa'u*;
15 aduunii fi ji'i in dukkanaa'u;
urjoonnis ifa isaanii hin kennan*.
**12 Far 96:13; Mat 25:31-32*
**13 Isa 63:1-6; Mat 13:30,39; Mul 14:14-20*
**14 3:2*
**15 2:10,31*

16 Waaqayyo Xiyoon keessaa in qaqawweessa'a,
Yerusaalem keessaas sagalee isaa in dhageessisa;
waaquii fi lafti in raafamu,
Waaqayyo garuu saba isaa

ijoollee Israa'eliif
iddoo baqaa fi masaraa in ta'a*;
17 kanaafis saba isaatiin,
"Yommus ani Waaqayyo
gooftaan keessan
Xiyoon tulluu koo isa
qulqullaa'aa irra
akkan jiraadhu in beektu;
Yerusaalemis qullooftuu in taati;
sabni ormis deebi'ee
ishee hin qabatu*.

**16 Zak 12:3; Amo 1:2*
**17 2:27; Far 76:2; His 34:30*

18 "Guyyaa sanattis tulloonni
daadhii haaraa in coccophsu,
gaaronnis aannan in baasu;
laga Yihudaa hundumaa keessas
bishaan in yaa'a;
bishaan mana qulqullummaa
keessaa burqus
dachaa Shiixiim in obaasa*;
19 sababii namoonni Gibxii fi
namoonni Edoom
namoota Yihudaa irratti
humnaan ka'anii
biyya isaanii keessatti
dhiiga nama balleessaa hin
qabneef dhangalaasaniif,
biyyi Gibxii in onti,
biyyi Edoomis ontee in
barbadoofti*.
20 Biyya Yihudaa keessa bara
baraan,
Yerusaalem keessas
dhalootaa hamma dhalootaatti
namoonni in jiraatu;
21 gumaa isan dur
namoota Yihudaa fi
namoota Yerusaalemiif
hin baasin ture,
amma nan baasaaf;
kana booddee ani Waaqayyo
Xiyoon keessa nan jiraadha"
jedheera*.

**18 Amo 9:13; Isa 30:23,25; His 47:1-12*
**19 Amo 1:11; Oba 10-11*
**20-21 Isa 60:15; 65:18; Zak 14:10-11*

Macaafa Amos Raajichaa

Ittiin Lixa

1 1 Kun dubbii Amos, inni warra
mandara Teqo'aa keessatti hoolota
horsiisan keessaa tokko ture dubbatee
dha; inni bara biyyi Yihudootaa iddoo
lamatti hiramee, Uziyaan biyya Yihu-
daatti, Yerobi'aam ilmi Yeho'aash im-
moo biyya Isaa'elitti mootota tura-
nitti, waa'ee Isaa'eliif waan itti
mul'ate dubbate; kun immoo raafamuu
lafaa isa beekamaa sana dura waggaa
lama ture*.
2 Inni, "Waaqayyo tulluu Xiyoon
irraa in qaqawweessa'a,
Yerusaalem keessaas
sagalee isaa in dhageessisa;
kaloon warra tiksituu in goga,
gubbee tulluu Qarmelos irraas
margi in coollaga"
jedhee dubbate*.

**1 7:14; Zak 14:5; 2Mot 15:1-7; 14:23-29; Isa 1:1; Hos 1:1*
**2 Er 25:30-31; Yoe 4:16; Hos 11:11; Far 29:3-9*

Firdii Irra-Daddarbaa Isaaniitiif Biyya Warra Olloota Israa'el Irratti Dhufuuf Jiru
(Isa 17:1-3)

Isa Soorlyaa Irratti Dhufuuf Jiru

3 Amos itti fufee,
"Waaqayyo akka jedhu!
'Warri mandara Damaasqoo
ulee sibiilaa
isa ittiin midhaan cagadaniin
warra biyya Giil'aad
waan cagadaniif,
ani irra-daddarbaa isaanii
isa keessa deddeebi'aniif
adabni akka irraa deebi'u hin
godhu!

4 " 'Kanaaf ani
mana Hazaa'el mootichaa irratti
ibidda nan erga;
inni immoo mana jajjabaa
isa kan Ben-Hadaad mootichaa
sana in fixa*.
5 Danqaroota karra Damaasqoo nan
caccabsa;
warra dachaa Aween keessa
jiraatan,
isa ulee mootummaa baatus
Bet-Edeenii nan buqqisa;
warri Sooriyaas booji'amanii
biyya Qiir in dhaqu'
jedha Waaqayyo" jedhe*.

**4 2Mot 13:3*
**5 2Mot 16:9; Amo 9:7*

Isa Filiisxiyaa Irratti Dhufuuf Jiru
(Isa 14:28-31)

6 "Waaqayyo akka jedhu!
'Warri mandara Gaazaa
dabarsanii warra Edoomitti
kennuudhaaf,
saba guutummaatti waan
boojisiisaniif,
ani irra-daddarbaa isaanii
isa keessa deddeebi'aniif
adabni akka irraa deebi'u hin
godhu!

7 " 'Kanaaf ani kellaa Gaazaa irratti
ibidda nan erga;
inni immoo mana ishee warra
jajjaboo in fixa.
8 Ani warra mandara Ashdood
keessa jiraatan,
isa ulee mootummaa baatus
mandara Ashqalon
keessaa nan buqqisa;
mandara Eqroon irratti
harka koo ol nan fudhadha,
warra Filiisxiyaa keessaas
kan hafan badduu in ba'u'
jedha Waaqayyo gooftaan"
jedhe.

Isa Xiiros Irratti Dhufoof Jiru

9 "Waaqayyo akka jedhu!
Warri mandara Xiiros
saba guutummaatti dabarsanii
boojuudhaaf warra Edoomitti
waan kennaniif,
kakuu obbolummaas
waan hin yaadatiniif,
ani irra-daddarbaa isaanii
isa keessa deddeebi'aniif
adabni akka irraa deebi'u hin
godhu!
10 Kanaaf 'Ani kellaa Xiiros irratti
ibidda nan erga;
inni immoo mana ishee warra
jajjaboo in fixa' jedha"
jedhe.

**9-10 Isa 23:1-16; His 26:1—28:19; Yoe 4:4; Mat 11:21-22*

Isa Edoom Irratti Dhufouf Jiru

11 "Waaqayyo akka jedhu!
Warri biyya Edoom
billaa fudhatanii
obboloota isaanii waan ari'aniif,
oo'as waan hin argisiisiniif,
aariin isaanii yeroo hundumaa
waan boba'uuf,
dheekkamsi isaaniis bara
hundumaa
waan itti fufeef,
ani irra-daddarbaa isaanii
isa keessa deddeebi'aniif
adabni akka irraa deebi'u hin
godhu!
12 Kanaaf, 'Ani mandara Temaan
irratti
ibidda nan erga;
inni immoo mana mandara Bozraa
warra jajjaboo in fixa'
jedha" jedhe*.

**11-12 Isa 34:5-17; Kes 23:7; Er 49:7*

Isa Amoon Irratti Dhufuof Jiru

13 Waaqayyo akka jedhu! "Warri
biyya Amoon
daarii biyya isaanii
bal'ifachuudhaaf jedhanii,
biyya Giil'aaditti
garaa dubartoota ulfaa iyyuu
waan tarsaasaniif,
ani irra-daddarbaa isaanii
isa keessa deddeebi'aniif
adabni akka irraa deebi'u hin
godhu!
14 Kanaaf, 'Ani kellaa Raabaa irratti
ibidda nan bobeessa;
inni immoo mana ishee warra
jajjaboo in fixa;
kunis guyyaa duulli wacutti,
guyyaa qilleensi bubbisuttis in
ta'a.
15 Mootiin warra Amoon
gurguddoonni isaas
isaa wajjin,

booji'amanii in adeemu'
jedha gooftichi" jedhe*.
**13-15 Er 49:1-6*

Firdii Biyya Mo'aab Irratti Dhufuuf Jiru

2 [1] Amos ammas, "Waaqayyo akka jedhu!
'Warri biyya Mo'aab
lafee mootii Edoom gubanii
nooraa mana diban waan godhataniif,
[2] ani irra-daddarbaa isaanii
isa keessa deddeebi'aniif
adabni akka irraa deebi'u hin godhu!
Kanaaf, ani biyya Mo'aab irratti
ibidda nan erga;
inni immoo mana jajjaboo
mandara Keriyot in fixa;
warri duulaa utuu wacanii,
sagalee fiinoos dhageessisanii,
namoonni Mo'aab
goolii keessa in du'u.
[3] Isa biyya seerratus
ishee keessaa nan balleessa,
gurguddoota ishee hundumaas
isaa wajjin nan ajjeesa'
jedha Waaqayyo" jedhe*.
**1-3 Isa 15:1—16:14; Er 48:1-47*

Firdii Biyya Yihudaa Irratti Dhufuuf Jiru

[4] Waaqayyo akka jedhu! "Warri biyya Yihudaa
seera koo seera Waaqayyo isaanii tuffatanii
seerrata koos eeguu didanii,
waaqayyolii sobaa warra abboonni isaanii
duukaa bu'aa turaniin
waan wallaalchifamaniif,
ani irra-daddarbaa isaanii
isa keessa deddeebi'aniif
adabni akka irraa deebi'u hin godhu!
[5] Kanaaf, 'Ani biyya Yihudaa irratti
ibidda nan erga;
inni immoo mana jajjaboo Yerusaalem
in fixa' jedha" jedhe*.
**5 Hos 8:14*

Firdii Irra-Daddarbaa Isaatlif Biyya Israa'el Irratti Dhufuuf Jiru

[6] Waaqayyo akka jedhu!
"Warri Israa'el
irra-daddarbaa isaanii keessa
waan deddeebi'aniif,
adabni akka irraa deebi'u
ani bin godhu!
Isaanoo nama qajeelaa meetiitti,
nama dhabaa immoo
gatii kophee baaqqee cimdii tokkoof
jedhanii in gurguru*.
[7] Isaanoo mataa warra dadhaboo
awwaara keessatti lafatti
dhidhiitan;
warra gad qabamoos
karaa irraa in daddarbatu;
maqaa koo isa qulqulluu
xureessuudhaaf,
ilmis abbaanis
dubartii ejjituu tokko bira in
ga'u*.
[8] Isaan iddoo aarsaa
hundumaa bukkeetti immoo,
uffata qabsiisaaf fuudhan irra
in ciisu;
daadhii waynii warra adabaman
biraa dhufes,
mana Waaqayyo isaanii
keessatti in dhugu*.
**6 5:11-12; 8:4-6; Isa 1:17; Mat 3:1-4; Far 35:10*
**7 8:4; Bau 21:7-11*
**8 Bau 22:25-26*

[9] "Ani immoo, 'Amoorota
warra akka birbirsaa dheeratan,
warra akka muka boomii
jabaatan fuula isaanii duraa
hundeedhaan buqqisee
sanyii isaaniis lafa irraa
balleesseen ture*.
[10] Lafa warra Amoorotaa
kan keessan akka godhattaniif,
anatu biyya Gibxiitii
ol isin baasee,
lafa onaa keessa waggaa
afurtama isin geggeesse*.
[11] Ilmaan keessan keessaa raajota,
dargaggoota keessan keessaas
warra addaan baafamanii:-
Naaziroota jedhamanii
beekaman nan kaase;
kun dhuguma akkas mitii ree,
yaa warra Israa'el?
Kanas ana Waaqayyo keessantu
isin gaafata*!
[12] Isin garuu
Naaziroota daadhii waynii

akka dhugan in gootan;
raajotaanis:- Raajii hin
dubbatinaa!
jettanii abboomtan*.
**9 Lak 13:27-33; 21:21-25*
**10 Bau 20:2; Kes 2:7; Hos 13:4-5*
**11 Lak 6:2-12*
**12 7:12-13; Lak 6:2-3; Isa 30:10; Er 11:21*

[13] " 'Ammas akkuma konkolaatan
bissii midhaanii baatu wal
rigee iyyu,
kunoo, anis gidiraa jalaa
akka iyyitan nan godha.
[14] Namni fiigicha danda'u
lafa itti baqanu bin qabu;
jabinni nama jabaa in laafa;
jagni lubbuu isaa hin oolfatu.
[15] Inni iddaa qabu achi hin
dhaabatu,
inni fiigicha danda'us
miilla isaatiin of hin baasu;
abbaan fardaas lubbuu isaa hin
oolfatu.
[16] Guyyaa sanatti jagnoota keessaa
inni laphe-jabeessi iyyuu
harka qullaa in baqata'
jedhee dubbateera Waaqayyo"
jedhe*.
**14-16 9:1*

Warri Fo'aman Iyyuu Adabamuu Isaanii

3 [1] Yommus raajichi,
"Yaa namoota Israa'el,
dubbii Waaqayyoo isa inni isin
irratti,
guutummaa saba inni ofii isaatii
biyya Gibxii baase irratti
dubbate dhaggeeffadhaa*!
[2] Innoo, 'Saba lafa irraa hundumaa
keessaa
ba'eessa godhee beekee isin
duwwaa ofittl qabeera;
kanaafis ani yakka keessan
hundumaa
isinitti nan ilaala' jedheera"
jedhe*.
**1 Bau 20:2*
**2 Bau 19:5; Kes 4:34*

Waaqayyo Hojii Isaa Karaa Raajotaa Mul'isuu Isaa

[3] Namoonni lama walitti dhufanii
utuu waliif hin galin
walii wajjin dhimma tokkoof
adeemuu ree?
[4] Leenci yoo waa qabachuuf
utaale malee,
caakkaa keessaa aadee of
dhageessisaa ree?
Leenci saafelli
yoo waa hin qabanne ta'e,
mann'ee isaa keessaa sagalee
isaa dhageessisaa ree?
[5] Allaattiin waan isheen barbaaddu
kiyyoo keessa yoo jiraachuu
dhaabaate,
isa keessa galtii ree?
Futtaasaan, wanti qabamu
utuu itti hin bu'in
lafaa futta'aa ree?
[6] Fiinoon lolaa mandara keessatti
yeroo afuufamu
namoouni hin wareeranii ree?
Uuu Waaqayyo biraa hin dhufin,
wanti hamaan
mandara tokko irra ga'aa ree*?
[7] Waaqayyo gooftaan
murtoo isaa isa dhokatee jiru
hojjetoota isaa warra raajotatti
utuu hin mul'isin,
tokko illee hojii irra hin oolchu.
[8] Leenci in aada,
egaa eenyu ree kan hin
sodaanne?
Waaqayyo gooftaan in
dubbachiisa,
egaa eenyu ree
raajii kan hin dubbanne*?
**6 Isa 45:7; Faru 3:37-38*
**7-8 Uma 18:17; Er 20:7-9; 1Qor 9:16*

Balleeffamuu Mandara Samaariyaa

(Amo 4:1-3; 6:1-7)

[9] Mana jajjaboo mandara Ashdood
keessa,
mana jajjaboo biyya Gibxii
keessas warra jiraataniin,
"Tulloota naannoo Samaariyaa
gubbaatti
walitti qabamaatii
raafama gurguddaa
namoota ishee gidduutti ta'uu fi
cunqurfamuu ishee keessatti
ta'u ilaalaa!"
jedhaatii dhageessisaa!
[10] "Isaan wanta qajeelaa
akka itti hojjetan hin beekan;
wanta hummaan nama irratti
ka'anii

saamanii argatan
manneetii isaanii warra
jajjaboo keessa
tuullatan" jedha Waaqayyo.
11 Sababii kanaaf Waaqayyo
gooftaan.
"Diinni biyyicha in marsa,
aangoo kees in cabsa;
manneetiin kee warri
jajjaboonnis in saamamu"
jedha.
12 Waaqayyo, "Akkuma tiksituun
horii leenci qabatu irraa
kottee lama
yookiis cittuu gurraa
huufatee dhi'eessu,
hafleen namoota Israa'el
warra Samaariyaa keessa
afata gaggaarii irratti
aara galfachuudhaan
itti tolee jiraataniis
akkasuma in ta'a" jedha*.
12 Bau 22:12

13 Waaqayyo gooftaan maccaa akka
jedhu!
"Dhaggeeffadhaa, sanyii
Yaaqoobis gorsaa!
14 Guyyaa ani irra-daddarbaa
Israa'el ilaalutti,
iddoo aarsaa mandara Bet'el
diiguudhaaf nan dhufa;
gaanfonni iddoo aarsaas
muramanii lafa in bu'u*.
15 Mana yeroo qorraa keessa
taa'anii fi
mana yeroo bonaa keessa
taa'an nan jijjigsa,
manneetiin ilka arbaatiin
miidhagfamanis
iddoodhaa in hadu,
manneetiin warri jajjaboonnis
deebi'anii hin argaman" jedha;
Waaqayyo kana dubbateera*.
14 1Mot 12:32; 2Mot 23:15
15 5:11-12; 6:8,11; 1Mot 22:39; Far 45:8

Dubartoota Maudara Samaariyaa Irratti Dubbachuu Isaa

4 1 Isin yaa giiftolii,
warra akka saawwan biyya
Baasbaan
tulluu Samaariyaa irratti
gabbattanii,
warra dadhaboo immoo
cunqursitanii,
warra wanta barbaachisaa
dhaban caccahsitanii,
abboota manaa keessaniin
"Dhugaatii as fidaa,
in dhugnaa!" jettanii,
dubbii kana dhaga'aa*!
2 Waaqayyo gooftaan
qulqullummaa isaatiin kakatee,
"Kunoo, guyyaan itti
hokkoodhaan
isin harkisanii,
warra isin hooddees
hokkoo qurxummiitiin baasan
in dhufa.
3 Adduma addaan qaawwa dallaa
fuula keessan dura jiru
keessa in baafamtu,
gara tulluu Hermoonittis
in daddarbatamtu" in jedhe;
Waaqayyo kana dubbateera.
1 His 39:18

Warri Israa'el Cubbuu Irraa Deebi'uu Dlduu Isaanii

4 "Bet'el iddoo itti sagadan dhaqaa,
irra-daddarbaa keessanis ittuma
dabalaa!
Giilgal iddoo sagadaa isa
kaanittis
irra-daddarbaa keessan ittuma
baay'isaa!
Borumtaa qalma aarsaa,
guyyaa sadaffaattis
kudhan keessaa tokko
dhi'eessaa*!
5 Mee buddeena bukaa'aa irraa
iyyuu
aarsaa galataa dhi'eessaa,
jaalala keessaniin aarsaa
dhi'eessuu keessan
mul'isaa beeksisaa!
Akkas gochuu in jaallattu'o,
yaa namoota Israa'el"
jedhee dubbateera Waaqayyo
gooftaan*.
4 Hos 12:12; Kes 14:28; Hos 4:15
5 Lew 2:11; Amo 5:4-5

6 "Mandara keessan hundumaa
keessatti
wanti afaanitti deebifattan
akka hin argamne,
iddoo jirtan hundumaattis
buddeenni akka dhabamu anatu
godhe;
kanuma irratti iyyuu

isin gara kootti hin deebine"
jedhee dubbateera Waaqayyo.
7 "Midhaan sassaabuuf ji'i sadii
hafee utuu jiruu,
bokkaa isin nan dhowwadhe;
mandara isa tokkotti bokkaan
akka roobu,
mandara isa kaanitti immoo
akka hin roobne nan godhe;
maasii isa tokkotti bokkaan in
roobe,
maasiin inni bokkaa dhabe
immoo in goge.
8 Kanaaf namoonni
mandara lama sadii,
bishaan dhuguudhaaf
gara mandara isa tokkootti
tiratan;
haa ta'u iyyuu malee dheebuu
ba'uu hin dandeenye;
kanuma irratti iyyuu isin
gara kootti hin deebine"
jedhee dubbateera Waaqayyo*.
7-8 1Mot 17:1; Yoe 1:17-20

9 "Waagiidhaa fi gogiidhaan isin
nan rukute,
lafa isin biqiltuu dhaabbattan,
dhaabaa waynii keessanis nan
gogse,
harbuu keessanii fi ejersa
keessan
hawaannisatu nyaatee fixe;
kanuma irratti iyyuu isin gara
kootti hin deebine"
jedhee dubbateera Waaqayyo*.
10 "Dha'icha sanyii isa
biyya Gibxii keessatti ta'e
isin irratti nan erge;
dargaggoota keessan hillaadhaan
nan ajjeesise,
fardeen keessanis nan
boojisiise;
raqni iddoo huufata keessaniis
funyaan akka isin rukutu nan
godhe;
kanuma irratti iyyuu isin gara
kootti hin deebine"
jedhee dubbateera Waaqayyo*.
9 Kes 28:21-22; Hag 2:17; Yoe 1:4
10 Bau 11:4-5; 12:29; 9:3

11 "Ani Waaqayyo,
Sodoomii fi Gomoraa
akkuman harbadeesse,
isin keessaas
akkasuma nan barhadeesse;
isin akka mukukkula
ibidda boha'aa jiru keessaa
butamee taatan;
kanuma irratti iyyuu isin gara
kootti hin deebine"
jedhee dubbateera Waaqayyo*.
11 Uma 19:24-25

12 "Kanaafis ani kana si irratti nan
raawwadha,
yaa Israa'el!
Ani kana si irratti waanan
raawwadhuuf,
ati immoo achuma dhaabadhuu
Waaqayyo kee eegi,
yaa Israa'el!" jedha gooftichi.
13 Kunoo, inni tulloota tolche,
inni qilleensa uume,
inni wanta yaada isaa keessa
jiru namatti beeksisu,
inni barii ganamaas dukkana
godhu,
inni lafa ol jedhaa
gararraa adeemu,
maqaan isaa Waaqayyo gooftaa
maccaa ti*!
13 5:8-9; 9:5-6; Mik 1:2-3

Yaada Garaa Akka Geddaratanilf Waamuu Isaa

5 1 Yaa warra biyya Israa'el, dubbii
ani boo'aa isin irratti duhbachuuf
ka'u kana dhaggeeffadhaa*!
2 Israa'el isbeen akka durbaa
lafa dhoofteetti,
deebitees hin kaatu;
biyya ofii ishee keessatti kuftee
ciifti,
kan ishee kaasus hin jiru.
3 Waaqayyo gooftaanoo,
"Biyya Israa'el keessaa
mandarri tokko nama kuma,
duulatti yoo baase,
isaan keessaa namni dhibbi in
hafaaf;
mandarri tokko immoo nama
dhibba tokko duulatti yoo
baase,
namni kudhan in hafaaf" jedheera*.
1 5:16-17; His 28:12
3 6:9; Kes 28:62

4 Waaqayyo, warra biyya
Israa'eliin,

"Ana barbaaddadhaa,
jiraadhaas*!
5 Iddoo sagadaaf beekaman
Bet'elin hin barbaadinaa!
Giilgalin hin dhaqinaa!
Bersheebaattis hin ce'inaa!
Warri Giilgal hoojuutti in galu,
Bet'el gad deebitee
wanta waa'ee hin baafne
in taati" jedha*.
6 Egaa Waaqayyoon barbaaddadhaa,
jiraadhaas! Kanaa achi inni
akka ihiddaatti
mana Yoseef irra in bu'a, xaph
in godhas;
Bet'el irraa kan dhaamsus hin
argamu.
4 Er 29:13
5 4:5; 5:14-15

7 Isin warra dhugaa namaa
dubbii hadhaa'aatti geddartanii,
qajeelinas lafatti gattaniif
wayyoo*!
8 Inni urjoota "Torbii" jedhaman,
urjoota "Sadee"
jedhamanis uume,
inni dukkana ifa ganamaatti
diddiiru,
guyyaas dukkaneessee halkan
godhu,
inni bishaan galaanaa waamee,
irra lafaatti lolaasus,
maqaan isaa Waaqayyoo dha*!
9 Inni isa jabaa irratti badiisa in
bobeessa,
masaraattis balleeffamuu in fida.
7 6:12; Isa 5:20; Mik 3:9
8 Iyo 9:9; 38:31; Amo 9:6

10 Isin isa walga'ii karra dallaa
keessatti
dhugaadhaaf falmuu in jibbitu,
nama dubbii hir'ina hin qabne
dubbatus in ciiggaatu*.
11 Isin nama dadhabaa
dhidhiittanii hulchitanii,
midhaan isaas karaa malee
waan irraa fudhattaniif,
dhagaa soofamaadhaan mana in
ijaarrattu,
garuu keessa hin jiraattan;
iddoo dhaabaa waynii
ija namaa harkisus in
qopheeffatnu,
garuu daadhii waynichaa hin
dhugdan!
12 Isin warri nama qajeelaa
cunqursitanii
gahbarsuus fudhattanii,
nama dhabes firdii
akka hin arganne gootan,
irra-daddarbaan keessan
attam akka baay'atu,
cuhhuun keessanis attam akka
guddatu ani beeka*!
13 Kanaafis kun yeroo hamaa waan
ta'eef,
namni huhataan yeroo
akkasiitti calluma in jedha.
10 Isa 29:21
11-12 2:6-8; 8:4-6; Sef 1:13

14 Isin akka jiraattanitti
wanta gaarii barbaadaa malee,
wanta hamaa gochuu hin
barbaadinaa!
Yoos akkuma isin jettan in ta'a;
Waaqayyo gooftaan maccaas
dhuguma isinii wajjin in
jiraata*.
15 Wanta hamaa jibbaa,
wanta gaariis jaalladhaa!
Walga'ii karra dallaa keessatti
dhugaan jabaatee akka dhaabatu
godhaa!
Yommus Waaqayyo gooftaan
maccaa, sanyii Yoseef
keessaa warra hafanitti
araara in argisiisa ta'a*.
14 Er 7:1-11
15 Far 34:14; Rom 12:9

16 Amma garuu Waaqayyo
gooftaan maccaa gooftichi,
"Walga'ii karaa
hundumaa irratti in hoo'u,
karaa jiru hundumaa irrattis,
wayyoo! wayyoo! in jedhu;
warra qotiisa qotan gaddaaf,
boossiftuus boo'ichaaf in
waamu.
17 Iddoo dhaabaa waynii
hundumaatti iyyuu
boo'ichi in ta'a;
ani isin adabuudhaaf isin gidduu
waanan darbuuf kun hundinuu
isinitti in dhufa" jedhe;
inni kana dubbate Waaqayyoo
dha*.
16-17 5:1; Er 9:16-21

Gar-Malee Amanachuu Israa'el

18 Isin warra guyyaa Waaqayyoo
hawwaan eeggattaniif wayyoo!
Guyyaan Waaqayyoo maal
isiniif godha?
Inni isiniif dukkanaa'aa dha
malee ifaa miti!
19 Akka nama leenca jalaa utuu
baqatuu
amaaketi itti dhufuutti,
isa jalaa ba'ees manatti galee
keenyan yommuu qabatu
bofni harka isaa idduu in taatu.
20 Guyyaan Waaqayyoo sun ifaa
utuu hin ta'in
dukkanaa'aa dha mitii ree?
Innoo duumessaa'aa dha aduus
hin qabu*.
18-20 Yoe 2:1-11; 3:14-16; Sef 1:2-18; Mil 3:2-5; Er 48:43-44

21 Waaqayyo,
"Ani ayyaana ayyaaneffachuu
keessan nan jibbe,
waa'ee isaas nan dhiise,
walga'iin keessanis
anatti in ajaa'e.
22 Qalma gubamuu fi kennaa
midhaanii
anaaf yoo dhi'eessitan iyyuu
ani itti hin gammadu;
horii coccoomoo
qalma galataaf dhi'eessitanis
ani hin ilaalu.
23 Iyya faarfannaa keessanii ana
irraa fageessaa!
Sagalee maseenqoo keessaniis
ani dhaga'uu hin barbaadu.
24 Qooda kanaa hulchi qajeelaan
akka bishaaniitti,
qajeelummaanis akka laga
yeroo hundumaa yaa'uutti haa
burqu*!
21-24 Isa 1:10-20

25 "Yaa warra Israa'el,
yeroo lafa onaa keessa
waggaa afurtama turtan,
qalma, kennaas
anaaf dhi'eessitaniitnu moo
ree*?
26 Ammas isin waaqayyolii
tolfamoo keessan
'Saakuut' isa akka mootiitti
fudhattan,
'Kiiyoon' isa bifa urjii
laattaniifii itti sagaddan
ol fudhattanii in baadhatnu.
27 Kanaaf ani biyyaa isin baasee
mandara Damaasqoo garasitti
boojuutti
isin nan dabarsa" jedhee
dubbateera;
inni immoo maqaan isaa
Waaqayyo gooftaa maccaa ti*.
25 Er 7:21-23
27 6:7; 9:4; 2Mot 17:6

Sohaan Of Jajjaheessanii Gad-Dhiisatti Jiraachuu Warra Gurguddootaa

6 1 Isin gurguddoonni saha
isa saha warra kaan irra caaluu,
warri namoonni Israa'el
gorsaaf gara keessan dhufanii,
isin Xiyoon keessa yaaddoo
tokko malee,
tulluu Samaariyaa gubbaas
homtuu hin jiru jettanii
amanattanii in jiraattu;
garuu isin warra akkasii kanaaf
wayyoo!
2 Darbaa mandara Kaalnee ilaalaa!
Achii immoo gara mandara
Haamaat
ishee gudditii dhaqaa!
Gara mandara biyya Filiisxiyaa
gara Gaatitti gad bu'aa;
isaan moonimmoota
warra kan keessanii irra in
wayyuu ree?
Yookiis biyyi isaanii biyya
keessan irra in bal'ataa
ree*?
3 Isin guyyaa hamaa
achi fageessuu in yaaddu,
wanti humnaan nama irratti
dhufu garuu
akka dhi'aanu in gootu*.
2 Uma 10:10; Isa 10:9-10
3 9:10; Far 10:4

4 Isin siree ilka arhaa irra ciiftanii,
iddoo ciisicha keessanii irras
isinitti tolee in diriirfattu;
hoolota keessaa warra xoxobbee,
tuntunoo keessaas
warra coccoomoo in nyaatnu;
isiniif wayyoo*!
5 Isin sagalee maseenqootiin
waan waa'ee hin baafne in
weeddiftu,

Daawitin fakkaachuufis
mi'a ittiin weeddisan in baaftu;
6 isin daadhii waynii soondoodhaan dhuguuf,
dibata isa keessaa caalu dibachuu malee,
badiisa sanyii Yoseef irratti dhufuuf jiruuf hin gadditan*.
7 Kanaafis isin warra booji'aman dura buutanii
gara booji'amuu in dhaqxu,
inni isin nyaattanii dhugdanii,
isinitti tolee iddoo ciisicha keessanii irra
diriirfattanis in hafa.

**4 3:12*
**5-6 Isa 5:11-12; Amo 2:8; 4:1*

Israa'el Yakka Isaatiin Balleeffamuu

8 Waaqayyo gooftaan ofii isaatiin kakatee,
"Of gurguddisuu sanyii Yaaqoob
ijaan ilaaluu na jibbisiise,
manneetii isaanii warra jajjaboo nan jibbe,
mandarattii, waan ishee keessa guutes dabarsee nan kenna" jedhee dubbateera
Waaqayyo gooftaan maccaa*.

**8 3:15; Isa 2:11-12*

9 Namni kudhan hafanii mana tokko keessa
yoo jiraatan iyyuu, isaanis in du'u.
10 Egaa aantiin namicha du'ee reeffa isaa guhuudhaaf,
mana keessaa gad in baasa;
yommus isa gola manichaa keessa jiruun,
"Kan biraa si bira jiraa?" in jedhaan;
inni garuu, "Tokko iyyuu hin jiru"
jedhee in deebisa;
namichis, "Maqaa Waaqayyoo akka hin yaadannetti
mee hin dubbatin!" in jedha*.
11 Kunoo, Waaqayyo akkas in godha;
inni in abbooma,
manni guddaan in hunkutaa'a,
manni xinnaanis in hurraa'a.

**10 8:3*

12 Fardeen dhagaa kakattaa irra in fiiguu ree?
Namni qotiyyoodhaan galaana in qotaa ree?
Isin garuu wanta qajeelaa
ta'ee fudhatame
wanta hadhaa ta'utti,
qajeelina hadhooftuutti geddartaniittu*.
13 Isin warri mandara Lodbaar
ishee "Waan tokkotti hin galle" qabachuutti
gammaddanii,
"Jabina keenyaan mandara Karnaayim
ishee 'Gaanfee' jedhamtus fudhanne"
jettanii of jajattaniittu*!
14 Waaqayyo gooftaan maccaa immoo,
"Yaa mana Israa'el,
kunoo, ani saba tokko sitti nan kaasa,
inni immoo karaa mandara Haamaat
isa gara bitaatii jalqabee
hamma dachaa lafa duwwaa
isa gara mirgaattis si cunqursuuf jira"
jedhee dubbateera*.

**12 5:7*
**13 Kes 8:17; Hos 1:7*
**14 2Mot 17:5-6*

Firdii Israa'elin Eeggatu Mul'ataan Arguu Isaa

7 1 Wanta Waaqayyo gooftaan mul'ataan anatti argisiise
isinitti himuufan jira.
Kunoo, marga isa duraa
mootichaaf erga haamanii booddee,
marga isa deebi'ee biqilutti gurmuu hawaannisaa yaase.
2 Hawaannisichi biqila lafaa
nyaatee fixuuf jennaan,
"Yaa Waaqayyo gooftaa ko,
Yaaqoob ilma xinnaa waan ta'eef,
attamitti kana dura
dhaabachuu danda'a ree?
Ati dhiisiif!" nan jedhe*.
3 Yommus Waaqayyo
isa itti fiduuf yaade in dhiise;
gooftichi,
"Kun itti hin dhufin!" jedhe*.

**1-2 Yoe 1:4*
**3 Yoe 2:14,17-18*

4 Wanta Waaqayyo gooftaan mul'ataan anatti argisiise
dabalee isinitti nan hima;
kunoo, Waaqayyo gooftaan firdii biyya sana irratti raawwachuudhaaf,
ibidda irratti in waame;
ibiddichis galaana guddaa isa lafa jalaa gubee fixee,
lafa qotiisaas xaph gochuuf jedhe*.
5 Kana irratti, "Yaa Waaqayyo gooftaa,
Yaaqoob ilma xinnaa waan ta'eef,
attamitti kana dura dhaabachuu danda'a ree?
Ati wanta kana irraa ittisi!" nan jedhe.
6 Yommus Waaqayyo
isa itti fiduuf yaade in dhiise;
Waaqayyo gooftichi, "Kunis immoo
itti hin dhufin!" jedhe.

**4 Yoe 1:17-20*

7 Waaqayyo waan tokko immoo mul'ataan
anatti argisiiseera;
kunoo, gooftichi
fo'aa tumbii isa ittiin masaraa qajeelchanii ijaaran harkatti qabatee,
masaraa akkasitti ijaarame irra in dhaabata ture.
8 Inni, "Yaa Amos,
maal argita?" naan jedhe;
Kana irrattan, "Tumbii nan arga" jedhee deebiseef;
gooftichi immoo, "Ilaa,
tumbii ittiin
jal'inni saba koo Israa'el
qoramee ilaalamu
isaanitti nan qaba;
ani deebi'ee irra isaaniif hin darbu*.
9 Iddoon ol
jedhoon warri maatiin Yisihaq irratti sagadan hundinuu in onu;
iddoo qulqullaa'oon
warri kan Israa'el in diigamu;
mana Yerobi'aam irrattis
billaadhaan nan ka'a" jedhe*.

**8 Isa 34:11; Amo 8:2*
**9 Kes 12:2-3*

Raajichi Arl'atamuu Isaa

10 Kana booddees Amaasiyaan lubni Bet'el,
Yerobi'aam mootii Israa'elitti ergee,
"Amos namoota Israa'el gidduu dhaabatee sitti korateera;
wanta inni dubbates
lafti baachuu hin danda'u*.
11 Namichi, 'Yerobi'aam
billaadhaan in du'a,
namoonni Israa'elis biyya isaaniitii inuma baafamu,
inuma booji'amus'
jedheera" jedhe.

**10 2Mot 14:23-29; Er 38:4*

12 Amaasiyaan yommus Amosiin,
"Yaa namicha mul'ata argituu,
asii adeemi,
biyya Yihudaatti baqadhu!
Achitti raajii dubbadhuu
ittiin buddeena nyaadhu*!
13 Bet'el iddoo manni qulqullummaa inni mootichi keessatti sagadu,
manni sabni mootummaa kanaa itti wal ga'us jiruu dha;
asitti matumaa deebitee raajii hin dubbatin!" jedhe*.

**12 1Sam 9:6-7; 1Mot 14:2-3; 2Mot 4:42; Mik 3:4,11*
**13 1Mot 12:26-32*

14 Amos immoo deebisee Amaasiyaadhaan,
"Ani horii nan horsiisa,
harbuus dhaabee nan guddisa malee,
hojiin koo raajii dubbachuu miti,
sanyiin koos raajii hin dubbanne*.
15 Waaqayyo garuu horii ani tiksu biraa na fudhatee,
'Dhaqii saba koo Israa'elitti raajii dubbadhu!' naan jedhe.
16 Ati immoo, 'Israa'el irratti raajii hin dubbatin,
mana Yisihaq irrattis hin lallabin!' anaan jetteetta;
egaa amma dubbii Waaqayyoo dhaggeeffadhu*!
17 Waaqayyo,

'Haati manaa kee mandara
keessatti ejjituu in taati,
ilmaan kee fi intalboonni kee
billaadhaan in kufu,
lafti kee funyoo safaraatiin in
hirmama,
atis ofii keetii biyya xuraa'aa
keessatti in duuta;
namoonni Israa'elis biyya
isaaniitii inuma baafamu,
inuma booji'amus'
siin jedha" jedhe*.
**14 1:1; Zak 13:2-6*
**16 2:12*
**17 5:27; Hos 9:3-4*

Firdiin Israa'elin Eeggatu Dbi'aachuu Isaa

8 [1] Waaqayyo waan tokko immoo
mul'ataan anatti argisiiseera;
kunoo, guuboo ija mukaa
bilchaataa baatu tokko nan
arge.
[2] Waaqayyo yommus,
"Yaa Amos, maal argita?"
naan jedhe;
kana irrattan, "Guuboo ija mukaa
bilchaataa baatu
tokko nan arga" jedhee
deebiseef;
Waaqayyo immoo, "Sabni koo
Israa'el dhumuu ga'eera,
ani deebi'ee irra isaaniif hin
darbu.
[3] Guyyaa sanatti
warri mana mootummaa keessaa
weeddisan in boo'u,
reeffi warra du'anii in baay'ata;
calluma jedhaniis
iddoo hundumaatti in gatu"
naan jedhe;
Waaqayyo gooftaan
akkas jedhee dubbateera*.
**1-3 7:1-9; 9:1-4; Er 24:1; Amo 5:16-17; 6:10; Er 9:21*

[4] Isin yaa namoota warra dhaban
dhidbiittanii,
warra gad qabamoos
balleessitanii,
mee kana dhaga'aa*!
[5] Isinoo, "Quunnaa ittiin safarru
xiuneessinee
gatii immoo ol kaasuudhaan
miijana sobaatiinis
gowwoomsuudhaan midhaan
akka gurgurrutti,
ayyaanni baatii yoom darba?
Gombisaa midhaanii banuudhaafis
Sanbanni yoom darba*?
[6] Silaa ungulaalliin midhaanii in
gurgurra;
warra dadhaboo meetiidhaan,
warra dhabanis
gatii kopbee baaqqee cimdii tokko
irra jiruun
in binna" in jettu*.
**4 2:7*
**5 Lew 19:35-36; Mik 6:10-11; Nah 13:15*
**6 2:6*

[7] Waaqayyo ulfina isaa isa
Yaaqoob jajatuun kakateera,
"Hojii isaanii isa hamaa
hundumaa
ani matumaa hin irraanfadhu.
[8] Sababii kanaaf lafti bin raafamuu
ree?
Warri isa keessa jiraatan
hundinuus hin gaddanii ree?
Guutummaan biyyichaa akkuma
laga Abbayyaa ol in ka'a,
akka laga isa Gibxi keessa
daddarbatamaa yaa'uus
gad in gala" jedhe*.
**8 9:5*

[9] Waaqayyo gooftaan,
"Guyyaa sanatti biiftuun
waareetti akka lixxu,
ifni guyyaa utuma jiruus
lafti akka dukkanaa'u nan
godha*.
[10] Cidha keessan gaddatti,
faarfannaa keessan
hundumaas boo'ichatti nan
geddara;
mudhii keessanii gaditti
uffata gaddaa isin nan
hidhachiisa,
mataa keessanis akka
haaddattan nan godha;
boo'icha kana
akka boo'icha isa ilma
tokkicbaaf boo'anii nan
godha;
wanti guyyaa sanatti ta'us
bamma dhumaatti jibbisiisaa
in ta'a" jedhee dubbateera*.
**9 5:18; Yoe 2:10*
**10 Er 48:37-38; 6:26*

[11] Waaqayyo gooftaan,
"Kunoo, barri ani itti

biyya kana irratti beela
ergu dhufuuf jira;
beelicbis isa namoonni
dubbii Waaqayyoo dhaga'uu
dhabanii
beela'an malee,
beela buddeenaa fi dheebuu
bisbaanii miti.
[12] Isaan dubbii Waaqayyoo
barbaaddachuudhaaf
galaana
isa gara tokkootii hamma
galaana
isa gara kaaniitti,
gara bitaatii hamma
ba'a-biiftuutti in tiratu;
garuu argachuu hin danda'an*.
**11-12 1Sam 3:1; 28:6; Fak 1:28; Far 74:9; Hos 5:6; Mik 3:6-7*

[13] "Guyyaa sanatti durboonni
babbareedonnii fi
dargaggoonni dheebuudhaan in
gaggabu.
[14] Isaan warri Waaqayyo tolfamaa
isa warri Samaariyaa
ittiin yakkaniin kakatan,
Daaniin, 'Dhugaa isa ati
waaqessituu ti!'
Bersheebaadhaanis,
'Dhugaa karaa isa kan keetii
ti!'
jedhan in kufu, deebi'aniis
matumaa bin ka'an!"
jedhee dubbateera*.
**14 Hos 8:5-6; Amo 5:5; Abo 18:30*

Firdiin Israa'elin Eeggatu Kan Hin Oolle Ta'ou Isaa

9 [1] Ammas Waaqayyo gooftaan
iddoo aarsaa gararraa
utuu dhaabatuu mul'ataan nan
arge;
inni, "Manichi guutummaatti
akka raafamutti
mataa utubaa isaa rukuti!
Mataa bunduma isaanii irrattis
caccabsi!
Warra kana irraa hafanis
billaadhaan nan ajjeesa,
isaan keessaa tokko illee
danda'ee jalaa hin baqatu,
tokko illees jalaa hin ba'u*.
[2] Isaan qotanii
iddoo lafa jalaa yoo ga'an
iyyuu,
harki koo qabee achi keessaa
ol isaan in baasa;
bantii waaqaatti yoo ol ba'an
iyyuu,
achii gad isaan nan buusa*.
[3] Gubbee tulluu Qarmelos irra
yoo dhokatan iyyuu,
achi irratti argee isaan nan
qaba;
ija koo duraa galaana gad fagoo
keessa
lafa bira ga'anii yoo miliqan
iyyuu,
achitti iyyuu bofni galaana
keessaa
akka isaan idduuf nan abbooma.
[4] Booji'amanii diinota isaanii dura
yoo oofaman iyyuu,
acbittis billaa isaanitti nan
ajaja,
innis isaan in ajjeesa;
gaariidhaaf utuu hin ta'in,
ija hamaadhaan isaan nan
ilaala" jedhe*.
**1 7:1-9; 8:1-3; Isa 6:1; Amo 8:8*
**2 Iyo 26:6; Far 139:7-12; Er 23:24*
**4 5:27; Er 44:11*

[5] Waaqayyo gooftaan maccaa
harka isaatiin laficha in tuqa;
lafichi in raafama,
warri isa irra jiraatanis in
boo'u;
guutummaan biyyichaa akkuma
laga Abbayyaa ol in ka'a,
akka laga Abbayyaa
isa Gibxi keessa yaa'uus
gad in gala*.
[6] Waaqayyo gooftaan mana isaa
isa gararraa,
bantiiwwan waaqaa keessatti in
ijaare;
bantii waaqaa isa naannoos
lafa gararraa in dhaabe;
inni bishaan galaanaa waamee,
irra lafaatti lolaasus
maqaan isaa Waaqayyoo dha*!
[7] Waaqayyo, "Yaa namoota
Israa'el, isin anaaf
akkuma ijoollee Kuush
warra fagoo sanaa mitii ree?
Warra Israa'el biyya Gibxiitii
akkuman ol baase,
warra Filiisxiyaa biyya Kaftor
keessaa,

warra Aaramis biyya Qiir
keessaa
nan fide mitii ree?"
jedhee dubbateera*.
*5 8:8; Far 104:32
*6 Far 104:3
*7 3:1-2; Er 47:4

8 Kunoo, Waaqayyo gooftaan
mootummaa
biyya cubbamaa kana
ija dbeekkamsaatiin in ilaala;
Waaqayyo, "Ani lafa irraa
isa nan balleessa;
baa ta'u iyyuu malee, sanyii
Yaaqoob guutummaatti bin
balleessu*.
9 Kunoo, ani saba lafa irraa
isinitti nan abbooma,
akka nama midhaan
gingilcbuus,
isin warra Israa'el
akka gingilchan nan godha,
kan bin barbaadamnes tokko illee
gingilcbaa keessa bin darbu.
10 Saba koo keessaa cubbamoonni
warri,
'Wanti bamaan nutti bin
dhi'aatu, nu bin qaqqabus'
jedhan
bundinuu billaadhaan in du'u"
jedhee dubbateera*.
*8 6:8-10
*10 6:3; Mik 3:11

Israa'el Deebitee
Dhaabamuuf Akka Jirtu

11 Ammas Waaqayyo,
"Gaaf tokko immoo manni
Daawit
inni jige ol ka'ee
akka dhaabatu nan godha,
keenyan mana isaa isa dhagaas
nan deddeebisa,
isa hurraa'es wal nan
qabacbiisa,
akka isaa duriittis deebisee nan
ijaara.
12 Isaan biyya Edoom keessaa
warra hafan,
saba lafa irraa keessaa
warra kan koo ta'anii beekaman
bundumaas haa qabatan!"
jedhee dubbateera;
gooftichis kana in godha*.
*11-12 2Sam 8:1-14; 1Mot 5:1;
HoE 15:16-18; Oba 19-20

13 Waaqayyo, "Kunoo, barri tokko
in dhufa;
bara sanas utuu
namni sanyii facaasuu,
booddee isaatiin immoo inni
tokko haamaatti in ka'a;
akkasumas utuu inni tokko
ija waynii cuunfuu,
inni kaan dhaabuuf
lafa baqaqsuutti in ka'a;
tulloonni, cuunfaa waynii
isa haaraa in coccophsu,
gaaronni bundinuus in fiilu*.
14 Saba koo Israa'elin gara gaariitti
nan deebisa;
isaan mandaroota diigaman
deebisanii ijaaranii keessa
jiraatu;
iddoo dhaabaa waynii in
qopheeffatu,
daadhii waynichaas in dhugu,
lafa muka ija kennu dhaabbatan
in qabaatu,
ija isaas in nyaatu*.
15 Biyya isaanii irra isaan nan
dhaaba,
biyya ani isaaniif kenne
keessaas
deebi'anii bin buqqifaman"
jedhe*;
inni kana dubbate immoo
Waaqayyo gooftaa kee ti*.
*13 Lew 26:5; Yoe 4:18
*14 Kes 30:3; Isa 65:21-22; Er 31:5;
Hos 14:8
*15 Er 24:6

Macaafa Obaadiyaa Raajichaa

Firdiin Edoom Irratti Akka
Dhufu Himuu Isaa
(Isa 34:5-17; 63:1-6; Er 49:7-22;
His 25:12-14; 35:1-15; Amo 1:11-12;
Mil 1:2-5)

1 Mul'anni Waaqayyo gooftaan
waa'ee biyya Edoomiif
Obaadiyaatti mul'ise
kanatti fufee jira;
ergamaan tokko
gara saba biyya lafaa irra
jiraniitti ergamee,
"Ka'aa! Dhaqnee
biyya Edoom in lollaa!"
jechuuf akka jiru
nuyi Waaqayyo irraa
dbageenyeerra.
2 Ammas Waaqayyo, "Kunoo,
saba lafa irraa keessaa ati akka
xinnaattu,
raawwattees akka tuffatamtu
nan godha;
3 ati yaa isa mana kee
iddoo ol jedhaa irratti
ijaarrattee,
yaa isa holqa dhagaa keessa
jiraattuu,
'Eenyutu lafatti gad na buusa?'
jettuu,
of tuulummaa garaa keetiitu si
gowwoomse*.
4 Ati akka joobiraa yoo ol kaate
iyyuu,
mann'ee kees urjoota gidduutti
yoo ijaarratte iyyuu,
ani achii gad sin buusa"
jedhee dubbateera*.
*3 Lak 24:21
*4 Isa 14:13

5 Hattuun yookiis saamtuun
balkaniin mana kee dhufuun
si balleessuudhaaf yoo ta'e
iyyuu,
bammuma barbaadan hatu mitii
ree?
Warri ija waynii ciratanis
yoo dhufan,
qarmii in bambisu mitii ree?
6 Garuu attamitti qabeenyi
Esaawuu fonqolfame,
badhaadhummaan inni
dhokfates
attamitti akka jirutti saamame
ree?
7 Warri garee keetii hundinuu
gara daariitti si in dhiibu,
firoonni kees
gowwoomsaadhaan si
mo'u;
firoonni kee warri amanamoon
dhoksaatti kiyyoo si dura in
kaa'u,
"Inni immoo hin hubatu" siin
jedbu.

8 Guyyaa sanatti Waaqayyo,
"Ani warra ogeessota Edoom
keessaa,
warra hubatoo tulluu Esaawuu
irraa bin balleessuu ree?"
jedhee dubbateera.
9 "Yaa Temaan! Loltoonni kee in
sodaacbifamu,
warri tulluu Esaawuu irra
jiran hundinuus
ajjeefamanii in dhumu.
10 Obboleessa kee Yaaqoob irratti
bumnaan waan kaateef,
in yeellaasifamta,
bara baraanis in badda.
11 Yommuu warri ormaa loltoota
isaa booji'anii
dallaa isaatti ol lixanii
Yerusaalem irratti muka
buufatan,
atis akkuma warra kaanii
isaanitti taatee,
irraa fagaattee in dhaabatte*.
12 Guyyaa obboleessi kee rakkatutti
isa tuffacbuun,
guyyaa badiisa namoota
Yibudaatti, gammaduun,
yeroo dhipbina isaaniittis
isaanitti baannachuun
siif hin ta'u ture!
13 Guyyaa badiisi saba kootti
dhufutti
dallaa isaaniitti ol lixuun,
guyyaa badiisa isaaniitti isaanitti
ga'isuun,
isaan saamuunis
siif hin ta'u ture*!
14 Guyyaa dhipbina isaaniitti
karaa qaxxaamuraa irra
dhaabattee
eegdee warra baqatanii ba'an

rukuttee ajjeesuun,
warra bafanis dabarsitee kennuun,
siif hin ta'u ture!
**10-11 Amo 1:11; Yoe 3:19; Far 137:7; Faru 4:21-22*
**12-13 Faru 1:7*

15 "Guyyaan ani Waaqayyo
saba hundumaatti faradu dhi'aateera;
akkuma ati nama irratti hojjette
si irratti in bojjetama;
bojiin kees mataa keetti in deebi'a*.
16 Akkuma sabni koo tullun koo isa qullaa'aa irratti
xoofoo dbeekkamsaa keessaa dhugan
akkasuma immoo sabni hundinuu utuu wal irraa bin kutin
isa in dhugu;
isaan qodaa isaa keessaa
xuruurfatanii in dhugu,
akka waan hin jirrees in ta'u*.
17 Warri hafan garuu
tullun Xiyoon irra in jiraatu,
tullicbis qulqullaa'aa in ta'a;
sanyiin Yaaqoob immoo
warra lafa isaanii fi qabeenya isaanii
isaan irraa fudhatee harkaa deebisanii in fudhatu*.
18 Yommus egaa sanyiin Yaaqoob ibidda,
sanyiin Yoseefis
barbadaa itti ta'anii,
sanyii Esaawuu isa akka babaqii
gubanii in fixu;
sanyii Esaawuu keessaa kan oolu
tokko illee bin jiru" jedhee dubbateera*.
**15 Yoe 3:14-16*
**16 Er 25:15; Faru 4:21*
**17 Yoe 2:32; 3:17; Isa 14:32*
**18 Zak 12:6*

19 Warri biyya gara mirgaa tullun Esaawuu,
warri gaara jala jiraatan immoo
biyya Filiisxiyaa in qabatu;
isaan Samaariyaadhaa fi
lafa sanyii Efreem in qabatu,
sanyiin Beniyaamin immoo
Giil'aadin in qabatu.
20 Loltoonni Israa'el
warri booji'amanii turan
biyya Kana'aan hamma Zaarefaatitti in qabatu;
warri Yerusaalemii booji'amanii
Sefaaraad jiran immoo
mandaroota biyya
gara mirgaa keessa jiran in qabatu.
21 Warri isaan furan tullun Xiyoon irratti
ol ba'anii Esaawuutti in faradu;
yommus mootummaan
kan Waaqayyoo in ta'a*.
**21 Isa 24:23; Far 99:1-2*

Macaafa Yoonaas Raajichaa

Yoonaas Hojii Itti Waamame Dhiisee Iddoo Biraatti Ka'uu Isaa

1 1 Gaaf tokko dubbiin Waaqayyoo
gara Yoonaas ilma Amiitaayi dhufee*, 2 "Ka'ii, gara Naawwee mandara guddittii dhaqi! Hamminni namoota ishee guddatee na bira waan ga'eef, irratti labsi!" jedhe. 3 Yoonaas garuu isa dhiisee, fuula Waaqayyoo duraa mandara Tarshiishitti baqachuudhaaf ka'e; mandara Yopheetti gad bu'ee markaba Tarshiish dhaqu argate; inni warra markabicbaa wajjin adeemuudhaaf gatii isaa baafatee, fuula Waaqayyoo duraa gara Tarsbiishitti sokkuudhaaf keessa in lixe*.
**1 2Mot 14:25*
**3 Far 139:7-10*

Waaqayyo Qilleensa Jabaa Itti Kaasee Yoonaasin Adabuu Isaa

4 Yommus Waaqayyo qilleensa jabaa galaanichatti kaase; bubbeen humna-qabeessis galaanichatti waan ka'eef markabicbi caccabuu bira ga'e*. 5 Yeroo sanatti warri markaba oofan in sodaatan; namnis adduma addaan gara Waaqayyo isaatti iyye; akka itti salphatuuf mi'a markabicba irraa galaanatti gad daddarbatan; Yoonaas garuu kutaa markabicbaa keessa lixee ciisee, rafees of gatee ture*. 6 Ajajjuun markabichaa immoo isatti dhi'aatee, "Attamitti akkas of gattee rafta? Ka'ii, Waaqayyo kee waammadhu! Tarii Waaqayyo kun akka nuyi bin badneef nu yaadata ta'a!" jedhe*.
**4 Far 107:23-26*
**5 HoE 27:18*
**6 Mar 4:38*

7 Kana booddees warri markabaa adduma addaan, "Wanti hamaan kun sababii eenyuutiif akka nu irra ga'e beekuudhaaf, kottaa muka buufannaa!" waliin jedhan; kanaaf isaan muka buufannaan, mukti Yoonaas irra bu'e*. 8 Kana irratti isaan, "Wanti hamaan kun sababii eenyuuf nu irra ga'e? Hojiin kee maali? Eessaa dhufte? Biyyi kee eessa? Sanyiin kee maali? Nutti himi!" ittiin jedhan. 9 Inni immoo, "Ani Ibricba; Waaqayyoon isa gooftaa ta'ee waaqa irra jiraatu, isa galaanaa fi lafa uume nan waaqeffadha" jedhee, isaaniif deebise*. 10 Inni waa'ee ofii isaa waan isaanitti himeef, jarri fuula Waaqayyoo duraa baqachaa akka inni jiru in bubatan; kanaaf isaan guddaa sodaatanii, "Maali, ati attamitti akkas goote?" ittiin jedhan. 11 Galaanichi ittuma dabalee hunkuramaa waan adeemeef isaan, "Galaanicbi nu irraa akka gab jedhuuf attam si goonu ree?" jedhanii isa in gaafatan. 12 Kana irratti Yoonaas, "Fuudhaatii galaanicba keessa na buusaa! Yoos galaanichi isin irraa gab in jedha; bubbeen humna-qabeessi isinitti ka'e kunis sababii kootiif ta'uu isaa anoo beekeera" isaaniin jedhe.
**7 Fak 16:33*
**9 Uma 1:9-10*

13 Jarri immoo markabicha deebisanii gara lafaatti baasuudbaaf jabeessanii in mooqan; garuu hunkuramuun galaanichaa isaanitti dabalaa waan adeemeef, kana gochuu hin dandeenye. 14 Yommus isaan Waaqayyoon isa galaanaa fi lafa uume waammatanii, "Hadaraa yaa Waaqayyo! Lubbuu namicha kanaa nu harkaa barbaaddee nu hin balleessin! Akka warra dhiiga nama balleessaa bin qabne dhangalaasaniittis nu hin lakkaa'in! Yaa Waaqayyo, kana akka sitti tolutti situ hojjete" jedhan. 15 Yoonaasin immoo fuudhanii galaanicha keessa buusan; galaanichis hunkuramuu isaa isa sodaachisaa in dhaabe. 16 Jarri ittumaa guddisanii Waaqayyoon sodaatan; Waaqayyoof aarsaa in dhi'eessan, warcegas in warcegan.

2 1 Waaqayyo yeroo sanatti, qurxummiin guddaan tokko achitti argamee, Yoonaasin akka liqimsu godhe; akkasitti Yoonaas garaa qurxummichaa keessa guyyaa sadii fi halkan sadii ture*.
**1 Mat 12:40; 16:4*

Yoonaas Waaqayyoon Kadhatee Oolfamuu Isaa

2 Yoonaas immoo garaa qurxummichaa keessaa
Waaqayyo isaa goofticba in kadhate;
3 "Yaa Waaqayyo,
ani rakkina koo keessatti si nan waammadhe,
ati yommus ana jalaa in owwaatte;
garaa iddoo lafa jalaa keessaa sitti nan iyyadhe,
ati immoo sagalee koo anaaf in dhageesse*.
4 Ati tuujjuba keessatti,
garaa galaanaa keessatti na darbatte;
bishaan humnaan lola'us ana marsee ture,
dha'aan kee fi tuulamee darbatamuun bishaan keetii bundinuu ana irra in yaa'an*.
5 Yommus, 'Anoo fuula kee duraa gatameera,
deebi'ee mana qulqullummaa kee nan arga laataa?'
jedhee nan yaade*.
**3 Far 120:1; Faru 3:55*
**4 Far 42:7*
**5 Far 31:22*

6 "Bishaanonni mataa koo irra yaa'anii,
lubbuu koof in sodaachisan;
tuujjubni na marsee,

margi bishaan keessaas
mataatti na marme*.
7 Yommns ani gara bundee
tullootaatti,
gara biyya danqaraan isaa bara
baraan
ana irratti cufameetti gad nan
bu'e;
ati garuu yaa Waaqayyo
gooftaa ko,
boolla gad fagon sana keessaa
fayyaatti ol na baafte*.
8 Yeroo lubbuun koo na keessatti
gaggabdetti,
yaa Waaqayyo ko, ani sin
yaadadhe;
kadhanni koos mana kee
isa qulqullaa'aa keessatti
gara kee anaaf in dhufe*.

**6 Far 18:4; 69:1-2*
**7 Far 40:2; 103:4*
**8 Far 18:6; 142:1-3*

9 "Warri waaqayyolii tolfaman
warra waa'ee hin baafneef
safuu buufatan,
Waaqayyoon isa gaarummaa
isaanitti argisiisu in dhiisu*.
10 Ani garuu sagalee galataatiin,
aarsaa siif nan dhi'eessa;
wanta ani wareeges nan baasa;
fayyisuun kan Waaqayyoo ti!"
jedhe*.

11 Ergasii Waaqayyo qurxummichatti in dubbate, inni immoo gara lafa gogaatti baasee Yoonaasin ol deebise.

**9 Far 31:6*
**10 Far 22:25; 50:14; 116:17-18*

Yoonaas Lafa Waaqayyo Itti Ergee Ture Dbaquu Isaa

3 1 Ergasii dubbiin Waaqayyoo si'a lammaffaa gara Yoonaas dhufee, 2 "Ka'ii, gara Nanawwee mandara gudditti dhaqi, wanta ani akka ati labsituuf sitti himus irratti labsi!" jedhe*. 3 Kana irratti Yoonaas akkuma Waaqayyo isatti himetti ka'ee gara Nanawwee dhaqe; Nanawween fuula Waaqayyoo duratti iyyuu mandara baay'ee guddoo turte, gara tokkoon lixanii gara kaaniin ba'uudhaaf adeemsa guyyaa sadii in fudbata ture*. 4 Yoonaas mandarattii keessa lixuu jalqabee, adeemsa guyyaa tokkoo erga adeemee booddee, "Nanawween garagaggaluudhaaf guyyaa afurtama duwwaatu hafe!" jedhee labse.

**1-2 1:2*
**3 4:11*

Warri Nanawwee Gara Waaqayyootti Deebi'anii Ooluu Isaanii

5 Warri Nanawwee dhaamsa Waaqayyoo kana amananii fudhatan; gurguddaan, xixinnaanis akka soomaniif labsanii, uffata gaddaas in uffatan*. 6 Dubbiin kun mootii Nanawwee bira in ga'e, yommus inni teessoo isaa irraa ka'ce, uffata isaa isa surra-qabeessa of irraa fuudhee, uffata gaddaa uffatee daaraa keessa in taa'e. 7 Achumaan mootichi guutummaa mandara Nanawweetti labsiin akka labsamu in godhe; labsiin ba'e sunis, "Mootichaa fi gurguddoota isaa biraa akka abboomametti namni, sa'i, busbaayeen, horiin qe'ee warri kaanis, waa afaaniin hin qabin, marga hin dheedin, bisbaan iyyuu bin dhugin! 8 Namnii fi horiin gadda baa uffatan; jabeessaniis gara Waaqayyootti haa iyyan; namni adduma addaan karaa isaa isa bamaa irraa, irree isaa nama irratti argisiisuu irraas haa deebi'u! 9 Waaqayyo isa fiduuf yaade dhiisee in deebisa ta'a, maaltu beeka? Akka nuyi hin badnettis aarii isaa isa finiinaa irraa in deebi'a ta'a" kan jedhu ture*.

**5 Isa 58:5; Mat 12:41; Yoe 1:14*
**9 Yoe 2:13-14; Amo 5:15*

10 Waaqayyo kana gocbuu isaanii, karaa isaanii isa bamaa irraa deebi'uu isaaniis in arge; kanaaf inni wanta hamaa isaanitti fiduudhaaf dubbate sana in dhiise, irrattis bin fidne*.

**10 Er 18:7-8*

Aarii Yoonaasii Fi Araara Waaqayyoo

4 1 Yoonaas waa'ee kanaaf baay'ee dallanee, aaree in boba'es; 2 yommus inni Waaqayyoon kadhatee, "Maaloo yaa gooftaa, utuun biyya kootii hin ka'in, inni ani sodaadhe isuma kana mitii ree? Ati Waaqayyo araaraqabeessa, oo'a-qabeessa, aariitti suutajedhaa dha, gaarummaan kee baay'ee dha, wanta hamaa fiduuf jettees in dhiifta; ani kana beekeen harka si dursee Tarshiisbitti sokke*. 3 Amma

immoo yaa Waaqayyo, ani jiraachuu irra du'uu anaaf wayya, hadaraa lubbuu koo ana keessaa fuudhi!" jedhe*.

**2 Bau 34:6*
**3 1Mot 19:4*

4 Waaqayyo immoo deebisee, "Ati aaruun siif in ta'aa ree?" jedheen.

5 Yommus Yoonaas mandaricha keessaa ba'ee, mandaricha irraa gara ba'a-biiftuutti goree taa'e; achitti godoo baalaa walitti qabatee, wanta mandarattiitti dhufu hamma argutti gaaddisa isaa jala taa'e. 6 Yommus Waaqayyo gooftaan biqiltuun akka qobboo biqilee, gaaddisa isaa mataa Yoonaas irra buufatee dallansuu isaa akka itti fooyyeessuuf godhe; Yoonaas immoo biqiltuu sanatti baay'isee in gammade. 7 Borumtaa garuu yeroo boruun baqaqutti Waaqayyo, raammoon tokko biqiltuu akka qobboo sana akka ciniintu in godhe; biqiltuun sunis in goge; 8 yeroo aduun baatetti immoo Waaqayyo, qilleensi ba'a-biiftuu inni gubaan akka isatti qilleensa'u in godhe; aduunis hamma Yoonaas gaggabutti mataa isaa waraane; yommus inni, "Jiraachuu irra du'uu anaaf wayya" jedhee du'uu in hawwe*.

**8 4:3*

9 Waaqayyo ergasii Yoonaasiin, "Ati waa'ee biqiltuu sanaaf aaruu in tolchitee?" jedhe; inni immoo, "Ani hamma du'aatti aaruuf iyyuu nan tolche" jedhee deebiseef*. 10 Waaqayyo garuu, "Ati biqiltuu waan tokko itti bin dadbabiniif, isa hin guddisiniif, isa halkan tokkotti ba'ee halkanuma tokkotti immoo badeef in gaddita; 11 mandara Nanawwee keessa namoota kumaatama dhibba tokkoo fi kuma digdama irra caalanii fi horii qe'ee baay'eetu jiraata; namoonni ishee keessa jiraatan sun warra bitaa fi mirga iyyuu gargar baasuu hin dandeenyee dha; egaa ani immoo mandara guddittii namoonnii fi horiin hammasii keessa jiraatan kanaaf garaan ana hin jibbuu ree?" jedhe.

**9 4:4*

Macaafa Miikiyaas Raajichaa

Ittiin Lixa

1 1 Kun dubbii Waaqayyoo isa bara Yotaam, Ahaaz, Hisqiyaasis tarreetti Yihudaa irratti mo'anitti gara Miikiyaas nama mandara Mooresbeet dhufeef, mul'ata isa waa'ee Samaariyaa fi waa'ee Yerusaalemiif itti mul'atee dha*.

**1 Isa 1:1; Er 26:18; Hos 1:1*

Firdiin Israa'elli Fi Yihudaatti Dhufuuf Akka Jlru Himuu Isaa

2 Waaqayyo gooftaan mana
qulqullummaa isaa keessaa
isin irratti dhugaa in ba'a;
sabni lafa irraa guutummaatti
waan gooftichi jedhu haa
dhaga'an!
Biyyi lafaa, warri isa keessa
guutanis
yaadaan haa qaban!
3 Ilaa! Waaqayyo iddoo jiruu in
ba'a, gadis in bu'a,
lafa ol jedhaa gararraas in
adeema*.
4 Tulloonni akka gagaa ibiddi
baqsuu
isa jalatti in baqu,
akka lafa bishaan irraan-gadee
lola'u qotuuttis
dachaawwan in tatarsa'u*.

**2-3 Isa 26:21; Amo 4:13*
**4 Far 97:5*

5 Kun hundinuu immoo sababii
irra-daddarbaa Yaaqoobiif
sababii cubbuu
mana Israa'eliif ta'e;
Yaaqoob akka irra daddarbu
eenyutu godhe?
Samaariyaa dha mitii ree?
Yihudaa keessatti iddoo itti
waaqayyolii tolfamaniif

sagadan eenyum qopheesse?
Yerusaalem mitii ree*?
6 Kanaafis Waaqayyo,
"Ani mandara Samaariyaa
caccabsee lafatti nan dabala,
lafa muka waynii dhaabanis
isa nan godha;
dhagaa ijaarsa mana isheetii
dachaatti gad nan naqa,
bundee ishees bakkeetti nan
baasa.
7 Bifni fakkeenyaa isheen
waaqessitu
bundinuu in burreeffamu,
galchiin ishee keessatti argamu
bundinuus ibiddaan in gubama,
waaqayyoliin tolfamoon ishee
akka gatii dhaban nan godha,
wanti isheen waaqayyolii
isheetiif hojjechuuf
ejjaan argatte immoo deebi'ee
hojii ejjummaaf in ta'a" jedhe*.
5 1Mot 16:24-26; 2Mot 23:13; Er 23:13-14
7 Hos 8:4; 13:2; 4:14

Rakkinni Waan Dhufuuf Jiruuf Boo'uu Isaa

8 Sababii kanaaf ani nan boo'a
nan wawwaadha,
miilla qullaa, uffata malees
nan adeema;
akka waangoo nan wawwaadha,
akka guchii goromtiis nan
boo'a*.
9 Madaan rukuttaa mandarattii
isa fayyu miti;
gara biyya Yihudaa dhufeera,
karra Yerusaalem
ishee kan saba kootii bira
iyyuu ga'eera.
8 Iyo 30:29

10 Mandara Gaatitti kana hin
biminaa!
Mandara Aakoo keessatti hin
boo'inaa!
Mandara Bet-Le'aafraatti
immoo
awwaara keessa gangaladhaa*!
11 Isin warri mandara Shaafiir
qullaa keessan yeelloodhaan
ba'aa!
Warri Zaanaan mandaraa
isaaniitii
gad hin ba'in!
Boo'icbi mandara Bet-Ezel
achi isin hin dhaabachiisu;
12 warri mandara Maaroot
wanta gaarii dhimmanii
eeggatu;
wanti bamaan immoo
Waaqayyo biraa
balbala kellaa Yerusaalem
irratti
gad in dhufa.
13 Yaa warra mandara Laakiish,
teepha konkolaataa,
farda isa harkiautti hidhaa!
Irra-daddarbaan Israa'el keessatti
bojjetamaa ture
isin gidduutti argame;
warra Xiyoonis isintu
cubbuu bojjechuu jalqabsiise*.
14 Kanaafis isin
mandara Mooresheet-Gaat
gad in dhiiftu;
manneetiin mandara Akziib
mootota Israa'el in
gowwoomsan.
10 2Sam 1:20
13 Isa 2:7; 30:16

15 Isin yaa warra Maresbaa,
isa ammas dhufee
mandara keessan qabatu
Waaqayyo isinitti in fida;
Israa'el keessaa warri
ulfina qaban
gara Adulaam in dhufu*.
16 Gadda ijoollee warra
mararsiifattaniif
rifeensa mataa keessanii
murmuradhaa
yookiis mataa keessan
haaddadhaa!
Isaan isin duraa
waan booji'amaniif,
mataa keessan akka mataa
goggocorpo
isa rifeensi irra hin jirree
godhadhaa*!
15 1Sam 22:1
16 Er 7:29

Qooda Warra Namoota Cunqursanii

2 1 Warra siree isaanii irra ciisanii
akeeka jal'inaa baasanii
hamaa qopheessaniif wayyoo!
Kana gochuudhaaf humni

harka isaanii keessa waan
jiruuf, yommuu lafti bari'u
isaan kana hojii irra in oolchu*.
2 Isaan lafa namaa
isa kajeelan humnaan in qabatu;
mana namaa isa barbaadanis in
fudhatu;
nama tokko mana isaa wajjin,
isa kaanis dhaala isaa wajjin in
cunqursu.
1 Far 36:4

3 Kanaafis Waaqayyo in dubbata,
"Ani dhaloota kana irratti
wanta hamaa nan yaada;
yeroo hamaan ta'uuf waan jiruuf,
isin morma keessan
isa jalaa baafachuu hin
dandeessan;
mataa irra-keessa qabattaniis
hin adeemtan.
4 Gaafas weedduu yaada gad fagoo
of keessaa qabu
isinitti in weeddisu,
boo'icha hadhaa'aadhaanis in
boo'u,
'Nuyi raawwannee diigamneerra,
Waaqayyo ga'aa saba keenyaa
in geddara;
attamitti nu harkaa baasa laata!
Inni lafa keenya
warra isa gananiif in bira' in
jedhu.
5 Kanaafis walga'ii gooftichaa
keessatti,
nama muka buusuudhaan
lafa isiniif hiru
tokko illee hin argattan" in
jedha.

Waan Isaanitti Dhufu Raajii Dubbachuu Isaa

6 Isaan, "Hin lallabinaa!
Wanti akkasii waan lallabamu
miti!
Salphinnis nu irra hin ga'u*!
7 Yaa mana Yaaqoob,
wanti akkasii in jedhamaa ree?
Hafuurri Waaqayyoo obsa
dhabee ree?
Hojiin isaas kan akkasiitii ree?
Isa gara-qajeelinaan
deddeebi'uuf immoo dubbiin
isaa
waan gaarii hin godhuufii ree?"
jedhanii in lallabu.
6 Isa 30:10; Amo 7:16; 2:12
8 Waaqayyo immoo, "Isin garuu
akka diinaatti saba koo irratti
in kaatan,
warra duulaa deebi'anii 'Nagaa
dha'
jedhanii amanatanii
achiin darban irraas
wayyaa isaanii
isa irra-keessatti uffatan
irraa in baafattan*.
9 Dubartoota saba koo mana
isaanii
isa isaanitti tolu
keessaa gad ooftan;
simboo ani ijoollee isaaniif
kennes
bara baraan irraa fudhattan*.
10 Xuraa'ummaan waan isa
balleessuuf,
badiisi gaddisiisaanis
waan isa mancaasuuf,
iddoon kun lafa
itti boqotan miti;
ka'aa asii adeemaa!" jedhe.
11 Namni tokko dhufee qilleensa
keessaa fuudhee
soba yoo dhageessise,
"Ani waa'ee daadhii waynii fi
waa'ee dhugaatii jabaa isinitti
nan lallaba"
yoo jedhes, saba kanaaf
isatu lallabaa dha*.
8 Bau 22:25-26
9 2Mot 4:1
11 His 13:9-10; Er 6:13-14

Abdii Deebi'anii Dhaabamuu

12 Waaqayyo, "Ani dhuguma
hunduma keessan
walitti nan sassaaba, yaa sanyii
Yaaqoob!
Saba Israa'el keessaas
warra hafan walitti nan qaba;
akka hoolotaa karra tokko keessaa
walii wajjin
isaan nan teessisa,
akka karra dheedicha irra jiruus
tuuti namootaa in buursu"
jedhe*.
13 Inni cabsee karaa banu
isaan dura in ba'a;
isaan cabsanii
balbala kellichaa keessa
darbanii jalaa in ba'u;
mootiin isaanii darbee

isaan dura in adeema,
Waaqayyo isaan dura in bu'a*.
12 His 34:15; 6:37-38; Er 31:10
13 Isa 52:12

Warra Jal'inaan Saba Geggeessan Irratti Dubbachuu Isaa

3 [1] Yommus ani warra ijoollee Yaaqoobiif
dura buutuu ta'aniin,
warra mana Israa'el geggeessaniinis,
"Mee dhaggeeffadhaa!
Wanta qajeelaa ta'ee fudhatame beekuun isiniif hin ta'uu ree?
[2] Isin garuu wanta gaarii in jibbiru,
wanta hamaa immoo in jaallattu;
namoota irraa gogaa isaanii,
lafee isaanii irraas foon isaanii in qunciftu.
[3] Foon saba kootii kan nyaatu,
gogaa isaanii kan irraa baasu,
lafee isaanii kan caccabsu,
akka nama foon xuwweetti naquudhaaf murmuruu,
huurootti naquudhaafis kukkutuu
kan godhu, isin!
[4] Yeroon itti isin gara Waaqayyootti iyyitan in dhufa,
inni garuu isiniif hin deebisu;
isin hamaa waan hojjettaniif,
inni yeroo sanatti fuula isaa isin duraa in dhoksa" nan jedhe*.
1-4 2:1-3,8-9; 3:9-11; 6:12; Isa 1:17; Far 14:4; 58:1-2; Fak 1:28; His 8:18

[5] Raajonni warri saba koo karaa irraa kaachisan,
waan nyaatan argannaan
"Nagaa dha" jedhanii in himu;
nama waa afaan hin keenyeen immoo
"Lolatu ka'e" in jedhu;
Waaqayyo warra akkasii kanaan*,
[6] "Isin raajota kanatti halkan isinitti in ta'a,
mul'ata hin argitan;
isinitti in dukkanaa'a,
hoodas hin dubbattan;
aduun isin duraa in lixxi,
guyyaanis isinitti in dukkanaa'a.
[7] Warri waan akka mul'ataa argaa turan in yeella'u,
warri hooda dubbachaa turanis in qaana'u;
Waaqayyo biraa deebiin waan dhabameef,
hundumti isaanii mataa in qabatu*.
[8] Ani garuu Yaaqoobitti irra-daddarbaa isaa,
Israa'elitti cubbuu isaa himuudhaaf humna,
hafuura Waaqayyoo,
wanta dhugaa ta'e beekuu,
ija jabina guutuus argadheera*.
5 Er 6:13-14
6-7 Amo 8:11-12
8 Isa 58:1

[9] "Isin warri mana Yaaqoobiif
dura-buutuu taatan,
warri mana Israa'el geggeessitan kana dhaggeeffadhaa!
Wanti qajeelaa ta'ee fudhatame isin in jibbisiisa,
wanta qajeelaa bundumaas in jal'iftu.
[10] Isin Xiyoonin dhiiga dhangalaasuudhaan,
Yerusaaleminis jal'inaan in ijaartu*.
[11] Warri dura-buutuu isbee ta'an gabbarsuu fudhatanii firdii in kennu,
luboonni ishee gatii fudhatanii nama in gorsu,
raajonni ishees horii fudhatanii hooda in dubbatu;
kanuma irratti iyyuu,
'Waaqayyo nu gidduu jira mitii ree?
Wanti hamaan nu hin argaru' jedhanii ana Waaqayyoon in abdatu" jedhe*.
[12] Ammas sababii keessaniif
Xiyoon lafa qotiisaa taatee in qotamti,
Yerusaalem lafa ruullaa dhagaa caccabaa in taati,
tulluun manni qulqullummaa irra jirus
lafa ol jedhaa
caakkaan fudhate in ta'a*.

10 Amo 5:11-12; Anb 2:12
11 Er 7:4,10; Amo 9:9-10; Mik 2:6-7
12 Er 26:18; Far 79:1

Mootummaan Gooftichaa Inni Nagaan Dhufuuf Akka Jiru
(Isa 2:2-4)

4 [1] Bara booddeetti
tulluun manni Waaqayyoo irra jiru,
tulloota bundumaa keessaa
akka isa caaluutti
jabaatee in dhaabata;
gaarota hundumaa gararraatti
ol in ka'a;
sabni hundinuus gara isaatti in yaa'u.
[2] Sabni lafa irraas baay'atanii in dhufu;
Xiyoon keessaa seerri,
Yerusaalem keessaas
dubbiin Waaqayyoo waan ba'uuf,
"Karaa isaa akka inni nu barsiisuuf,
nus daandii isaa irra akka adeemnuuf,
kottaa gara tulluu mana Waaqayyootti,
gara mana Waaqayyoo isa kan Yaaqoobitti
ol in baanaa!" in jedhu.
[3] Inni saba baay'ee gidduutti firdii in kenna,
saba jajjaboo fagoo jiraataniifis murtoo in godha;
isaan billaa isaanii maarashaa,
eeboo isaaniis isa ittiin muka qeexxa'an
in tumsiifatu;
egaa sabni sabatti billaa hin luqqifatu,
isaan deebi'aniis lola hin baran*.
[4] Garuu isaan adduma addaan
muka waynii isaanii jala,
harbuu isaanii jalas in taa'u;
namni tokko illee isaan hin sodaachisu;
isa kana immoo afaan Waaqayyo
gooftaa maccaatu dubbate*.
1-3 Isa 2:1-4
4 1Mot 5:5; 2Mot 18:31; Zak 3:10

[5] Sabni warri kaan hundinuu adduma addaan
maqaa waaqayyolii isaaniitiin in deddeebi'u;
nuyi garuu yeroo hundumaa bara baraan
maqaa Waaqayyo keenya gooftichaatiin in deddeebina.

Sabni Israa'el Inni Bittimfame Deebi'uu Isaa

[6] Waaqayyo, "Gaafas
ani warra hokkolan walitti nan sassaaba,
warra bittimfaman,
warra ani hamaa irratti hojjedhes walitti nan qaba*.
[7] Ani warra hokkolan,
warra hafanii qusataman,
warra achi fagaatanii turanis
saba jabaa nan godha;
tulluu Xiyoon irrattis, gaafasii jalqabee
hamma bara baraatti isaan irratti nan mo'a"
jedhee dubbateera*.
6 Er 31:8; His 34:12-16; Kes 30:4
7 Isa 60:22; Far 48:2-3; 99:1-2

[8] Ati immoo yaa riqaa eegduun hoolotaa
irra ijaajjuu,
yaa tulluu mandara Xiyoon!
Akka duriitti mo'uun
harka keetti in deebi'a,
mootummaan mandara Yerusaalem in dhufa.

[9] Ammas mootiin si keessa hin jiru moo?
Ati maaliif guddiftee iyyita?
Gorsituun kee badnaan
akka dubartii da'uuf jettuu
ciniinsuun si argatee*?
[10] Yaa mandara Xiyoon ciniinsifadhu,
ijoollee kees of keessaa baasi!
Isinis ijoolleen ishee
amma mandara keessaa in baatu,
biyya keessattis bakkee in buufatru;
biyya Baabilon in dhaqxu;
achitti in ooltu,
achitti harka diinota keessanii keessaa,

Waaqayyo isin in fura*.
**9 Er 8:19*
**10 2Mot 24:15-16; 25:11*

11 Amma yeroo kanatti immoo
sabni lafa irraa baay'een
si irratti walitti in qabamu,
"Isheen haa xurooftu,
nus Xiyoon akkas ta'uu ishee
arguutti in gammanna" in
jedhu.
12 Garuu isaan yaada Waaqayyoo
hin beekan,
inni akka bissii oobdii irraatti
akka walitti isaan qabes,
akeeka isaa hin hubatan.
13 Ka'aa! Yaa ijoollee Xiyoon,
siribsiisaa!
Ani gaanfa keessan sibiila,
kottee keessanis sibiila
boorrajjii nan godha;
isin saba baay'ee
rukuttanii in burreessitu,
waan isaan saaman Waaqayyoof,
badhaadhummaa isaaniis
gooftaa guutummaa biyya
lafaatiif
addaan in baaftu*.
**11-13 Isa 17:12-14*

Rakkina Ammaa Booddee Inni Oolchu Dhufuuf Akka Jiru Dubbachuu Isaa

5 1 Nuyi amma marfamneerra,
yaa warra mandara loltootaa,
loltummaa keessaniin walitti
qabamaa!
Warri nu marsan
isa Israa'elin seerratu
uleedhaan maddii isaa in
rukutu*.
**1 Isa 1:8*

2 Ati immoo yaa mandara
Betlihem-Efraataa,
mandaroota Yihudaa
warra gurguddoota keessaa
ati ishee xinnoo dha;
Israa'elin kan mo'u tokko
si keessaa anaaf in ba'a;
bundeen isa si keessaa ba'uuf
jiruus
kan bara durii durii
bara baraa ti*.
3 Hamma bara isheen
isa da'uuf jirtu sun deessutti,
gooftichi waa'ee namoota
sanaa in dhiisa;
obboloota isa dhalatu sanaa
keessaa warri hafan
gara biyyaa, gara
ijoollee Israa'elitti in deebi'u*.
4 Inni mo'u sun jabaatee in
dhaabata,
bumna Waaqayyootiin,
ulfina maqaa Waaqayyo
gooftaa isaatiinis
isaan in tiksa;
guddinni isaa hamma andaara
lafaatti in beekama;
warri tika isaa jala jiranis
nagaatti in jiraatu*.
5 Isumatu immoo nagaa isaanii ti;
yommuu warri Asor
biyya keenyatti darban,
mana keenya warra jajjaboottis
lixan,
nuyi geggeessituu torba,
gurguddaa namaa saddeetis
itti in kaafna*.
6 Isaan warra biyya Asor
billaadhaan,
warra biyya Naamrodis
billaa huqqifamaadhaan in tiksu;
inni sun immoo harka
warra Asorii dhufanii
biyya keenyatti darbanii
lafa keenya irra ejjetanii, nu
oolcha.
**2 1Sam 16:1,13; Isa 11:1; Er 23:5; Mat 2:4-6; Yoh 7:42*
**3 Isa 7:14*
**4 His 34:23*
**5 Efe 2:14*

Warri Hafan Saba Lafa Irraa Keessatti Humna Godhachuu Isaanii

7 Ijoollee Yaaqoob keessaa warri
hafan
saba baay'ee gidduutti
akka fixeensa Waaqayyo biraa
dhufuu,
akka tiifuu biqiltuu irratti
roobuus in ta'u;
nama hin abdatan,
ijoollee namaas bin eeggatan*.
8 Ijoollee Yaaqoob keessaa warri
hafan
namoota lafa irraa keessatti
saba baay'ee gidduutti,
akka leenca bineensa caakkaa
gidduu jiruu ti;
isaan akka leenca saafela

isa karra hoolotaa gidduu lixee
qabee tatarsaasuu,
isa namni
afaan isaa keessaa oolchu hin
jirrees in ta'u.
9 Harki keessan warra
isin cunqursan irratti
ol haa ka'u;
diinonni keessan hundinuu
lafa irraa haa balleeffaman!
**7 Far 110:3*

Waaqayyo Saba Isaa Secca'uuf Akka Jiru

10 Waaqayyo, "Gaafas waanan
godhu beeka!
Fardeen kee si gidduudhaa nan
balleessa, konkolaataa
ati lolaaf qopheeffattes nan
caccabsa;
11 mandaroota biyya keetii lafa
irraa nan balleessa,
marsaa ati qabdu hundumaas
lafatti nan dabala;
12 qoricha ittiin nama doorsiftu
si harkaa nan balleessa;
moora-ilaaltuus deebitee hin
qabaattu;
13 bifa fakkeenya kee, utuboota
dhagaa
ati jalatti hirreeffattus
biyya kee keessaa nan balleessa;
ati wanta harka keetiin
qopheessitetti
deebitee hin sagaddu.
14 Mukkeetii ati qiqirixxee
waaqayyittii tolfamtuuf
dhaabde si gidduudhaa nan
bubuqqisa,
mandaroota kees nan jijjigsa*.
15 Saba lafa irraa
warra anaaf hin dhageenye
hundumaa
aariidhaa fi dheekkamsaan ijaa
nan ba'a"
jedhee dubbateera.
**10-14 Isa 2:6-8; Zak 9:10; Isa 31:1-3; Zak 13:2*

Hadheeffamuu Suba Israa'el

6 1 Ammas wanta Waaqayyo jedhu
dhaga'aa!
"Ka'ii, dhimma koo
tulloota duratti dhi'eessi,
gaaronnis sagalee kee haa
dhaga'an!"
anaan jedhe*.
2 Isin yaa tulloota nana,
isinis hundeewwan lafaa
warri bara baraan jiraattan,
hadheessa Waaqayyo dhi'eessu
dhaggeeffadhaa!
Waaqayyo saba isaa waan ittiin
hadheessu qaba,
Israa'elittis in falma.
**1 His 6:2*

3 Waaqayyo, "Yaa saba ko,
ani maalan si godhe?
Maaliinan si dallansiise?
Anatti himi*!
4 Anoo biyya Gibxiitii sin baase,
garbummaa jalaas sin fure;
Museen, Aaronii fi Miiryaam
akka si geggeessaniif
isaan ergeera*.
5 Yaa saba ko,
wanta Balaaq mootiin Mo'aab
gochuuf korate,
wanta Bala'aam
ilmi Be'or dcebisecfis,
hojii koo isa qajeelaa akka
hubattuuf
iddoo 'Shiixiim' jedhamuu
hamma mandara Giilgalitti
wanta ta'es yaadadhu!" jedhe*.
**3 Er 2:5*
**4 Bau 20:2; 4:13-16; 15:20*
**5 Lak 22:17-18; 23:7-8; 24:10; Iya 4:19*

Wanta Waaqayyo Nama Irraa Barbaadu

6 Ani maal fudhadhee
Waaqayyo duratti dhi'aadhu?
Waaqayyo isa
ol gararraa jiru durattis
attamitti gugguufu?
Qalma gubamuu fi
jabboota waggaa tokkoo
fudhadhee
fuula isaa duratti dhi'aadhuu
ree*?
7 Gooftichi korbeeyyii hoolaa
kumatti,
dhadhaa ejersaa akkuma
bishaaniitti
lagoota kuma kudhan
keessa yaa'utti in gammadaa
ree?
Irra-daddarbaa koo fi
ilma koo isa angafa,
lubbuu koo oolfachuudhaafis

dhala koo aarsaa cubbuu
godhee dhi'eessuu ree*?
8 Inni wanta gaarii ta'e sitti
himeera.
Yaa namaa! Wanta qajeelaa
ta'ee fudhatame hojjechuu,
gaarummaa jaallachuu, gad of
deebiftees
Waaqayyo kee wajjin
deddeebi'uu malee,
gooftichi maal si irraa
barbaada ree*?
6 Far 50:8-13; Amo 5:22
7 Bau 22:29; His 20:25-26
8 Kes 10:12; Hos 12:7; 1Sam 15:22

9 Sagaleetu dhaga'ama!
Waaqayyo mandaricha in
waama;
maqaa isaa sodaachuun
ogummaa dha,
kanaaf yaa gosaa,
yaa walga'ii mandarichaa
dhaga'aa!
10 Waaqayyo, "Qabeenyi gar-malee
walitti qabame,
qodaan safaraa gad deebi'aan
inni abaaramaanis
amma iyyuu mana warra
jal'ootaa keessa jiraa ree*?
11 Nama miijana jal'isuudhaan
dhagaa safaraas korojoo
keessaa fuudhee
waliin dha'uudhaan hojjetu
calluma jedhee nan dhiisaa
ree*?
12 Hojiin dureessota isbeetii
humnaan nama irratti
ka'uudhaan guuteera,
warri achi keessa jiraatanis
soba in dubbatu,
arrabni isaaniis
haxxummaadhaan in
gowwoomsa*.
10 Lew 19:35-36
11 Fak 20:10
12 3:1-4

13 "Kanaafis ani rukutee sin
dhukkubsachiisa,
sababii cubbuu keetiifis sin
onsa.
14 Ati in nyaatta garuu hin quuftu,
garaan kee keessi amma iyyuu
in beela'a;
in dhokfatta, garuu siif hin oolu;
isa ati baqachiifattu immoo
ani billaadhaaf nan kenna.
15 In facaafta garuu hin galfattu,
dhadhaa ejersaa in baafatta,
garuu ofii hin dibattu;
ija waynii in cuunfatta,
garuu daadhii isaa bin dhugdu*;
16 ani akkan si onsuuf,
warra si keessa jiraatanis
ga'oof akkan godhuuf,
salphina saba koos akka
baattuuf,
ati waan bara mooticha
Omriitti amala ta'e,
wanta mana mooticha Ahaab
keessatti
hojjetamu hundumaas
eegdeetta" in jedha*.
15 Kes 28:38-40; Amo 5:11-12; Sef 1:13
16 1Mot 16:23-33; Sef 2:15; Er 18:16

Biyya Badeef Boo'uu Isaa

7 1 Ani akka nama
erga iji mukaa ciramee
iji wayniis muramee booddee,
haftee barbaaddatee dhabee
waanan ta'eef, anaaf wayyoo!
Ija waynii akkan hin nyaanneef
irratti hin hafne,
ija barbuu isa dura bilchaatu illee
garaan koo kajeelee ture,
garuu irraa nan dhabe.
2 Namni Waaqayyoof of kenne
lafa irraa badeera,
namni yaada qajeelaa qabus
isaan keessa hin jiru;
hundumti isaanii dhiiga namaa
dhangalaasuudbaaf
riphanii in eeggatu;
namni adduma addaan
kiyyootti wal in oofa*.
3 Harki isaanii waan bamaa
bojjechuu
ba'eessa godhee beeka;
namni guddaan barka fuudhaa
in gaafata,
abbaan firdiis gabbarsuu
fudhachuudhaan
firdii in kenna;
inni dubbiin isaa dhaga'amuuf
akkuma garaan isaa barbaade
in dubbata,
isaan kun dubbii micciiranii
walitti in fidu.
2 Far 12:1; 14:3; Er 5:1; Isa 57:1

4 Isaan keessaa inni hundumaa
caalaa
"Ba'eessa" jedhamu akka
qoraattii ti,
inni yaada qajeelaa "Qaba"
jedhamus
dallaa qoraattii caalaatti in
sodaachisa;
guyyaan adabamuu kee inni
warri ilaaltuun
si irratti dhufuu isaa argan
ga'eera;
walii wallaalchifamuun isaaniis
amma ta'uu isaa ti.
5 Hidhata keessan hin amaninaa;
fira isinitti dhi'aatus bin
amanatinaa;
haadha manaa kee ishee
ammattee ciiftutti iyyuu
waa himuu irraa of eeggadhu!
6 Ilmi "Joonja'aa dha"
jedhee abbaa isaa in tuffata,
intalli haadha ishee irratti,
haati manaa ilmaas
amaatii ishee irratti in kaati,
diinonni nama tokkoos
warra mana isaa keessaa in
ta'u*.
7 Ani garuu abdiidhaan
gara Waaqayyoo nan ilaala,
Waaqayyo koo isa ana fayyisu
nan eeggadha,
Waaqayyotu anaaf dhaga'a*.
5-6 Er 9:3-4; Mat 10:35-36; Luq 12:53
7 Isa 8:17; Anb 2:1

Waaqayyo Deebisee Saba Isaa Ol Qabunf Akka Jiru

8 Ani kufeera garuu deebi'ee nan
ka'a,
dukkana keessa nan jiraadha;
Waaqayyo garuu ifa koo ti;
yaa diinota ko,
egaa anatti bin gammadinaa*!
9 Ani Waaqayyoon waanan yakkeef
hamma inni dubbii koo ilaalee
dhugaa koo anaaf baasutti
dheekkamsa isaa isa boba'aa nan
baadha;
inni gara ifaatti na baasa,
ani immoo qajeelina isaa
argee nan gammada*.
10 Diinonni koo warri,
"Waaqayyo gooftaan kee eessa
jira?"
anaan jedhan kana in argu,
yeelloonis isaan in qabata;
karaa keessattis akkuma kosiitti
dhidhiitamuu isaanii arguutti
nan gammada*.
8 Oba 12-13; Far 27:1
9 Er 14:7
10 Far 79:9-10

11 Gaaf tokko masaraawwan kee
deebi'anii in ijaaramu;
gaafas daariin kee in bal'ata.
12 Bara sanatti namoonni kee
warri biyya Asorii
hamma biyya Gibxiitti,
Gibxii hamma laga Efraaxiisitti,
galaanaa hamma galaanaatti,
tulluudhaa hamma tulluutti
tamsa'anii jiraatan
gara kee in dhufu.
13 Ija hojii hamaa warri isa irra
jiraatan
hojjetan irraa kan ka'e,
lafti in ona*.
11-13 Isa 10:5-6; Nah 2:1-3:32

Gara Gaarlitti Deebi'uudhaaf Waaqayyoon Kadhachuu Isaa

14 Saba kee, warra hoolota
dhuunfaa kee godhatte,
ulee keetiin tiksi!
Isaan lafa gaggaarii
isa naannoo isaanii jiru
dhabanii,
caakkaa keessa kophaatti in
jiraatu;
akka bara duriitti biyya
Baasbaanii fi
Giil'aad keessa akka dheedan
godhi*!
15 Akkuma bara biyya Gibxiitii
isaan baafte sanaatti
dinqii nutti argisiisi*!
16 Sabni lafa irraa kana arganii,
humna isaanii hundumaa
keessaa immoo in
yeellaasifamu,
afaan isaanii in qabatu,
gurri isaaniis in duuda.
17 Isaan akka bofaa,
akka warra lafa munyuuqaniis
biyyoo in araabu, rom'aas
iddoo cufatanii taa'an keessaa in
ba'u;
si sodaachuu irraa kan ka'e
rifatanii gara kee,

gara Waaqayyo gooftaa
keenyaatti
gara in galu*.
14 Er 50:19; Far 74:1
15 Bau 14:5-31
17 Uma 3:14; Isa 2:19,21; Far 72:9

18 Yaa Waaqayyo, kan akka kee
cubbuu namaaf dhiisu eenyu
ree?
Ati dbuunfaa kee kan ta'an
keessaa warra hafaniif
balleessaa isaanii irra in
darbitaaf;
ati gaarummaatti in gammadda
malee,
dheekkamsa keessa hin ooltu*.

19 Ati deebitee araara
nutti in argisiifta;
yakka keenya miilla kee jalatti
in gatta,
cubbuu keenya bundumaas
galaana gad fagoo keessa in
buufta.
20 Ati akkuma bara duriitti abboota
keenyaaf kakattetti,
ijoollee Yaaqoobitti
amanamummaa
kan Abrahaamittis
gaarummaa in argisiifta*.
18 Er 50:20; Far 103:8-12; Bau 34:6
20 Uma 22:16-18; 28:13-15; Luq 1:73-74

Macaafa Naahom Raajichaa

Waaqayyo Nanawweetti Dheekkamnu Isaa

1 1 Mul'anni waa'ee Nanawweetiif
Naahom Elqosbichatti mul'ate
macaafa kana keessatti
caafamee jira*.
1 Yon 1:1-2; Isa 10:5-19

2 Waaqayyo hinaafaa dha,
gooftaa ijaa baafatuu dhas;
Waaqayyo ijaa in baafata,
dheekkamsi isaas sodaachisaa
dha;
3 Waaqayyo warra isaan morman
irratti
ijaa in baafata,
dheekkamsi isaas baruma baraan
diinota isaa irratti in hafa.
3 Waaqayyo aangoo guddaa qaba,
dheekkamuuf bin ariifatu;
isa yakke immoo adabuu hin
dhiisu;
inni qilleensa bubbisuu fi
bubbee bumna-qabeessa keessa in
adeema,
duumessoonnis awwaara miilla
isaatii ti*;
4 inni galaana ifatee in gogsa,
lagoonni hundinuus
akka gogan in godha;
Baashaanii fi Qarmelos in
coollagu,
daraaraan Liibaanonis in harca'a*.
5 Fuula isaa duraa tulloonni in
raafamu,
gaaronnis in baqu;
lafti, biyyi lafaa,
wanti ishee keessa jiraatu
hundinuus,
fuula isaa duraa in bollatu*.
6 Dheekkamsa isaa dura
eenyutu dhaabachuu danda'a?
Aarii isaa isa sodaachisaa duras
eenyutu ijaajja?
Dheekkamsi isaa akka ibiddaa in
boba'a,
kattaawwanis fuula isaa duraa
in caccabu.
2-3 Bau 20:5-6; 34:6-7; Kes 4:24
4 Far 106:9; Amo 1:2
5 Far 18:7; 97:4-5

7 Waaqayyo gaarii dha,
yeroo rakkinaatiis iddoo baqaa ti,
warra isa amanatanis beeka*;
8 Nanawwee garuu tinfa lolaatiin
raawwatee in balleessa,
diinota isaas ari'ee
dukkanatti in galcha.

9 Isaan Waaqayyo irratti maal
koratu?
Inni raawwatee isaan in
balleessa;
egaa rakkinni deebi'ee bin
argamu.
10 Isaan akka qoraattiitti wal
xaxanii,
dhugaatii isaaniitiinis
machaa'anii,
akka cidii gogaatti in gubatu.
11 Yaa Nanawwe, inni Waaqayyo
irratti koratu,
inni wanta jal'aa mari'atus si
keessaa ka'e*.
7 Far 18:2
11 2Mot 19:35-36

12 Waaqayyo gooftaan, "Isaan
humna guutuu
yoo qabaatan, baay'ee yoo
ta'anis,
duguugamanii in balleeffamu;
yaa Yihudaa, ani kanaan dura
si dhiphiseera yoon ta'e iyyuu,
si'achi deebi'ee si hin dhiphisu;
13 egaa ani waanjoo isaanii
gurmuu kee irraa nan cabsa,
hudhaa isaas si irraa nan cira"
jedhe*.
13 Isa 9:4

14 Yaa Nanawwe, Waaqayyo,
"Mana waaqayyolii keetii
keessaa
bifa qirixamaa fi
waaqayyolii baqfamanii
bojjetaman
diigee nan balleessa;
ati jibbisiisaa waan taateef,
akka ati awwaalamtu nan
godha;
si'achi immoo sanyiin maqaa kee
waamsisu
siif hin dhalatin!" jedhe;
Waaqayyo waa'ee keetiif jedhee
murtoo kana dabarseera.

15 Yaa Yihudaa, gara ergamaa
isa tulloota irratti misraachoo
himuu,
gara isa nagaa labsuus ilaali!
Ayyaannan kee ayyaaneffadhu,
wareega kees raawwadhu!
Warri hamoonni raawwatanii
waan balleeffamaniif,
si'achi deebi'anii si hin
balleessan*.
15 Isa 52:7

Nanawween Kufuu Ishee

2 1 Yaa Nanawwe, inni rukutee
si caccabsu sitti in dhufa,
masaraa irra eegduu dhaabi,
karaas eegsisi!
Mudhii kee jabeeffadhu,
bumna waraanaa kees
cimsii qopheeffadhu*!
1 Yoe 3:9

2 Warri saamtuun sanyii Yaaqoob
saamanii,
waynii isaanii yoo duraa
balleessan iyyuu,
Waaqayyo akkuma isaanii duriitti
Israa'eliif ulfina in deebisa*.
2 Er 48:11; 2Mot 18:13,17

3 Loltoonni diinaa
uffata dbiilgee uffatu,
gaachanni loltoota isaa warra
jajjaboo diimaa dha;
sibiilli konkolaattota isaatii,
yeroo qophceffamee ba'u
akka arraba ibiddaa in ifa,
eeboon isaas in mirmirfama.
4 Konkolaattonni ija mataa hin
qabneen
karaa irra asii fi achi in fiigu,
waltajjii karaa irras
gara fuula duraa fi
dugda duubaatti in kaatu;
bifni isaanii guca boba'u in
fakkaata,
akka bakakkaas asii fi achi in
darbatamu.

5 Diinni loltoota isaa warra
ulfina-qabeeyyii in waama,
isaan karaa isaanii irratti in
gufatu,
gara dallaa mandarattiittis
ariitiidhaan in fiigu,
da'oonis iddoo iddoo isaatti in
qopheeffama;
6 karri lagichaa caccabee banamaa
in ta'a,
manni mootummichaas huursee
in jiga;
7 mootittiin qullaatti haftee
booji'amtee in adeemti;
xomboreewwan ishee

qorna isaanii rurrukutatanii,
akka gugee in guungumu.
8 Nanawween akka kuufama
bishaanii ti,
akkuma bishaan kuufamicha
keessaa
yaa'ee sokku,
namoonni ishee ishee keessaa
yaa'anii in sokku.
"Dhaabadhu! Dhaabadhu!"
yommuu ittiin jedhanis,
tokko illee kan deebi'u hin jiru.

9 Wanti achi keessa jiru,
badhaadhummaan gombisaa
ishee keessaas
dhuma hin qabuutii,
egaa meeticha saamaa,
warqichas saamaa!
10 Isheen saamamtee onteetti,
duwwaatti hafteettis;
sodaattee lapheen dha'ateera;
jilbis raafameera,
dhagni in hollata,
fuulli hundinuus in geddarama*.
**10 Isa 13:7-8*

11 Iddoon leenconni
keessa dhokatan meerree?
Lafti isaan ilmoolee isaanii
itti sooran,
iddoon leenci kormaanii fi
leenci dhalaan dhaqaa turan,
lafti ilmooleen leencaa
bir'aa malee taa'aa turanis
meerree?
12 Leencichi nyaata ilmoolee isaatiif
hamma ga'u ajjeeseera,
leenca dhaltuu ishee kan isaatiifis
hamma ga'u qabeera;
boolla isaa wanta ajjeeseen,
iddoo dhokannaa isaas
wanta qabeen guuteera.

13 Waaqayyo gooftaan maccaa,
"Kunoo, ani siin nan morma;
konkolaataa kee aaraan nan guba,
ilmoolee leencaa kees
billaan in fixa;
ani wanta ati qabattee nyaattu
lafa irraa raawwadhee nan
balleessa,
sagaleen ergamoota keetiis
deebi'ee hin dhaga'amu"
jedhee dubbateera.

Nanawweedhaaf
Boo'uu Isaa

3 1 Mandara dhiiga namaa
dhangalaaftuuf,
mandara sobduuf,
ishee waa butattuuf,
ishee saamichattii hin
deebineefis wayyoo*!
2 Sagaleen qaccee qu'aafamuu,
sagaleen geengoowwan
achi keessa naanna'anii,
kaacbuun fardeenii,
gugugsaan konkolaattotaas
ishee keessaa in dhaga'ama.
3 Abboonni fardeenii billaa isaanii
isa balaqqisuu fi
eeboo isaanii isa calaqqisu in
mirmirsu;
namoonni baay'een rukutamanii
in dhumu,
reeffi nama lakkoobsa hin
qabnees in tuulama,
namoonnis reeffa tuulame
sana in gufatu.
4 Kun sababii baay'ina ejjummaa
isheen ejjituun,
isheen miidhagduun giiftiin
qoricha namatti gootu,
saba lafa irraa ejja isheetiin,
qoricha namatti gochuu
isheetiinis gurgurteef ta'e*.
**1 His 24:6,9*
**4 Isa 23:16; Mul 17:1-2*

5 Waaqayyo gooftaan maccaa,
"Kunoo, ani siin nan morma;
uffata kee mataa keetti
ol nan garagalcha,
sabni lafa irraa qullaa kee,
mootummoonnis salphina kee
akka argan nan godha" jedhe*.
6 Itti fufees,
"Ani dhoqqee sitti nan
dhooba,
sin tuffadhas,
akka namni sitti yaa'ee
si ilaalus nan godha.
7 Warri si argan hundinuu, si
baqatanii,
'Nanawween onteetti,
eenyutu isbeedhaaf boo'a?' in
jedhu;
egaa nama si jajjabeessu
eessaan siif arga ree?" jedhe.
**5 Isa 47:3*

8 Ati mandara Tebes[1]
ishee laga Abbayyaa biraa,
ishee bishaan itti naanna'ee jiru
sana caaltee ree?
Lagichi da'oo ishee ti,
bishaan immoo dallaa ishee ti*,
9 Kuushii fi Gibxi
jabina daarii hin qabne in
ta'aniif;
Fuxii fi Liibiyaanis
gargaartota ishee turan*.
10 Garuu namoonni ishee
booji'amanii in adeeman,
golee karaa hundumaa irrattis
ijoolleen ishee in bubburuqfaman;
namoota ishee warra
ulfina-qabeeyyii irratti
muka buufatan;
gurguddoonni ishee hundinuus
funyoo sibiilaatiin in
hidhaman*.
11 Yaa Nanawwe, atis akkuma
isaanii
in machoofta, in dhokattas,
diina duraa miliquudhaaf
iddoo baqaa in barbaaddatta*;
12 masaraan kee hundinuu
akka muka barbuu,
isa iji isaa, inni duraa
bilchaatee
yommuu namni isa raasu,
afaan isa nyaatuu keessatti
harca'uu ti.
13 Kunoo, loltoonni kee hundinuu
akka dubartootaa in ta'u,
balballi kellaa biyya keetiis
diinota keef bal'atee in banama,
danqaraa isaas ibiddi in fixa*.
**8 Er 46:25-28; His 30:13-16*
**9 His 30:5*
**10 Yoe 3:3*
**11 Er 25:15*
**13 Er 51:30*

14 Marfamuudhaaf waan jettuuf
bishaan waraabbadhu!
Masaraa kee jabeeffadhu!
Suphee kutii bukeessi!
Xuuphii jabeessii tolfadhu!

15 Yommus achitti ibiddi si fixa,
billaan gad si cira,
ibiddi akkuma qorophisa xaph
godhu,
akkasuma gubee si in fixa;
ati akka gurmuu hawaannisaa fi
akka qorophisaa
baay'achuma baay'adhu*!
16 Ati naggaadota kee urjoota
waaqa keessaa
caalaatti baay'ifatteetta,
isaan garuu biyyicha qullaatti
hambisanii,
akka hawaannisa balali'uutti
keessaa ba'anii in sokku*.
17 Gurguddoonni kee akka
hawaannisaa ti,
angafoonni loltoota keetii
akka gurmuu hawaannisaa
isa yeroo dhaamochaatti keenyan
irra qubatee,
yeroo aduun baatu immoo
baalleedhaan ka'ee sokkuu,
iddoo inni dhaqus
namni tokko illee hin beeknee ti.
**15 Yoe 1:4*
**16 Isa 47:15*

18 Yaa mootii Asor!
Eegdonni biyya keetii in mugu,
gurguddoonni biyya keetiis in
boqotu;
sabni kee tulloota irra in
tamsa'an,
namni walitti isaan sassaabus
tokko illee hin jiru*.
19 Caba kee namni dhidhiibu hin
jiru,
madaan kees
isa fayyuu danda'u miti;
namni odun kee dhaga'u
hundinuu,
kufaatii keetiif gammadee
harka walitti in rurrukutata;
baay'inni gara-jabina keetii
kan itti hin dhaga'amin jiraa
ree?
**18 1Mot 22:17*

[1] **Naho 3:8 "Tebes"** Ib "Amoon".

Macaafa Anbaaqom Raajichaa

Anbaaqom Waa'ee Firdii Jal'atee Dubbacbuu Isaa

1 [1] Dubbiin mul'ata Anbaaqom
kanatti fufee jira.

[2] Ani Anbaaqom, "Yaa Waaqayyo!
Hamma yoomiittan gargaarsaaf
gara keetti iyya?
Atis hamma yoomiitti hin
dhageessu?
Hamma yoomiitti anis gara keetti
wawwaadha?
Atis hamma yoomiitti
warra bumnaan nama irratti
ka'an jalaa
nu hin oolchitu?
[3] Balleessuu fi humnaan nama
irratti ka'uu
waanan arguuf,
gargar ba'uunii fi lolli ka'aa
waan jiraniif;
maaliif wanta jal'aa na
argisiifta?
Maaliifis yommuu namni gad
nama qabu
cal jettee ilaalta?
[4] Kanaafis abboommiin gatii dhabe,
firdii qajeelaan
jiruu irra ooluu dide,
warri jal'oonnis
warra qajeelota danqanii,
firdii in jal'isiisan!" nan
jedhe*.
2-4 Mik 3:1-4

Waaqayyo Deebii Kennuu Isaa

[5] Waaqayyo immoo deebisee,
"Ani bara keessan keessa wanta
yoo isinitti bimame iyyuu
isin amanuu bin dandeenye
waanan godhuuf,
mee saba warra kaan ilaalaa,
baay'isaa dinqisiifadhaas*!
[6] Kunoo, ani warra Kaldootaa
saba hamootaa fi jal'oota,
warra lafa nama irraa
fudhacbuudhaaf,
biyya hundumaa keessa yaa'an
nan kaasa*;
[7] isaan saba sodaacbisoo fi
naasisoo dha;
firdii ofuma isaaniitiif in
baafatu,
ulfinas ofii isaaniitiif in kennu.
[8] Fardeen isaanii qeerransa caalaa
collee dha;
yeeyyii galgalaa caalaas in
sodaacbisu;
abbomni fardeenli,
fardeen isaaniitiin in dha'atu,
akka joobira wanta nyaatu irratti
lafa dha'uutti,
fagoodhaa ka'anii fiigaa in
dhufu*;
[9] hundumti isaanii bumnaan
nama irratti
ka'uudhaaf in dhufu,
gara ba'a-biiftuntti fuula
qajeelfatanii jiru;
boojuun isaaniis
akka cirracha galaana qarqaraa
in baay'ata.
[10] Moototatti in ga'isu,
warra biyya bulchanitti in
kolfu,
mandaroota masaraa qaban
bundumaatti in qoosu,
koobii itti ijaaranii lixanii
isaan in qabatu;
[11] garuu warri yakkanii
humna isaanii Waaqayyo
isaanii godhatan kun,
ergasii achii ka'anii akka
qilleensaatti
fiiganii in sokku" jedhe*.
5 HoE 13:41
6 2Mot 24:1-2,10; 25:1
8 Kes 28:49; Sef 3:3
11 Isa 10:13

[12] Ani Anbaaqom immoo,
"Yaa Waaqayyo,
ati kan durii durii ti, mitii ree?
Yaa Waaqayyo ko, yaa isa
qulqulluu,
ati hin duutu; ati kattaa keenya!
Isaan kana firdiif kaafte,
adabaafis isaan dhaabde*!
[13] Ati baay'ee qulqulluu waan
taateef,
jal'ina hojjetamuu fi
cunqurfamuu namaa cal jettee
ilaaluu hin dandeessu erga
ta'ee,
yoos maaliif warra gantoota
cal jettee ilaalta ree?

Maaliifis yommuu warri
hamoonni,
warra isaan caalaa qajeelota
ta'an balleessan
calluma jetta ree*?
[14] Ati namoota akka qurxummii
galaana keessaa,
akka uumama galaana keessa
ajajjuu malee munyuuqaniis
gooteetta.
[15] Warri Kaldootaa kun,
akka qurxummiitti
qonyeedhaan qabanii
acbi keessaa isaan in baasu;
kiyyoo isaaniitiin isaan in harkisu;
kiyyoo isa ittiin harkisan
keessattis
walitti isaan in qabu,
gammadaniis in ililchu;
[16] isaan kiyyoo isaaniitiif
kiyyoo isaanii isa ittiin
harkisaniin
qannootti waan jiraataniif,
nyaata fo'amaas waan nyaataniif,
isaan mi'a isaanii kanaaf
aarsaa in dhi'eessu,
ixaanas in aarsuuf.
[17] Egaa isaan ittuma fufanii,
billaa isaaniitiin saba lafa irraa
oo'a malee
gad ciranii haa balleessanii
ree?" nan jedhe.
12 Isa 10:5-6; Er 10:24
13 Far 5:4-6

Si'a Lammaffaa Waaqayyo Deebii Kennuufii Isaa

2 [1] Ani iddoo dhaabatanii eegan irra
dhaabadhee nan eega,
koobii sana irras nan ijaajja;
kunoo, dubbii inni
anatti dubbatu nan dhaga'a,
wanta ani isa komadheefis
waan inni deebisu nan ilaala*.
1 Mik 7:7; Isa 21:8

[2] Yommus Waaqayyo anaaf
deebisee,
"Mul'ata argite kana,
akka namni rakkina malee
dubbisuu danda'utti,
mul'isii gabatee irratti caafi*!
[3] Mul'anni kun
yeroo itti raawwatamuun
isaaf ta'u in eega,
waa'ee guyyaa booddee in
dubbata,
garuu soba miti;
yoo lafa irra barkifame iyyuu
isa eeggadhu!
Inni dhuguma in dhufa, hin
nirus" jedhe*.
[4] Kunoo, namni afuufamu
nama yaada qajeelaa miti,
namni qajeelaan garuu
amantii isaatiin in jiraata*.
2 Isa 8:1; 30:8; Mul 1:11,19
3 His 12:23; 2Phe 3:9
4 His 18:5-9; Rom 1:17; Gal 3:11; Ibr 10:38

[5] Namni daadhii wayniitiin
mo'amee
of tuulu in gowwoomfama,
inni albaadhessa akka boollaa fi
akka du'aa,
isa saba lafa irraa bundumaa
walitti qabatu,
isa namoota hundumaas
ofitti sassaabbatuu ti;
inni gonkumaa hin quufu,
na ga'as hin jedhu.
[6] Hundumti isaanii isatti ga'isanii,
isatti kolfaa isatti
mammaakanii,
"Yaa nama qabeenya namaa
battee nuullattuu,
borii jal'inaatiinis sooromtuu,
siif wayyoo!
Kun bamma yoomiitti itti fufa?

[7] "Warri gatii si irraa qaban
dingata sitti hin ka'anii ree?
Isaan sitti dammaqanii si hin
dhiphisanii ree?
Atis barka isaanii keessa hin
galtuu ree?
[8] Ati saba baay'ee waan saamteef,
sabni warri hafan immoo si
saamu;
ati dhiiga namaa dhangalaafteetta,
biyya baay'ee, mandaroota fi
wanta isaan keessa jiran
hundumaas balleessiteetta*.
[9] Yaa nama bu'aa jal'inaatiin
mana kee ijaarrattuu,
diina jalaa ba'uudhaafis
lafa itti galtu
iddoo ol ka'aa irratti tolfattuu,
siif wayyoo*!

10 Ati namoota baay'ee
balleessuudhaaf koracbuu
keetiin,
mana kee irratti salpbina
fiddeetta,
of irrattis cubbuu hojjetteetta.
11 Kanaafis dhagaan keenyan
manichaa in iyya,
mukti manichi ittiin ijaarames
jalaa in qaba*.
7-8 Isa 33:1
9 Oba 4
11 Luq 19:40

12 "Yaa nama dhiiga
dhangalaasuudhaan
manneetii ijaartuu,
jal'inaanis mandara gurguddaa
cimsitee dhaabbattuu, siif
wayyoo*!
13 Waaqayyo gooftaan maccaa,
dadhabbiin namootaa akka
qoraan ibiddatti nam'uu,
dhama'uun saba lafa irraas
akkasumaan
akka ta'u murtoo hin goonee ree*?
14 Akkuma galaanni bisbaaniin
guutamu,
akkasuma lafti
ulfina Waaqayyoo
beekuudhaan in guutamti*.
15 Yaa nama qullaa fira keetii
ilaaluudhaaf jettee,
hamma inni macbaa'utti
daadbii waynii isa obaaftuu,
siif wayyoo!
16 Ati ulfina utuu bin ta'in,
yeelloo in quufta;
yommuu darabeen kee ga'u,
dheekkamsa harka Waaqayyoo
keessaa sitti dhufu
dhugdee in gatantarta,
ulfinni kees yeellootti in
diddiirama*.
17 Ati dhiiga namaa dhangalaaftee,
biyya balleessitee,
mandarootaa fi
wanta isaan keessa jiraatan
waan barbadeessiteef,
inni ati Liibaanon irratti
humnaan kaale
sitti gara in gala;
isa bineensota caakkaa
balleessiteefis
naasuun si qabata*.
12 Er 22:13; Mik 3:10
13 Er 51:58
14 Isa 11:9
15-16 Er 25:15,26
17 Isa 14:8; 37:24-25

18 "Bifni Waaqayyo tolfamaa,
inni namni muka irraa qirixee
tolche
maal waa'ee baasa?
Inni namni baqsee tolcbee,
ittiin soba nama barsiisus
maal gatii qaba?
Waaqayyo tolfamaan
inni dubbacbuu hin dandeenye kun,
namicbi isa tolche
akka isa amanatuuf
waa gocbuufii hin danda'u*.
19 Warqee fi meetiin
yoo isaanitti uffifame iyyuu,
isaan lubbuu hin qaban waan
ta'eef,
yaa nama mukaan 'Ka'ii,
sokoksi!'
yookiis dhagaa lubbuu hin
qabneen,
'Dammaqii, ka'i!' jettuu,
siif wayyoo*!
20 Waaqayyo garuu mana
qulqullummaa isaa
keessa jira,
lafti guutummaatti isa duratti
calluma baa jedhu!" in jedbu*.
18 Isa 44:10-20
19 Far 115:4-8
20 Far 11:4; 76:8

Kadhata Anbaaqom

3 1 Kadhanni Anbaaqom raajichi
qooqa gaddaatiin kadhate
kanatti fufee jira.
2 Ani Anbaaqom, "Yaa Waaqayyo!
Gocha beekamaa ati goote
dhaga'eera.
Yaa gooftaa! Gocbaa kee kana
yommuun dhaga'u
sodaacbuutu anatti dhufa;
mee bara keenya kanatti wanta
akkasii deebisii hojjedhu,
yeroo keenya kanattis
akka isaan beekaman godhi!
Yoo aarte iyyuu araara keetiin
nu yaadadhu!" nan jedhe.

3 Waaqayyo inni qulqulluun biyya
Temaanii,
tulluu Pbaaraan irraa in dhufa;
surraan isaa bantiiwwan waaqaa,
galanni isaas biyya lafaa irra
in guuta*;
4 ifni ulfina isaatiis
akka ifa aduu ti,
harka isaa isa humni isaa
keessa dhokatee jiru keessaa
balaqqeessi as in ba'a;
5 dha'icha of dura in erga,
dugda isaa duubaan immoo
dhukkuba nama fixutu dhufa.
6 Yommuu dhaabatu lafa in
rom'isiisa,
mil'uu ija isaatiinis
saba lafa irraa in bollachiisa;
tullonnni durii durii
caccabanii in burraa'u,
gaaronni dur turanis
lafatti in dabalamu;
karaan inni irra adeemu garuu
bara baraan in jiraata*.
7 Warri Kushaan rakkina keessa
akka jiran,
biyyi Miidiyaanis
akka rom'ite nan arga.
3 Kes 33:2
6 Far 68:8-9; 104:32; Isa 17:12-14

8 Yaa Waaqayyo! Ati lagootatti in
aartee?
Burqootattis in dheekkamtee?
Yommuu fardeen kee yaabbatte,
konkolaataa mo'umsa kee irras
teesse,
galaanotatti in aartee?
9 Ati iddaa kee luqqifattee
xiyya baay'ee in qopbeeffatte;
lafas lagootaan in tatarsaafte;
10 tulloonni si arganii in hollattan,
bokkaa yandoon in roobe,
tuujjubnis huursee,
dha'aan isaa ol in ka'e*.
10 Far 77:16

11 Yommuu xiyyi kee isaanitti calaqqisee
eeboon kee isaanitti ifu,
aduunii fi ji'i
calluma jedhanii
iddoo isaanii in dhaabatan*.
12 Ati dheekkamsaan lafa irra in
adeemta,
aariidhaanis saba lafa irraa in
dhidhiitta;
13 ati saba kee fayyisuudhaaf gad in
baata,
isa dibame sanas
oolchuuf in dhufta;
dura-buutuu warra jal'ootaa
lafatti in rukutta,
mataadhaa bamma miillaatti
qullaatti in hambifta*.
14 Yommuu loltoonni isaa
gargar nu facaasuudhaaf,
warra rakkatoota dhokatanii
jiranis
fixuudhaaf bumnaan ka'anitti,
ati eeboodhuma isaatiin
dura-buutuu isaanii in waraanta.
15 Ati fardeen keetiin
bishaan guddaa hoomacheessaa,
galaana keessa karaa in baafatte.
11 Iya 10:13
13 Far 18:15

16 Kana dhaga'uu irraa kan ka'e
garaan koo in raafama,
sodaachuu irraa kan ka'e
hidhiin koo in bollata,
lafeen koo in bututa,
miilli koos in gatantara;
haa ta'u iyyuu malee,
rakkina Waaqayyo warra nu
dhiphisan irratti
fiduuf jiru sana
arguudhaaf calluma jedhee nan
eeggadha*;
17 mukti harbuu yoo daraaruu
dhaabaate iyyuu,
mukti waynii, mukti ejersaas
yoo ija godhachuu dhaabaatan
iyyuu,
maasiin midhaan yoo baasuu
dhaabaate iyyuu,
hoolonni goorantoo keessa,
saawwanis dallaa keessa
yoo jiraachuu dhaabaatan iyyuu,
18 ani Waaqayyotti nan ililcha,
Waaqayyo isa na fayyisutti nan
gammada*;
19 Waaqayyo gooftaan jabina koo ti,
inni akka borofaa
collee akkan ta'u in godha,
iddoo ol ka'aa irras
ana in dhaabachiisa*.

(Geggeessituu warra
faarfattootaaf; mi'a isa
ribuu qabuun kan
faarfatamu*.)
16 Isa 21:3-4; Anb 2:3
18 Isa 61:10
19 Far 18:33

Macaafa Sefaaniyaa Raajichaa

Yihudaa Irratti Firdiin Akka Dhufu Himuu Isaa

1 [1] Kun dubbii Waaqayyoo isa bara Yosiyaas ilmi Amoon mootii Yihudaa ture gara Sefaaniyaa ilma Kuushii, ilma Gedaaliyaa, ilma Amaariyaa, ilma Hisqiyaas dhufee dha*.

[2] Waaqayyo, "Ani wanta hundumaa
lafa irraa haxaa'ee nan balleessa;
[3] nama, boriis haxaa'ee nan balleessa;
allaattii qilleensa keessa balali'u,
qurxummii galaanaas haxaa'ee nan balleessa;
yommuu ani nama lafa irraa balleessu,
warri hamoonni
akka tuullaa kosii in ta'u;
kana ana Waaqayyotu dubbate*.

**1 2Mot 22:1; Er 1:2*
**2-3 Uma 6:5-7*

[4] "Ani Yihudaa irratti,
Yerusaalem keessa warra jiraatan hundumaa irrattis,
harka koo ol nan fudhadha;
hambaa warra Ba'aliif hojjetanii,
warra waaqayyolii tolfamoodhaaf sagadanis
luboota isaanii wajjin achi keessaa raawwadhee nan balleessa*;
[5] warra bantii manaa irratti
macca waaqa keessaatiif qoomma'anii sagadan,
warra maqaa Miilkom
Waaqayyo tolfamaatiin kakachaa,
ana Waaqayyoofis qoomma'anii sagadan*,
[6] warra ana Waaqayyo duukaa bu'uu
dhiisanii garagalan,
warra ana hin barbaaddanne,
ana hin kadhannes raawwadhee nan balleessa" jedhe.
[7] Guyyaan Waaqayyoo dhi'aateeraatii
Waaqayyo gooftaa duratti calluma jedhaa!
Waaqayyo wanta aarsaa ta'u qopheesseera,
warra waames qulqulleesseera*.
[8] Waaqayyo, "Guyyaa aarsaa sanatti
ani Waaqayyo gurguddootaa fi ilmaan mootichaa akkasumas
warra uffata ormaa uffatan hundumaa nan adaba.
[9] Warra buusaa balbalichaa irra utaalan hundumaa,
warra nama irratti ka'uudhaan,
nama gowwoomsuudhaanis galma waaqayyolii isaanii guutan hundumaa
guyyaa sanatti nan adaba" jedha.

**4 2Mot 21:3-7; 23:4-7*
**5 Er 19:13; 2Mot 23:13*
**7 Isa 34:5-8; Er 46:10; Anb 2:20*

[10] Waaqayyo, "Guyyaa sanatti,
karra qurxummii duraa, iyyatu,
kutaa mandarichaa isa lammaffaa keessaa, wawwaannaatu,
gaara irraa immoo sagalee wanta diigamee kukkufu guddaatu dhaga'ama.
[11] Isin warri dachaa mandarichaa keessa jirtan,
naggaadonni keessan bundinuu raawwataniin waan balleeffamaniif,
warri meetiidhaan nagadan bundinuus
waan barbadeeffamaniif wawwaadhaa!
[12] Guyyaa sanatti ani Yerusaalemin fonqolchee ibsaadhaan nan ilaala,
namoota ishee warra akka daadhii waynii
isa siicoo irratti hafee ta'an,
warra of irraa bu'anii,
'Waaqayyo wanta gaarii yookiis hamaa hin hojjetu' jedhanii yaadan nan adaba*.
[13] Badhaadhummaan isaanii in saamama,
manneetiin isaaniis in ona;
mana in ijaarratu,
garuu keessa hin jiraatan;
muka waynii in dhaabbatu,
garuu daadhii waynii isaa hin dhugan" jedha*.

**12 Er 5:12-13*
**13 Amo 5:11-12; Kes 28:39*

Guyyaan Waaqayyoo Inni Guddaan Akka Dhufu Himuu Isaa

[14] Guyyaan Waaqayyoo inni guddaan dhi'aateera,
dhi'aateera, dafees in dhufa;
guyyaa Waaqayyoo sanatti loltoonni jajjaboonni iyyuu sodaatanii iyya jabaa in iyyu*.
[15] Guyyaan sun guyyaa dheekkamsaa ti,
guyyaa dhiphinaatii fi guyyaa gidiraa ti;
guyyaa rakkinaatii fi guyyaa badiisaa ti;
guyyaa dimimmisaatii fi guyyaa dukkanaa ti;
guyyaa duumessaatii fi guyyaa dukkana limixii ti*;
[16] guyyaan sun guyyaa fiinoo fi iyyi lolaa
mandaroota kellaa dhagaa qabanii fi
masaraa ol ka'oo irratti dhaga'amuu dha.

**14 Yoe 1:15*
**15 Er 30:7*

[17] Waaqayyo, "Ani namoota irratti rakkina nan fida,
isaan ana Waaqayyoon waan yakkaniif,
akka namoota jaamotaatti in deddeebi'u;
dhiigni isaanii akka awwaaraatti gad in nam'a,
reeffi isaaniis akka kosiitti in gatama" jedha.
[18] Guyyaa dheekkamsa Waaqayyoo sanatti meetiin isaanii
yookiis warqeen isaanii
isaan oolchuu hin danda'u;
warra lafa irra jiraatan hundumaatti
dingata lafa irraa balleeffamuu waan fiduuf,
biyyi lafaa guutummaatti ibidda dheekkamsa isaatiin in dhuma*.

**18 His 7:19*

Gara Waaqayyoottii Akka Deebi'aniif Waamuu Isaa

2 [1] Isin yaa saba hin yeellaanee nana,
walitti qabamaa, walitti sassaabamaa!
[2] Guyyichi jedhame sun utuu hin ga'in,
akka habaqii
qilleensi fuudhee adeemuuttis
utuu hin darbin,
dheekkamsi Waaqayyoo inni boba'aan
utuu isiinitti hin dhufin,
guyyaan dheekkamsa Waaqayyoo sun
utuu isinitti hin dhufin
walitti qabamaa*!
[3] Isin warri gad deebi'oon
biyyicha keessa jiraattan,
warri isa duratti
wanta qajeelaa ta'e hojjettan
hundinuu Waaqayyoon barbaaddadhaa!
Guyyaa dheekkamsa isaa sanatti
inni isin golboobee
isin in oolcha ta'a,
isin immoo qajeelinaa fi
garraamummaa barbaaddadhaa*!

**2 1:14-18*
**3 Amo 5:15; Yoe 2:12; Yon 3:8-9*

Saboota Naannoo Isra'elitti Faraduu Isaa

[4] Mandarri Gaazaa in dhiifama,
Ashqalonis in ona;
Ashdood keessaa guyyaa saafaa namoonni oofamanii in ba'u,
Eqroon immoo hundeedhaan in buqqa'a.
[5] Yaa warra galaana qarqara jiraattanii,
yaa saba Keret isiniif wayyoo!
Yaa Kana'aan biyya Filisxeemotaa,
"Ani isin nan balleessa,
namni tokko iyyuu hin hafu" kan jedhu,
dubbiin Waaqayyoo
isin irratti dubbatameera.
[6] Biyyi galaana qarqaraa
iddoon warri Keret jiraatan,
iddoo horii dheechifatanii fi

"Yaa Yerusaalem hin sodaatin,
harki kees lawwaasa'ee
kan gad rarra'u bin ta'in!
17 Waaqayyo gooftaan kee sii
wajjin jira,
inni oolchuudhaaf
aango-qabeessa;
inni of irraa bu'ee sitti in
gammada,
jaalala isaatiin gabii siif in kenna;
akka warra guyyaa ayyaana
beekamaatti gammadanii,
sitti gammaduu isaas
sagalee isaa ol fuudhee
in dhageessisa" in jedhu*.
18 Waaqayyo ammas, "Ani iyya
isaanii,
wawwaannaa isaanii,
yeelloo isa akka ba'aa isaanitti
ulfaates
isaan irraa nan kaasa*.
19 Kunoo, ani guyyaa sanatti
warra isin cunqursan
hundumaa nan adaba,
warra naafa nan fura,
warra tamsa'anis walitti nan
qaba;
warri guutummaa biyya lafaa
keessatti yeellaasifaman,
ulfinaa fi jajamuu
akka argatan nan godhe*.
20 Yeroo sanatti ani walitti isin
qabee,
biyyatti isin nan galcha;
yeroo sanatti warra isin duraa
booji'aman,
utuu isin ilaaltanii
isiniif nan deebisa;
ani saba lafa irraa hundumaa
gidduutti,
ulfinaa fi jajamuu
akka argattan nan godha" jedha;
kana Waaqayyotu dubbate*.

**14 Isa 12:6; Zak 2:10; 9:9*
**16-17 Isa 62:4,12; 65:19; Er 32:41*
**18 Far 137:1*
**19 Isa 11:11-12; His 34:11-16*
**20 2:7; Er 29:13-14*

Macaafa Haagee Raajichaa

Mana Qulqullummaa Deebisanii Akka Ijaaranilf Waamuu Isaa

1 1 Daariyos biyya Faares irratti
mo'ee waggaa lammaffaatti, waggicha keessaa ji'a ja'affaatti, ji'icha keessaa guyyaa tokkoffaatti, dubbiin Waaqayyoo karaa Haagee raajichaa gara Zarubaabel ilma She'altii'el isa biyya Yihudaa bulchuu akkasumas gara Iyaasuu angafa lubootaa ilma Yozaadaaq in dhufe*; 2 Waaqayyo gooftaan maccaa, "Sabni kun, 'Yeroon manni qulqullummaa Waaqayyoof itti ijaaramu hin geenye' in jedhu" jedhe.

**1 Zak 1:1; Iz 4:24—5:2; Hag 1:12; 2:2,21; Iz 2:2; Zak 4:6; Mat 1:13*

3 Yommus dubbiin Waaqayyoo karaa Haagee raajichaa dhufee, 4 "Yaa saba ko, manni qulqullummaa koo kun diigamee utuu jiruu isin ofii keessanii mana ba'eessa ta'ee ijaarame keessa taa'uun yeroo isaa tii ree?" jedhe*.

5 Waaqayyo gooftaan maccaa, "Mee, wanta isin irra ga'aa jiru ilaalaa! 6 Baay'ee facaaftu, muraasa galfattu; in nyaattu, garuu beela hin baatan; in dhugdu, garuu hin quuftan; in uffattu, garuu isinitti hin bo'u; namni qacaramee hojjetus mindaa argatu korojoo tarsa'aa keessa in kaa'ata" jedha*.

**4 2Sam 7:2*
**6 2:16; Kes 28:38*

7 Waaqayyo gooftaan maccaa, "Mee, kun maaliif akka isin irra ga'e ilaalaa! 8 Amma gara tulluutti ol ba'aa muka fidaatii, mana qulqullummaa koo ijaaraa! Yommus ani isatti nan gammada, ittis nan galateeffama. 9 Isin baay'ee galfanna jettanii abdattan; garuu muraasa galfattan; wanta isin galfattan sanas ani afuufee nan balleesse; maaliifan kana godhe? Manni qulqullummaa koo diigamee utuu jiruu isin immoo adduma addaan waa'ee mana keessaniitiif asii fi achi waan fiigdaniif kun ta'e. 10 Sababii keessaniif waaqni fixeensa in dhowwata, laftis midhaan hin baasu*; 11 ani lafa irratti, tulloota irratti, midhaan irratti, muka waynii irratti, muka ejersaa irratti, waanuma lafti biqilchu irratti, nama irratti, horii irratti, wanta harki keessan hojjete hundumaa irrattis gogii nan fida" jedhe*.

**10 1Mot 17:1*
**11 2:17; Yoe 1:17-20; Ama 4:9*

12 Ergasii Zarubaabel ilmi She'altii'el, Iyaasuun angafni lubaa, ilmi Yozaadaaq, saba keessaa warri hafan hundinuus Waaqayyo raajicha waan ergeef, sagalee Waaqayyo gooftaa isaaniitiif, ergaa Haagee raajichi isaanitti hime sanaafis in abboomaman; jarris Waaqayyoon in sodaatan. 13 Kanaaf Haageen inni Waaqayyo erge sun, ergaa kanatti fufee jiru sabatti in hime.
Waaqayyo, "Ani isinii wajjinan jira" jedhee dubbateera*. 14 Ergasii Waaqayyo bafuura Zarubaabel ilma She'altii'el isa Yihudaa bulchuu, hafuura Iyaasuu ilma Yozaadaaq isa angafa lubaa turee fi hafuura saba warra bafan hundumaa in dammaqse; yommus isaan dhufanii hojii mana qulqullummaa Waaqayyo isaanii isa kan Waaqayyo gooftaa maccaa sana hojjechuu in jalqaban. 15 Kun immoo Daariyos mo'ee waggaa lammaffaa isaatti, waggicha keessaa, ji'a ja'affaatti, ji'icha keessaas guyyaa digdamii afuraffaatti ta'e.

**13 Isa 41:10*

Waa'ee Ulfina Manicha Isa Haaraa Dubbacbun Isaa

2 1 Ji'a torbaffaatti, ji'icha keessaa
guyyaa digdamii tokkoffaatti dubbiin Waaqayyoo ammas karaa Haagee raajichaa dhufee, 2 "Zarubaabel ilma She'altii'el isa Yihudaa bulchutti, Iyaasuu angafa lubaa ilma Yozaadaaqitti, saba warra hafanittis dubbadhu, gaaffii kanas isaan gaafadhu*! 3 Isaaniinis, 'Isin keessaa namni manni kun dur attam ulfina-qabeessa akka ture yaadatu jiraa? Amma immoo inni maal fakkaata? Inni akkuma waan bin jirree ti mitii ree?' jedhi*! 4 Amma garuu yaa Zarubaabel, yaa Iyaasuu angafa lubaa ilma Yozaadaaq, jabaadhaa! Isin, sabni biyyicha keessa jirtan hundinuus ani isinii wajjinan jira, jabaadhaatii hojjedhaa! 5 Kakuun ani biyya Gibxii yommuun isin baasee, 'Hafuurri koo isin gidduu in jiraataatii isin hin sodaatinaa!' jedhee isiniif kakadhe isa kana*.

**2 1:1*
**3 Iz 3:12*
**4-5 Zak 4:6; Bau 20:2; 19:5; 29:45-46*

6 "Ani Waaqayyo gooftaan maccaa, ammas immoo yeroo gabaabaatti bantiiwwan waaqaa, lafa, galaana, lafa gogaas nan sochoosa*; 7 saba lafa irraa hundumaa nan sochoosa, badhaadhummaan saba lafa irraa hundinuu as in fidama; ani mana kana ulfinaan nan guuta; kana ana Waaqayyo gooftaa maccaatu dubbate*. 8 Meetichi kan koo ti, warqichis kan koo ti; kana ana Waaqayyo gooftaa maccaatu dubbate. 9 'Ulfinni mana isa ammaa kanaa ulfina mana isa durii irra in caala; ani iddoo kanatti nagaa nan kenna' jedha Waaqayyo gooftaan maccaa, jedhiitii itti hunl!" jedhe; kana Waaqayyo gooftaa maccaatu dubbate*.

**6 Ibr 12:26*
**7 Isa 60:6-7,13*
**9 1Mot 7:13-51; Zak 1:17*

Mana Qulqullummaa Deebisanii Ijaaruudbaan Eebbifamuu Isaanii

10 Daariyos mo'ee waggaa lammaffaatti, waggicha keessaa ji'a salgaffaatti, ji'icha keessaa guyyaa digdamii afuraffaatti, dubbiin Waaqayyoo ammas gara Haagee raajichaa dhufee*, 11 "Waaqayyo gooftaan maccaa, 'Mee wanta seerri jedhu luboota gaafadhaa! 12 Namni tokko foon addaan baafame fiixee uffata isaatiitti baatee utuu adeemuu, fiixeen uffatichaa buddeenichatti yookiis ittootti yoo bu'e yookiis daadhii waynii yookiis dhadhaa ejersaa yookiis waan nyaatamu tokko yoo tuqe, wanti sun kanaan qulqullUu in ta'aa ree?' jedha" jedhe.

Luboonnis dcebisanii "Lakkii" jedhan*. 13 Yommus Haageen, "Namni reeffatti bu'e tokko, nyaata kana keessaa tokkotti yoo bu'e nyaatichi in xuraa'aa ree?" jedhee in gaafate; luboonnis deebisanii, "Eyyee, in xuraa'a!" jedhan*. 14 Kana irratti Haageen, "Sabni kun, namoonni kunis ana

duratti akkasuma wanti isaan barka isaaniitiin hojjetan, wanti isaan iddoo sanatti dhi'eessanis akkasuma xuraa'aa dha; kana Waaqayyotu dubbate" jedhe*.
**10 1:1; 2:1*
**12 Lak 18:8-10*
**13 Lew 5:2; Lak 19:11,22*
**14 Iz 4:1-3*

15 Waaqayyo, "Mana qulqullummaa dhagaadhaan ijaaruu utuu hin jalqabin waan ta'aa ture ba'eessa godhaatii yaadadhaa! 16 Yeroo sana namni, 'Guuboo digdama nan argadha' jedhee gara tuullaa midhaanii dhaqu, guuboo kudhan duwwaa in argata; yommuu inni, 'Liitrii dhibba laman argadha' jedhee gara qodaa waynii itti cuunfanii dhaqu, liitrii saddeettama duwwaa in argata; 17 ani Waaqayyo isinin, wanta isin itti dadhabdanii harka kecssaniin hojjettan bundumaa gogiidhaan, waagiidhaan, cabbiidbaanis nan rukute; garuu isin amma illee gara kootti hin deebine. 18 Egaa guyyaa bar'aatii jalqabee gara fuula duraatti ji'a salgaffaa, ji'icha keessaa guyyaa digdamii afuraffaa, guyyaa hundeen mana qulqullummaa itti kaa'ame kana garaatti qabadhaa! 19 Sanyiin gombisaa keessa bin jiru yoo ta'e iyyuu, mukti waynii, mukti harbuu, mukti rumaanii fi mukti ejersaa ija bin godhanne yoo ta'e iyyuu, ani har'aa jalqabee isin nan eebbisa" jedha*.
**15-19 1:5-11; Zak 8:9-13; Amo 4:9; Hag 1:11; Iz 3:10*

Zarubaabelllf Abdii Kennuu Isaa

20 Ammas dubbiin Waaqayyoo ji'icha keessaa guyyaa digdamii afuraffaatti si'a lammaffaa gara Haagee raajichaa dhufee, 21 "Zarubaabel isa Yihudaa bulchutti dubbadhuutii, Waaqayyo, 'Ani Waaqayyo waaqaa fi lafa nan sochoosa*, 22 teessoo mootummootaa gara nan galcha, humna mootummoota saba lafa irraas nan balleessa, konkolaataa isaanii fi abboota fardeenii isaanii garan gaggalcha, fardeenii fi abboonni fardeenii adda addaan billaa walii walii isaaniitiin in dhumu*. 23 Guyyaa sanatti ani Waaqayyo gooftaan maccaa, si garbicha koo Zarubaabel ilma She'altii'el si fo'adhee akka amartii mallattoo kootii sin godhadha' jedha" jedhe; kana Waaqayyo gooftaatu dubbate*.
**21 2:6; Ibr 12:26*
**22 Bau 15:1; Abo 7:21-22*
**23 Zak 3:8; 6:12-13; Er 22:24*

Macaafa Zakaariyaas Raajichaa

Sabni Israa'el Gara Waaqayyootti Akka Deebl'uuf Waamamuu Isaa

1 1 Daariyos mo'ee waggaa lammaffaa isaatti, waggicbattiis ji'a saddeettaffaatti dubbiin Waaqayyoo gara Zakaariyaas raajichaa ilma Baraakiyaa akaakayyuu Iddoo dhufee*, 2 "Waaqayyo, abboota keessanitti baay'ee aareera" jedhe.
**1 Iz 5:1; Hag 1:1*

3 Kanaaf Waaqayyo gooftaan maccaa, ati saba kanatti, "Waaqayyo gooftaan maccaa, 'Gara kootti deebi'aa! Anis gara keessanitti nan deebi'a' jedhe" jedhii himi! Kana ana Waaqayyo gooftaa maccaatu dubbate*. 4 Isin akka abboota keessan warra dur raajonni, "Waaqayyo gooftaan maccaa, 'Karaa keessan isa jal'aa irraa, hojii keessan isa bamaa irraas deebi'aa! jedha' jedhanii utuma isaanitti bimanii, isaan anaaf dhaga'uu, anaaf abboomamuus dhiisan sanaa bin ta'inaa! Kana ana Waaqayyotu dubbate*; 5 abboonni keessan amma eessa jiru? Raajounis bara baraan in jiraatuu ree? 6 Garuu dubbiin koo fi seerranni koo warri ani garboota koo warra raajota abboomee ajaje, abboota keessan irratti hin raawwatamnee ree? Ergasiis isaan gara kootti deebi'anii:- Waaqayyo gooftaan maccaa, akkuma dur murtoo godhee turetti nuuf kenne jedhan" jedhe.

**3 Mil 3:7; Yaq 4:8*
**4 Er 3:12; His 33:11*

Raajicbi Mul'ata Arguu Isaa

7 Daariyos mo'ee waggaa lammaffaa isaatti, waggichattii ji'a kudha tokkoffaa isa "Sbebaax" jedhamutti, ji'ichattiis guyyaa digdamii afuraffaatti, dubbiin Waaqayyoo gara Zakaariyaas raajichaa ilma Baraakiyaa akaakayyuu Iddoo in dhufe.

8 Ani Zakaariyaas halkan mul'ataan nama farda diimaa yaabbatee taa'u tokko nan arge; inni mukkeetli baala lalisaa qaban gidduu dachaa keessa in dhaabata ture; isa duuba immoo fardeen diddiimoo, boorrii fi adiitu ture*. 9 Yommus ani, "Yaa gooftaa ko, fardeen kun maali?" jedheen gaafadhe; ergamaan inni anatti dubbachaa ture immoo, "Maal akka isaan ta'an ani sitti nan mul'isa" jedhe. 10 Namichi inni mukkeetii baala lalisaa qaban gidduu dhaabatu sunis deebisee, "Isaan warra Waaqayyo biyya keessa asii fi achi akka adeemaniif ergee dha" jedhe; 11 isaan immoo ergamaa Waaqayyoo isa mukkeetii baala lalisaa qaban gidduu ijaajju sanaan, "Nuyi biyya lafaa bundumaa keessa adeemneerra, kunoo, biyyi lafaa guutummaatti nagaa fi boqonnaatti akka jiru argineerra" jedhan.
**8 6:1-8*

12 Ammas ergamaan Waaqayyoo deebisee, "Yaa Waaqayyo gooftaa maccaa! Hamma yoomiitti mandara Yerusaalemii fi mandaroota Yibudaa warra waggaa torbaatama itti dheekkamte kanaaf araara hin deebiftu ree?" jedhe*. 13 Waaqayyo yommus ergamaa isa anatti dubbachaa ture sanatti dubbii gaggaarii fi dubbii jajjabinaa in dubbate. 14 Ergasii immoo ergamaan inni anatti dubbachaa ture sun dubbii isa Waaqayyo gooftaan maccaa, "Ani mandara koo Yerusaalemiif, Xiyooniifis baay'ee hinaafeera; 15 ani saba kootti xinnoo ishee aareen ture; saba warra nagaatti jirra of se'anitti garuu guddaa aareera; isaan immoo ittuma dabalanii wanta hamaa in bojjetan*. 16 Egaa ani araaraan gara Yerusaalemiitti nan deebi'a, manni koos achitti deebifamee in ijaarama; funyoon safaraas Yerusaalem irratti in diriirfama; kana ana Waaqayyo gooftaa maccaatu dubbate. 17 'Si'acbi mandaroonni koo wanta gaariidhaan in guutu; ani Waaqayyo gooftaan maccaa ammas Xiyoonin nan jajjabeessa, Yerusaaleminis nan fo'adha' jedhee dubbateera" jedhee iyyee akkan labsuuf anatti in bime*.
**12 Far 102:13; Dan 9:2*
**15 Isa 47:6*
**17 Isa 40:1-2*

Mul'ata Isa Lammaffaa

18 Ammas ani yommuun ol ilaale, kunoo, gaanfota afur nan arge; 19 ani ergamaa isa anaa wajjin dubbachaa jiru sanaan, "Isaan kun maali?" nan jedhe; innis, "Isaan kun gaanfota warra Yihudaa, Israa'elii fi Yerusaalemin bittimsanii dha" jedhee anaaf in deebise. 20 Kana booddee immoo Waaqayyo namoota sibiila tuman afur anatti in argisiise. 21 Anis, "Jarreen kun immoo maal bojjechuudhaaf dhufu?" nan jedhe; inni immoo deebisee, "Isaan gaanfota warra akka namni tokko illee mataa isaa ol bin qabannetti namoota Yihudaa bittimsanii dha; jarri sihiila tuman sun immoo warra gaanfa saba warra kaanii, warra biyya Yihudaa irratti ka'anii saba isaas bittimsuu barbaadan sana sodaachisuudhaaf gaanfota isaaniis cabsuudhaaf dhufanii dha" jedhe.

Mul'ata Isa Sadaffaa

2 1 Ammas yommuun ol ilaale, kunoo, nama funyoo safaraa barkatti baatee dhaabatu tokko nan arge; 2 yeroo sanatti ani, "Eessa dhaqxa?" jedhee isa nan gaafadhe; inni immoo deebisee, "Yerusaalem hammam akka bal'atun fi bammam akka dheeratu safaree ilaaluudhaafan dhaqa" naan jedhe. 3 Ergamaan inni anaa wajjin dubbachaa ture sun yommuu gad ba'e, ergamaan tokko isatti dhufee, 4 "Fiigiitii dargaggeessicha sanaan, 'Yerusaalem sababii namoonni baay'eenii fi horii baay'een ishee keessa jiraataniif mandara dallaan dhagaa itti hin ijaaramne in taati. 5 Ani Waaqayyo ofii kootii naannoo isheetti dallaa ibiddaa isbeedhaaf nan ta'a, ishee keessattis ulfinaaf nan ta'aaf' jedha Waaqayyo" jedhiin*!
**5 His 40:3*

Warri Booji'aman Biyyatti Akka Galaniif Waamuu Isaa

6 Waaqayyo, "Ani akka qilleensa golee waaqaa arfaniitti isin tamsaasee kanan ture, ba'aa! Biyya gara bitaatii ba'aa kottaa! 7 Yaa namoota Xiyoon biyya Baabilon keessaa ba'aatii of oolchaa! 8 Namni isin tuqu agartuu ija kootii tuqa" jedha; kana Waaqayyotu dubbate; Waaqayyo gooftaan maccaa, "Ulfina anaaf kennee saba warra isin saamanitti na ergeera; 9 kunoo, ani harka koo isaan irratti ol nan fudhadha, hojjetoonni isaaniis akka isaan saaman nan godha; yommus Waaqayyo gooftaan maccaa akka ana erge isin in beektu" jedhe*.
**9 9:8*

10 Waaqayyo, "Isin yaa namoota Xiyoon, kunoo ani dhufee isin gidduu nan jiraadhaatii gammadaa, ililchaas!" jedha. 11 Guyyaa sanatti sabni baay'een gara Waaqayyoo dhufanii saba isaa in ta'u; innis isaan gidduu in jiraata; yommus Waaqayyo gooftaan maccaa isinitti akka ana erge isin in beektu. 12 Waaqayyo yommus biyya isa qulqullaa'aa keessaa Yihudaa dhuunfaa isaa in godhata; Yerusaaleminis deebi'ee in fo'ata. 13 Isni iddoo jireenya isaa isa qulqullaa'aadhaa waan ka'eef, foonqabeessi hundinuu isa duratti calluma haa jedhu*!
**13 Anb 2:20*

Mul'ata Isa Afuraffaa

3 1 Ycroo kan biraa immoo Iyaasuun angafni lubaa ergamaa Waaqayyoo dura utuu dhaabatuu, Seexanni immoo isa bammeessuudhaaf gara mirgaa isaa dhaabachaa uun jiruu inni anatti in argisiise*; 2 yommus ergamichi [Waaqayyoo] Seexanaan, "Waaqayyo si baa ifatu Seexana nana! Waaqayyo inni Yerusaalemin fo'ate si haa ifatu! Namichi kun akka mukukkula ibidda boba'aa jiru keessaa butamee ti mitii ree?" jedhe*.
**1 Hag 1:1; Mul 12:10*
**2 Yih 9*

3 Yeroo sanatti Iyaasuun uffata xuraa'aa uffatee ergamicha dura in dhaabata ture. 4 Ergamaan sun warra isa dura dhaabatan sanaan, "Uffata isa xuraa'aa sana isa irraa baasaa!" jedhe; Iyaasuudbaan immoo, "Kunoo, ani yakka kee si irraa fuudheera, uffata cidhaa immoo sitti nan uffisa" jedhe*.
**4 Isa 6:7; 61:3*

5 Ergasiis, "Marata qulqullaa'aa mataa isaatti maraa!" nan jedhe; isaanis utuu ergamaan Waaqayyoo achi dhaabachaa jiruu, maraticha mataa isaatti maranii uffata isatti in uffisan*. 6 Ergamaan Waaqayyoo immoo wanta kanatti fufee jiru Iyaasuu in abdachiise; 7 Waaqayyo gooftaan maccaa, "Ati karaa koo irra yoo deddeebite, wanta ani si abboomes yoo eegde, mana koo in bulchita, oobdii mana kootii irratti gaafatamaa in taata, warra as dhaabachaa jiran kana gidduus akka jaalfattetti akka ati deddeebitu nan godha. 8 Yaa Iyaasuu angafa lubaa, mee dhaga'i! Hidhanni kee warri sii wajjin as jiranis haa dhaga'an! Isin milikkita wanta dhufuuf jiruu ti; kunoo, dameen Daawit, garbichi koo akka dhufu nan godha*; 9 kunoo, dhagaa isa ani Iyaasuu dura kaa'e tokko irra ija ijoo bishaanii torbatu jira, ani dhagicha irratti caaffata, 'Ani guyyaa tokkotti biyya kana irraa yakka ishee nan fuudha' jedhu nan caafa" jedhe*. 10 Waaqayyo gooftaan maccaa, "Guyyaa sanattis tokkon tokkon namaa muka waynii isaa fi muka harbuu isaa jala taa'uudhaaf ollaa isaa in waama" jedha; kana Waaqayyo gooftaa maccaatu dubbate*.
**5 Bau 28:39*
**8 Isa 11:1; Er 23:5*
**9 4:10; Mul 5:6*
**10 1Mot 5:5; Mik 4:4*

Mul'ata Isa Shanaffaa

4 1 Kana booddee ergamichi inni anaa wajjin dubbachaa ture sun deebi'ee dhufee, akka nama hirribaa nama dammaqsuutti na dammaqsee*, 2 "Maal argita?" jedhee ana in gaafate.

Ani immoo deebisee, "Hundumti isaa baattuu ibsaa warqee irraa hojjetame tokko, cuggeen tokkos isa irra dhaabamee, cuggicha irra immoo ibsaan torba tokkon tokkon isaa, arraba torba kan qabu dhaabamee nan arga; 3 mukti ejersaa lamas inni tokko cuggicha bukkee gara mirgaatiin, inni lammaffaan immoo gara bitaatiin dhaabatee nan arge" nan jedhe.
**1 1:9; Er 1:11-13; Amo 8:2; Bau 25:31-40*

4 Ergasii immoo ergamicha isa anatti dubbachaa ture sana, "Isaan kun maal yaa gooftaa?" jedhee nan gaafadhe. 5 Innis, "Isaan kun maal akka ta'an hin beektuu ree?" jedhee ana in gaafate; ani immoo, "Hin beeku yaa gooftaa ko" jedhee nan deebiseef. 6 Yommus ergamichi, ergaa isa Waaqayyo biraa dhufee Zarubaabelitti akka ani dubbadhuuf anatti in hime; ergichis, "Hafuura kootiin malee humnaan miti, aangoodhaanis miti" kan jedhu ture; kana Waaqayyo gooftaa maccaatu dubbate.

7 Yaa tulluu humna-qabeessa nana! Ati maali? Ati Zarubaabel duratti lafa wal qixxee in taata; yommuu inni dhagaa isa ittiin ijaaranii xumuran lafaa ol fuudhu, "Attam gaarii dha! Attam gaarii dha!" jedhanii namoonni in iyyu*.
**7 Hag 2:4-5*

8 Ammas dubbiin Waaqayyoo gara koo dhufee, 9 "Zarubaabel hundee mana qulqullummaa kanaa harka isaatiin kaa'eera, harka isaatiinis hojjetee isa in raawwata; yommus Waaqayyo gooftaan maccaa isinitti akka na erge isin in beektu*.

10 Warri gaafa wanta xinnoo argan tuffatan, dhagaa fo'amaa harka Zarubaabel keessatti yommuu argan immoo in gammadu; isaan torban kun ija Waaqayyoo warra biyya lafaa hundumaa irra asii fi achi ilaalanii dha" jedhe*.
**9 Iz 3:8*
**10 3:9*

11 Ani ammas, "Mukti ejersaa lamaan warri gara mirgaa fi gara bitaa baattuu ibsaa jiran kun maali?" jedhee ergamicha nan gaafadhe. 12 Lammaffaas, "Dameen muka ejersaa lamaan, warri hujummoo warqee lamaan bukkeedhaa dhadhaa ejersaa isa akka warqee yaasan sun immoo maali?" jedhee nan gaafadhe. 13 Inni immoo deebisee, "Isaan kun maal akka ta'an ati hin beektuu ree?" naan jedhe; ani garuu, "Yaa gooftaa ko, hin beeku" nan jedhe. 14 Kana irratti inni immoo, "Isaan kun lamaan warra Waaqayyo gooftaa biyya lafaatiif hojjechuudhaaf dibamanii dha" jedhe*.
**14 6:5; Bau 29:7; 1Sam 16:12-13*

Mul'ata Isa Ja'affaa

5 1 Ani ammas yommuun ilaale, kunoo, macaafni maramu tokko utuu balali'uu nan arge; 2 ergamichi immoo, "Inni ati argitu kun maali?" jedhee na gaafate; ani immoo, "Macaafni maramu dheerinni isaa dhundhuma digdama, bal'inni isaa dhundhuma kudhan ta'e tokko utuu balali'uu nan arga" jedhee nan deebiseef. 3 Inni immoo, "Kun abaarsa isa guutummaa biyya lafaatti dhufuu dha; cinaacha caaffatichaa isa gar tokko irratti, 'Namni hatu hundinuu raawwatee in bada'; cinaacha caaffatichaa isa gara kaanii irratti immoo 'Namni sobaan kakatu hundinuu raawwatee in bada' kan jedhutu jira*. 4 Waaqayyo gooftaan maccaa, 'Ani abaarsa nan erga; inni mana isa hatu sanaa, mana isa maqaa kootiin sobee kakatu sanaas in lixa; mana isaa keessatti hafees manicha, muka isaa, dhagaa isaas in balleessa' jedha" jedhe.
**3 Kes 27:14-26*

Mul'ata Isa Torbaffaa

5 Ergasiis ergamichi inni anaa wajjin dubbachaa ture sun dhufee, "Ol ilaali! Inni amma mul'atu kun maal inni?" naan jedhe. 6 Ani immoo, "Maal inni?" jedhee isa nan gaafadhe; innis, "Kun quunnaa safaraa ti, kun yakka saba guutummaa biyya lafaa ti" jedhee anaaf in deebise.

7 Kunoo, qadaaddiin quunnaa safaraa inni dilalii irraa hojjetame sun yommuu baname, dubartiin tokko quunnaa safaraa sana keessa teessee in argamte. 8 Ergamichis, "Isheen kun jal'ina" jedhe, ishee immoo quunnaa safaraa sana keessatti gad ishee cuukka'ee, qadaaddii isaa immoo gad itti deebisee jabeessee in qadaade. 9 Ergasiis yommuun ol ilaale, dubartoota qoochoo isaanii jalaa qilleensa qaban lama fuula koo duratti nan arge; qoochoon isaanii akka qoochoo allaattii hawaannisaa ti; isaan quunnaa safaraa sana fuudhanii qilleensa keessa balali'anii in sokkan. 10 Ani immoo kana irrattan ergamicha isa anatti dubbachaa ture sana, "Quunnaa safaraa kana eessatti geessu?" jedhee gaafadhe. 11 Inni immoo deebisee, "Quunnaa safaraa sana gara biyya

Baabilonitti[1] in geessu; mana ijaaraniifii, yommuu inni qophaa'u achi keessa in kaa'u" naan jedhe.

Mul'ata Isa Saddeettaffaa

6 [1] Ammas yommuun ol ilaale, kunoo, konkolaattonni afur tulloota sibiila boorrajjii lama gidduudhaan utuu as ba'anii nan arge; [2] konkolaataa isa duraa fardeen diddiimootu, isa lammaffaa immoo fardeen gugurraachatu harkisa ture; [3] konkolaataa isa sadaffaa fardeen adaadiitu, konkolaataa isa afuraffaa immoo fardeen buburreetu harkisa ture; hundumti isaanii ciccimoo turan. [4] Ergasii ani ergamicha isa anatti dubbachaa ture sana, "Yaa gooftaa ko, isaan kun maali?" jedhee nan gaafadhe.

5 Ergamichi deebisee, "Isaan kun hafuurota golee bantii waaqaa arfan warra Waaqayyo gooftaa guutummaa biyya lafaatiif ergamantu ba'anii dhufan; [6] fardeen warri gugurraachi biyya gara bitaa dhaqu, warri adaadiin biyya gara lixa-biiftuu dhaqu, warri buburreen immoo biyya gara mirgaa dhaqu; [7] fardeen warri ciccimoon yommuu ba'an biyya lafaa irra asii fi achi adeemuu barbaadanii turan" jedhe; fardeen sanaan immoo, "Ka'aatii biyya lafaa irra asii fi achi adeemaa!" jedheen; kana irratti isaan biyya lafaa irra asii fi achi in adeeman.

8 Kana booddee inni na waamee, "Kunoo, fardeen warri biyya gara bitaa dhaqan kun hafuurri goofticha biyya gara bitaa irra akka boqotu in godhu" naan jedhe.

Milikkinni Yeroo Fayyinaa Kennamuu Isaa

9 Ammas dubbiin Waaqayyoo gara koo dhufee, [10] "Heldaayi, Xobiiyaa fi Yedaa'iyaa warra biyya Baabilon biyya itti booji'amanii turanii, deebi'an irraa meetii fi warqee fudhadhuutii gara mana Yosiyaas ilma Sefaaniyaa dhaqi! [11] Meetichaa fi warqicha fuudhii gonfoo tolchii mataa Iyaasuu angafa lubaa ilma Yozaadaaq irra kaa'i!" jedhe; [12] Iyaasuudhaan immoo, "Waaqayyo gooftaan maccaa, 'Kunoo namni maqaan isaa Latii jedhamu tokko as jira; inni iddoo jiru sanatti damee in godbata, Waaqayyoofis mana qulqullummaa in ijaara. [13] Isatu mana qulqullummaa Waaqayyoof ijaara; inni surraa uffatee teessoo isaa irra taa'ee in mo'a; lubni tokkos teessoo isaa bukkee in jiraata; isaan lamaan nagaadhaan walii wajjin in mari'atu' jedhe*; [14] gonfichis seenaa Heleemiif, Xobiiyaaf, Yedaa'iyaaf, Heen ilma Sefaaniyaatiif mana qulqullummaa isa kan Waaqayyoo keessa in kaa'ama. [15] Warri biyya fagoo jiran dhufanii, mana qulqullummaa in ijaaru; isin yommus Waaqayyo gooftaan maccaa gara keessanitti akka na erge in beektu; kunis yoo isin guutummaatti sagalee Waaqayyo gooftaa keessaniitiif abboomamtan ta'a" jedhi*!

**13 Far 110:4*
**15 Isa 60:10*

Soomiin Inni Dhugaa Maal Akka Ta'e Himuu Isaa

7 [1] Daariyos mo'ee waggaa afuraffaatti, waggicha keessaa ji'a salgaffaa isa "Kisluu" jedhamutti, ji'icha keessaa guyyaa afuraffaatti dubbiin Waaqayyoo gara koo gara Zakaariyaas in dhufe*; [2] warri Bet'el, Shaarezerii fi Regiim-Melekin namoota isaanii wajjin Waaqayyoon araara akka kadhataniif, [3] "Waggoota baay'eedhaaf gochaa akkuma turre, ji'a shanaffaatti boo'uun, soomuunis nuuf ta'a moo?" jedhanii, luboota mana qulqullummaa isa kan Waaqayyo gooftaa maccaa fi raajota akka gaafataniif in ergan*.

**1 1:7*
**3 8:19*

4 Ammas dubbiin Waaqayyo gooftaa maccaa gara koo dhufee, [5] "Namoota biyyichaa hundumaa fi lubootaan, 'Waggaa torbaatama darban keessa ji'a shanaffaatti, ji'a torbaffaattis soomaa, boo'aas yommuu turtan dhugumaan anaaf jettanii soomtanii ree*? [6] Nyaachaa dhugaas yommuu turtan sana ofuma keessaniif nyaachaa, dhugaas turtan mitii ree? [7] Wanti kun isa ani Waaqayyo karaa raajota warra durii dubbadhee turee dha; yeroo sanatti Yerusaalemii fi mandaroota naannoo ishee turan keessa namoonni in baay'atan, hundumti isaaniis nagaatti jiraachaa turan; akkasumas biyya gara mirgaa fi biyya gaaraa keessa namoonni jiraachaa turan mitii ree?' jedhii gaafadhu!" naan jedhe.

**5 Isa 58:5*

8 Dubbiin Waaqayyoo ammas gara koo gara Zakaariyaas in dhufe; [9] Waaqayyo gooftaan maccaa, "Firdii qajeelaa faradaa, walii keessanittis gaarummaa fi oo'a argisiisaa! [10] Haadha hiyyeessaa, ijoollee abbaan irra hin jirre, galaa, rakkataas hin cunqursinaa! Garaa keessan keessattis wal irratti waan hamaa hin yaadinaa!" jedhe*.

**9-10 Isa 1:17; Er 7:5-7; Mik 6:8; Bau 22:20-21*

11 Isaan garuu dhaga'uu didanii, dugda itti gatanii, gurra isaaniis in cuqqaallatan*; [12] isaan garaa isaanii akka dhagaa almaazii waan jabeessaniif, dubbii Waaqayyo gooftaan maccaa hafuura isaatiin karaa raajota durii isaanitti himeef abboommii isaa hin dhageenye; kanaaf dheekkamsi Waaqayyo gooftaa maccaa inni guddaan isaanitti dhufe.

13 Kana irratti Waaqayyo gooftaan maccaa, "Yommuun isaan waame, isaan anaaf dhaga'uu waan didaniif, anis immoo, yommuu isaan ana waammatan isaaniif hin dhaga'u" jedha*. [14] Ani biyya saba warra kaanii hundumaa lafa isaan itti galaa ta'an keessa bubbee isaan bittimsu isaanitti nan erge; biyyichis erga isaan keessaa ba'anii onaa in ta'e, namni tokko illee keessaa hin ba'u, ittis hin galu; isaan akkasitti biyya gaarii kana onsan.

**11 Er 5:3; His 2:3-5*
**13 Isa 1:15*

Yerusaalemin Akka Eebbisu Abdachiisuu Isaa

8 [1] Ammas dubbiin Waaqayyo gooftaa maccaa gara koo in dhufe; [2] Waaqayyo gooftaan maccaa, "Ani waa'ee Xiyooniif guddaa hinaafeera, baay'ee aareeras*. [3] Ani Waaqayyo gara Xiyoonitti nan deebi'a, Yerusaalem keessa nan jiraadha; yommus Yerusaalem mandara dhugaan keessa jiru in jedhamti; tulluun koo inni, 'Tulluu Waaqayyo gooftaa maccaa' jedhamu tulluu qulqullaa'aa in ta'a*.

**2 1:14*
**3 1:16; Isa 1:26; 2:3*

4 "Ani Waaqayyo gooftaan maccaa, yommus jaarsolii fi jaartoliin bara dheeraa jiraatanii waan dulloomaniif, dhaabata qabatanii karaa Yerusaalem irratti akka argaman nan godha*; [5] ijoolleen dhiiraa fi ijoolleen durbaa karaa irra guutanii mandaricha keessa in taphatu. [6] Yeroo sanatti kun hambaa saba kanaa duratti wanta dinqisiisaa yoo fakkaate iyyuu, ana Waaqayyo gooftaa maccaa durattis wanta dinqisiisaa ta'aa ree?" jedhe; kana Waaqayyo gooftaa maccaatu dubbate*.

**4 Isa 65:20*
**6 Er 32:17; Luq 1:37*

7 Ammas Waaqayyo gooftaan maccaa, "Kunoo, ani saba koo harka warra ba'a-biiftuu fi harka warra lixa-biiftuu jalaa baasee, [8] Yerusaalem keessa akka jiraataniif achii deebisee isaan nan fida; isaan saba koo in ta'u, anis Waaqayyo isaanii nan ta'a, dhugaadhaa fi qajeelummaadhaan isaan nan bulcha" jedha*.

**8 Er 24:7*

9 Waaqayyo gooftaan maccaa, "Isin warri yommuu manni qulqullummaa koo deebi'ee ijaaramuudhaaf hundeen isaa kaa'ame, wanta raajonni dubbatan dhageessan humna jabaadhaatii manicha ijaaraa*! [10] Bara sana dura namaafis, horiifis gatiin dadhabbii isaanii hin turre; namoonni hundinuu walitti akka ka'an waanan godheef, sababii diina isaatiif namni nagaadhaan ba'ee, nagaadhaan galuu danda'u hin turre. [11] Amma garuu ani haftee saba kanaa irratti akka duriitti hin hojjedhu; ani Waaqayyo gooftaan maccaa kana dubbadheera. [12] Yommus sanyiin faca'ee nagaatti in guddata, mukti wayniis ija in godhata, lafti midhaan in baasa, waaqnis fixeensa gad in roobsa; ani kana hundumaa haftee saba kanaatiif dhaala godhee nan kenna. [13] Isin yaa namoota Yihudaa, isin yaa namoota Israa'el, hammuma dur saba biyya lafaa gidduutti abaarsaaf taatanii turtan, amma immoo ani isin nan fayyisa, eebbaafis in taatu; isin humna jabaadhaa malee, hin sodaatinaa!" jedhe*.

**9 Isa 35:3*
**13 Uma 12:2; 22:18; 26:4*

[1] **Zak 5:11 "Baabilon"** Ib "Shiinaar" maqaa ishee isa durii ti.

14 Waaqayyo gooftaan maccaa,
"Yommuu abboonni keessan na aarsanii na dheekkamsiisan, isin adabuudhaaf murtoo godhee kanan ture, yaada
koo akkuman hin geddarin, 15 amma
immoo namoota Yerusaalemiif, namoota Yihudaatiifis wanta gaarii gochuudhaaf murtoo godheera, hin sodaatinaa! 16 Wanti gochuun isin irra
jiru kanatti fufee jira; walii walii keessanitti dhugaa dubbadhaa! Karra kellaa
keessanii durattis firdii dhugaa fi firdii
nagaa faradaa*! 17 Walii keessan irratti
hamaa hin yaadinaa! Sobaan kakachuu
hin jaallatinaa! Ani kana hundumaa
nan jibba; ani Waaqayyo gooftaan
maccaa kana dubbadheera" jedha.
**16 7:8-10; Efe 4:25*

18 Ammas dubbiin Waaqayyo gooftaa maccaa gara koo dhufee, 19 "Soomiin ji'a afuraffaa, soomiin ji'a shanaffaa, soomiin ji'a torbaffaa fi soomiin
ji'a kurnaffaa namoota Yihudaatiif
guyyaa gammachuu fi guyyaa ilillee,
guyyaa ayyaana gammachuus in ta'a;
kanaafis isin dhugaa fi nagaa jaalladhaa!" jedha*.
**19 7:3,15*

20 Waaqayyo gooftaan maccaa,
"Si'achi sabni baay'een, mandara
baay'ee keessa warri jiraatanis in dhufu; 21 warri mandara tokko keessa jiraatan, gara warra mandara isa kaan
keessa jiraatanii dhaqanii, 'Kottaa dafnee dhaqnee Waaqayyo gooftaa maccaa araara in kadhannaa, isa in barbaaddannas' in jedhu; jarris immoo,
'Anis nan dhaqa, anis nan dhaqa' in
jedhu; 22 sabni baay'een, sabni jajjaboonis ana Waaqayyo gooftaa maccaa
barbaaddachuudhaaf, ana araarfachuudhaafis gara Yerusaalem in dhufu"
jedha*.
**20-22 14:16; Isa 2:2-3*

23 Waaqayyo gooftaan maccaa,
"Guyyaa sanatti saba afaan garaa garaa
dubbatan hundumaa keessaa namoonni
kudhan fiixee uffata nama Yihudii
tokko qabanii, 'Waaqayyo sii wajjin
akka jiru waan dhageenyeef, nuyis sii
wajjin achi in dhaqna' in jedhu" jedha.

Diinota Israa'elittl Faraduu Isaa

9 1 Dubbiin Waaqayyo waa'ee
biyya Hadraakiif dubbate
mandara Damaasqoo irras in ga'e;
iji namoota kan biraa,
iji gosoota Israa'el hundinuus
gara Waaqayyoo in ilaala*;
2 Haamaat isheen daarii isaanii jirtu,
Xiirosii fi Sidoon
warri ogeessonni sun
gara isaa in ilaalu*.
3 Xiiros masaraa in ijaarratti,
meetii akka biyyootti,
warqees akka dhoqqee karaa
keessaatti in tuullatti.
4 Kunoo, Waaqayyo garuu ishee in
hiyyoomsa,
humna waraanaa ishees
galaanatti gad in darbata,
mandarattiinis ibiddaan in
dhumti.
**1 Isa 17:1-14*
**2 Isa 23:1-18*

5 Asbqalon isa kana
argitee in sodaatti,
Gaazaan guddaa in hollatti,
Eqroonis abdiin ishee
waan duraa citeef,
akkasuma in taati;
Gaazaan mootii in dhabdi,
Ashqalon keessas
namni hin jiraatu*.
6 Ashdoodin warri ormi in fudhatu,
Waaqayyo, "Ani Filisxeemota warra
of korsituu kana raawwadhee
nan balleessa.
7 Ani dhiiga afaan isaanii keessaa,
nyaata dhowwamaas ilkaan
isaanii
gidduudhaa nan baasa;
warri hafan kan koo in ta'u,
biyya Yihudaa keessatti
akka warra ulfina-qabootaa in ta'u,
Eqroon immoo akka warra
Yibusootaa in taati*.
8 Ani mana koo irraa saamtota nan
eeggadha,
egaa ani amma ija kootiin
saba koo waanan eeguuf,
warri isaan cunqursan
si'achi deebi'anii
isaan keessa hin ba'an" jedha*.
**5 Er 47:1-7; Isa 14:28-32*
**7 Uma 9:4; Lew 17:10-14; Isa 15:63; 2Sam 24:18*
**8 2:9; His 34:27-28*

Mootiin Nagaa Akka Dhufu Himuu Isaa

9 Isin yaa namoota Xiyoon, guddaa
gammadaa!
Isin yaa namoota Yerusaalem,
guddisaatii sagalee gammachuu
dhageessisaa!
Kunoo, mootiin keessan inni
qajeelaan,
inni mo'aan, gad of deebisee,
harree yaabii keessaa
ilmoo harree irra taa'ee
gara keessan in dhufa*.
10 Waaqayyo, "Ani
biyya Israa'el keessaa
konkolaataa,
Yerusaalem keessaas
fardeen lolaa nan balleessa;
iddaan lolaa in cita,
mootichi sabatti nagaa in labsa,
mootummaan isaa galaanaa
hamma galaanaatti,
lagaa hamma dhuma lafaatti in
bal'ata*.
**9 Sef 3:14; Mat 21:5*
**10 Mik 5:9*

11 "Isiniin immoo,
'Sababii kakuu koo
isa dhiigaan
isiniif dhaabameetiif jedhee,
warra isin duraa hidhaman,
boolla bishaan hin qabne
keessaa
isiniif nan baasa*.
12 Isin warri bidhamtanii
abdiidhaan jirtan deebi'aa!
Har'a dachaa lama
akkan isiniif deebisu
ani isinitti nan hima' jedha*.
13 Yommuun Yihudaa akka iddaatti
dabsadhu,
Efreemin immoo akka xiyyaatti
isatti nan kaa'adha.
Yaa Xiyoon, ani ilmaan kee,
ilmaan Yaawaan irratti nan
kaasa,
akka billaa gootaa akka ati
taatu nan godha" jedha.
**11 Bau 24:8*
**12 Isa 40:2; 61:7*

14 Yommus Waaqayyo
isaan irratti in mul'ata,
xiyyi isaas akka bakakkaatti in
ba'a;
Waaqayyo gooftaan, fiinoo
afuufee
sagalee isaa in dhageessisa,
bubbee gara mirgaatiinis
itti in adeema*;
15 Waaqayyo gooftaan maccaa
isaan in golbooba,
dhagaa furuursaatiinis
isaan in balleessa,
isaan in mo'as;
isaan in dhugu,
akka nama daadhii waynii
quufeettis in wacu;
akka xuwwee isa golee iddoo
aarsaatti
dhiiga ittiin facaasanii in
guutamu.
16 Gaafas Waaqayyo gooftaan isaanii
akka tiksituun horii isaa
waan hamaa oolchuutti
saba isaa in oolcba;
isaan immoo akka dhagaa
gati-jabeessaa
isa gonfootti kaa'amee
biyya isaa keessatti in
calaqqisu.
17 Simboon isaanii fi
miidhagummaan isaanii
attam guddaa dha!
Midhaan dargaggootaaf,
daadhiin waynii inni haaraanis
durbootaaf humna in kenna*.
**14 Far 18:14*
**17 Kes 33:28*

Waaqayyo Saba Isaatti Araara Argisiisuu Isaa

10 1 Bokkaa ji'a birraa akka
isiniif kennuuf
Waaqayyoon kadhadhaa!
Isatu duumessa bokkaa qabuu fi
bokkaa tiifuu namootaaf ergee,
wanta hundumaaf,
lafti biqiltuu biqilchee
akka lalisu godhe*.
2 Waaqayyoliin tolfamoon maatii
wanta waa'ee hin baafne in
dubbatu,
warri hooda bimanis
mul'ata sobaa in argu,
abjuu sobaas in himu;
isaan akkasumaan
nama in jajjabeessu;
kanaaf sabni tiksee waan hin
qabneef,

akka hoolotaa in jooru, in
rakkatus*.
**1 Er 5:24; Kes 11:13-14*
**2 Mat 9:36*

3 Waaqayyo, "Aariin koo
tiksoota irratti in boba'a,
warra dura-buutotas nan adaba;
ani Waaqayyo gooftaan maccaa
hoolota koo namoota
Yihudaatiif nan dhimma,
akka farda lolaas
isaan nan jabeessa*;
4 sanyii Yihudaa keessaa dhagaan
golee,
qofoon dunkaanaa,
iddaan lolaa fi
warri biyya bulchan
hundinuu in ba'u*.
5 Isaan walii wajjin
akka jagnoota jajjaboo,
warra yeroo lolaa diinota
isaanii
dhoqqee karaa keessaa irratti
lafatti dhidhiitanii in ta'u;
Waaqayyo isaanii wajjin waan
jiruuf,
isaan lola keessatti
abbootii fardeenii in
yeellaasisu.
**3 Er 23:1-4; His 34:2*
**4 Er 30:21*

6 "Ani namoota Yihudaa nan
jabeessa,
namoota Yoseefis nan fayyisa;
ani waanan isaaniif oo'uuf,
akka isaanii duriitti isaan nan
deebisa;
ani Waaqayyo isaanii waanan
ta'eef,
kadhata isaanii isaaniif nan
dhaga'a,
akka waanan takkaa
isaan hin tufatiniis in ta'u;
7 namoonni Efreemis
akka jagnoota
warra jajjaboo in ta'u,
akka waan daadhii waynii
dhuganiitti
garaa isaaniitti in gammadu;
ilmaan isaanii kana arganii in
gammadu,
garaan isaaniis Waaqayyotti in
gammada.
8 Ani milikkitaan waamee,
walitti isaan nan qaba;
ani dhugumaan isaan nan fura,
isaanis akkuma isaanii duriitti
in baay'atu*;
9 ani saba warra kaan gidduu
utuman isaan facaasee jiruu iyyuu,
isaan biyya fagoo sanaa
ana in yaadatu turan;
isaanii fi ilmaan isaanii in jiraatu,
biyyattis in deebi'u*;
10 ani biyya Gibxii
deebisee isaan nan fida;
biyya Asor keessaas
walitti isaan nan qaba;
ani biyya Giil'aadii fi
biyya Liibaanonitti isaan nan
galcha;
akkasitti isaan biyyicha keessa
in guutu*.
11 Isaan galaana rakkinaa sana
keessa in darbu,
dha'aan galaanaas isaaniif in
abboomama;
tuujjubni galaana Abbayyaa
hundinuus in goga;
Asor ishee of tuultuun
gad in deebiti,
uleen mootummaa
warra Gibxiis in bada*;
12 ani Waaqayyo isaan nan jabeessa,
maqaa kootiinis karaa isaanii
irra in deddeebi'u" jedha.
**8 Isa 11:11-12*
**9 Isa 66:19; Er 51:50*
**10 Isa 49:19-20*
**11 Bau 14:21; Isa 11:15; 50:2*

Geggeessitoonni Warri Jal'oonni Kufuu Isaanii

11 1 Yaa Liibaanon,
ibiddi mukkeetii birbirsaa kee
akka fixuuf
balbala kee bani!
2 Mukti birbirsaa waan jigeef,
yaa muka hoomii wawwaadhu!
Mukkeetii warri jajjaboon badaniiru,
yaa qilxuu Baashaan,
caakkaan inni gobbuun
waan cirameef, atis
wawwaadhu!
3 Iddoon isaan horii dheechisan
waan isaan duraa badeef,
tiksoonni in boo'u, mee
dhaggeeffadhu!
Ilmooleen leencotaas
caakkaan Yordaanos inni gobbuun

isaan duraa waan cirameef
in aadu, mee dhaggeeffadhu!
4 Waaqayyo gooftaan koo, "Hoolota warra qalmaaf kaa'aman soori!
5 Warri isaan bitatan yommuu isaan qalatan hin adabaman; warri isaan gurguratan, 'Waaqayyoon galanni haa ga'u! Nuyi sooromneerra' in jedhu; tiksoonni isaaniis isaaniif hin oo'an;
6 ani deebi'ee warra biyya kana keessa jiraataniif hin oo'u; kunoo, ani tokkon tokkon isaanii harka walii walii isaanii fi harka mootii isaaniitti dabarsee nan kenna; isaan biyyicha in rukutu, ani harka isaanii keessaa isaan hin baasu" jedha; kana Waaqayyotu dubbate.
7 Ani hoolota warra qalmaaf kaa'aman, addumaan immoo warra miidhaman sana nan soore; ulee lamas fudhadhee, isa tokko, "Faara-tolina" isa kaan immoo, "Tokkummaa" jedhee nan moggaase, hoolotas nan tikse.
8 Ji'a tokko gidduuttis tiksoota sadii nan baase; ani isaan nan jibbe, isaanis na jibban;
9 kanaafan ani immoo, "Ani isin hin tiksu! Inni du'u haa du'u! Inni badus haa badu! Warri hafanis foon walii walii isaanii haa nyaatan!" jedhe.
10 Kana booddee ulee koo isa "Faara-tolina" jedhamu sana fuudhee nan cabse, kakuu koo isa ani saba hundumaa wajjin gales nan cabse.
11 Inni gaafasuma in cabe; hoolonni warri miidhamoon ana argan kun dubbii Waaqayyoo ta'uu isaa in beekan.
12 Ani isaaniin, "Yoo isin duratti qajeelaa ta'ee mul'ateef, miindaa koo anaaf kennaa! Garuu yoo qajeelaa isinitti fakkaachuu dhaabaate immoo haa hafu!" nan jedhe; achumaanis isaan miindaa koo meetii guroo soddoma anaaf in kennan*.
13 Waaqayyo yommus, "Meeticha suphe-dhooftuutti darbadhu!" naan jedhe; miindaa isaan kun "Ulfina-qabeessa" jedhanii, anaaf muran meetii guroo soddomman sana fuudhee mana qulqullummaa keessatti suphe-dhooftuutti nan darbadhe*.
14 Kana booddee ulee koo isa lammaffaa isa "Tokkummaa" jedhamu sanas nan cabse; kanaanis obbolummaan Yihudaa fi Israa'el gargar in cabe*.
**12 Mat 26:15*
**13 Mat 27:9-10*
**14 His 37:15-24*
15 Ergasiis Waaqayyo, "Mi'a tiksoota gowwootaa sana fudhadhu!
16 Kunoo, ani tiksee isa warra badee fi warra ilmoolee bin barbaanne, isa warra cabe bin wal'aane, isa warra fayyaa hin tiksine, biyyicha irratti nan kaasa; inni warra cooman in nyaata, kottee isaaniis itraa in buqqisa*.
17 Tiksoota warra waa'ee hin baafne,
warra hoolota hin eegneef
wayyoo!
Billaan, harka isaa mirgaa
isa irraa haa kutu,
ija isaa mirgaas keessaa haa
baasu!
Harki isaa raawwatee haa gogu!
Iji isaa mirgaas raawwatee haa
jaamu!" jedhe.
**15-16 His 34:2-4*

Yerusaalem Baraaramtee Akka Haftu Dubbacbuu Isaa

12 1 Dubbiin Waaqayyo waa'ee Israa'eliif dubbate kanatti fufee jira; Waaqayyo inni waaqota diriirse, inni hundee lafaa kaa'e, inni hafuura nama keessatti uume*, 2 "Ani kunoo, Yerusaalemiin xoofoo saba naannoo ishee jiran hundumaa gatantarsitu nan godha; yommuu Yerusaalem marfamtu Yihudaanis akkasuma in marfamti*.
3 Yeroo sabni lafa irraa hundinuu Yerusaalem irratti walitti qabaman, ani immoo akka dhagaa ulfaataa ishee nan godha, warri ishee garagalcbuu yaalan hundinuus in caccabu*.
4 Guyyaa sanatti ani fardeen hundumaa nan naasisa, abboota fardeenii isaaniis nan maraacha; ani mana Yihudaa nan eega; garuu ija fardeen saba sana hundumaa nan jaamsa; kana ana Waaqayyo gooftaatu dubbate.
5 Ani Waaqayyo gooftaan maccaa warra Yerusaalem keessa jiraataniif Waaqayyo isaanii waanan ta'eef, geggeessitoonni Yihudaa tokkon tokkon isaanii yaada isaanii keessatti, 'Inni jabina keenya' anaan in jedhu.
**1 Isa 42:5*
**2 Er 25:15-29; Isa 51:17*
**3 Yoe 3:9-13*

6 "Guyyaa sanatti geggeessitoonni Yihudaa akka xuwwee ibiddaa isa qoraan irra tuulamee, akka guca iddoo tuullaa midhaanii keessaa boba'uus akka ta'an nan godha; isaan saba

naannoo isaanii hundumaa warra gara mirgaa fi gara bitaa jiran in fixu; Yerusaalem garuu iddoodhuma duriitti in hafti*; 7 ulfinni mana Daawitii fi ulfinni namoota Yerusaalem keessa jiraatanii kan Yihudaa irra akka hin caalletti, ani Waaqayyo duraan dursee dunkaana Yihudaa nan oolcha; 8 ani Waaqayyo guyyaa sanatti, namoota Yerusaalem keessa jiraatan nan golbooba; isaan keessaa inni dadhabaan illee akka Daawit nama jabaa in ta'a; sanyiin Daawit immoo akka ergamaa kootti, akka koo akka Waaqayyoottis isaan in geggeessa. 9 Guyyaa sanatti ani saba warra Yerusaalem irratti ka'an hundumaa balleessuudhaaf nan barbaada*.

**6 Oba 18*
**9 Mul 20:9*

10 "Ani hafuura araaraa fi hafuura kadhataa mana Daawitii fi warra Yerusaalem keessa jiraatan irratti nan dhangalaasa; isaanis isa waraanan sana in ilaalu, akka nama mucaa tokkichaaf boo'uutti in boo'u, akka nama du'a ilma angafaatiif baay'isee gadduuttis in gaddu*. 11 Guyyaa sanatti boo'ichi guddaan sanyiin isa Hadaad Rimoon dachaa Megidoo keessatti ta'ee sun Yerusaalem keessatti in ta'a*. 12 Namoonni biyyichaa akka maatii maatii isaaniitti in boo'u; maatiin qomoo Daawit kophaatti, dubartoonni isaanii kophaatti, maatiin qomoo Naataan kophaatti, dubartoonni isaanii kophaatti, 13 maatiin qomoo Lewwii kophaatti, dubartoonni isaanii kophaatti, maatiin Shime'ii kophaatti, dubartoonni isaanii kophaatti, 14 qomoon warra kaanii hundinuus kophaatti, dubartoonni isaaniis kophaatti in boo'u" jedhe.

**10 Yoh 19:37; Mul 1:7*
**11 2Mot 5:18*

Cuhhuu Isaanii Irraa Qullaa'uu Isaanii

13 1 Guyyaa sanatti burqaan cubbuuttii, xuraa'ummaattiis isaan qulleessu maatii Daawitii fi warra Yerusaalem keessa jiraataniif in banama*; 2 Waaqayyo gooftaan maccaa, "Guyyaa sanatti ani maqaa waaqayyolii tolfamoo, biyya sana keessaa raawwadhee nan balleessa, isaanis deebi'anii hin yaadataman; ani raajotaa fi hafuura xuraa'aa biyya sana keessaa nan baasa*. 3 Gaafas namni tokko illee yoo raajii dubbate, abbaan isa dhalchee fi haati isa deesse, 'Ati maqaa Waaqayyootiin soba waan dubbattuuf, du'uutu si irra jira' ittiin in jedhu; yoo inni raajii dubbateef, abbaan isa dhalchee fi haati isa deesse isa in waraanu*.

**1 14:8; Isa 12:3; 55:1*
**2 Mik 5:12-13; Er 29:8-9*
**3 Kes 13:6; Er 14:13-15*

4 "Guyyaa sanatti tokkon tokkon raajotaa, raajii isa mul'ataan argan sanaaf in yeella'u; nama gowwoomsuudhaaf jedhaniis uffata raajotaa isa dabbasaa qabu sana uffachuu in dhiisu; 5 isaan, 'Ani raajii miti! Nama lafa qotuu dha malee, mucummaa kootii jalqabee iyyuu ani lafa qotuun jaalladha' in jedhu. 6 Yoo namni tokko, 'Madaan dhagna keessanii kun immoo maal ree?' ittiin jedhe, isaan immoo, 'Mana firoota keenyaatti madoofnee dhufne' in jedhu" jedha.

Tiksoonni Akka Rukutaman Ahboomuu Isaa

7 Waaqayyo gooftaan maccaa,
"Yaa billaa, tiksee koo irratti,
nama ani amanadhu irrattis ka'i!
Hoolonni akka bittimmaa'aniif
tiksee rukuti!
Ani harka koo warra
xixinnaayyoo irratti
ol nan fudhadha*.
8 Guutummaa namoota biyyichaa
keessaa
harka sadii keessaa
harki lama rukutamee in dhuma;
haa ta'u iyyuu malee,
harka sadii keessaa
harki tokko isa keessatti in hafa*;
9 harka sadii isa hafe sanas
ibidda keessa buusee,
akka meetii fi akka warqeetti
qoree nan ilaala;
yommuu isaan maqaa koo
waammatan,
ani immoo isaaniif nan dhaga'a;
'Isaan saba koo ti' nan jedha;
isaanis, 'Waaqayyo gooftaa
keenya'
in jedhu" jedha*.

**7 Mat 26:31*
**8 Isa 6:13*
**9 Hos 2:25*

Guyyaan Waaqayyoo Akka Dhufu Hlmuu Isaa

14 1 Yaa Yerusaalem, kunoo, guyyaan Waaqayyoo inni itti wanti si irraa saamame ijuma namoota keetii duratti hirmaatamu in dhufa*. 2 Waaqayyo guyyaa sanatti sabni hundinuu Yerusaalemin akka lolaniif walitti isaan in qaba; mandarattiin in qabamti, manneetiin in saamamu, dubartoonnis in yeellaasifamu; walakkaan namoota mandarattii booji'amanii in adeemu, namoonni warri hafan immoo mandarattii keessaa hin balleeffaman*. 3 Ergasii garuu Waaqayyo gad in bu'a akkuma yeroo lola loluutti saba sana in lola*. 4 Guyyaa sanatti miilli isaa tulluu ejersaa isa Yerusaalem irraa gara ba'a-biiftuu jiru irra in dhaabata; tulluun ejersaas gara ba'a-biiftuutii gara lixa-biiftuutti, iddoo lamatti gargar in dho'a; walakkaan tullichaa gara bitaatti, walakkaan isaa immoo gara mirgaatti in hiiqa, gidduu isaattis dachaan guddaan in uumama. 5 Yaa namoota Yerusaalem, isin immoo gara dachaa tulloota koo isa hamma Azelitti bal'atuutti in baqattu; akkuma bara Uziyaa mootii Yihudaatti, socho'a lafaa jalaa baqattan ammas in baqattu; yommus Waaqayyo gooftaan koo in dhufa, qulqulloonni isaa hundinuus isinii[2] wajjin in dhufu.

**1 Isa 39:6*
**2 12:3*
**3 Isa 42:13; Mul 19:19; Amo 1:1*

6 Guyyaa sanatti ifni, dhaamochi, qorris hin jiru. 7 Guyyaan biraa tokko in ta'a; isas Waaqayyotu beeka, gaafas yeroo galgalaa'u ifatu ta'a malee, guyyaan hin ta'u, halkanis hin ta'u*. 8 Guyyaa sanatti Yerusaalem keessaa bishaan jireenyaa in burqa; walakkaan isaa gara galaana ba'a-biiftuutti, walakkaan isaa immoo gara galaana lixa-biiftuutti bonaa fi ganna in yaa'a*. 9 Yommus Waaqayyo guutummaa biyya lafaa irratti mootii in ta'a; gaafas Waaqayyo isuma tokkicha, maqaan isaas tokkichuma*.

**7 Mar 13:32; Isa 60:19-20*
**8 His 47:1-8; Zak 13:1*
**9 Far 97:1; Mul 11:15*

[2]**Zak 14:5** "Isinli" yookiis "Isaa" wajjin.

10 Biyyichis guutummaatti Gebaadhaa hamma Rimoon isa Yerusaalem irraa gara mirgaa jirutti lafa diriiraa in ta'a; Yerusaalem garuu karra Beniyaaminii hamma karra isa duraatti, hamma golee karrichaatti, riqaa Hanaani'elii hamma iddoo cuunfaa daadhii waynii isa kan mootichaatti ol jettee iddoo isheetti in hafti*. 11 Namni ishee keessa in jiraata, si'achis deebitee hin balleeffamtu; bir'aa malees in jiraatti*.

**10 Er 31:38-40*
**11 Er 33:16; Mul 22:3*

12 Dha'ichi inni Waaqayyo saba warra Yerusaalemin lolan ittiin rukutu kanatti fufee jira; utuma miilla isaaniitiin dhaabatanii dhagni isaanii in tortora, iji isaanii boolluma isaa keessatti in tortora, arrabni isaaniis afaan isaanii keessatti in tortora*. 13 Guyyaa sanatti wanti guddaa isaan naasisu Waaqayyo biraa isaanitti in dhufa; inni tokko isa kaan harkaan in qabata, walis in reebu. 14 Warri Yihudaas Yerusaalemitti in lolu; badhaadhummaan saba naannoo sanaa hundumaa warqee baay'ee fi meetiin, uffannis walitti in qabama. 15 Dha'ichi kana fakkaatus fardeen irratti, gaangolii irratti, gaalota irratti, harroota irratti, borii buufata sana keessa jiran hundumaa irrattis in dhufa.

**12 2Mot 19:34-35*

16 Yommus saba warra Yerusaalemin rukutan hundumaa keessaa warri hafan immoo Waaqayyo gooftaa maccaa isa mootichaaf sagaduudhaaf, ayyaana Gordommaas ayyaaneffachuudhaaf, waggaa waggaatti achitti ol in ba'u*. 17 Gosoota biyya lafaa irra jiran keessaa, Waaqayyo gooftaa maccaa isa mootichaaf sagaduudhaaf gara Yerusaalemitti kan ol hin baaneef bokkaan hin roobu. 18 Gosi warra Gibxiis achitti ol ba'ee hin ayyaaneffatu yoo ta'e, bokkaa hin argatu; Waaqayyo dha'icha isa warra gara Yerusaalemitti ol ba'anii ayyaana Gordommaa ayyaaneffachuu didan irratti fide isaan irrattis in fida. 19 Egaa adabni warra Gibxii fi saba warra achitti ol ba'anii ayyaana Gordommaa ayyaaneffachuu didan hundumaa irratti dhufu isa kana.

**16 Isa 66:23*

20 Guyyaa sanatti bilbila fardeenii irratti, "Waaqayyoof kan qulqullaa'ee dha" jedhamee in caafama; xuwween mana qulqullummaa keessatti waa itti affeelan akka waciitii isa iddoo aarsaa dura dhaabatuutti in ilaalama*. 21 Xuwween Yerusaalem keessaa fi Yihudaa keessaa hundinuu, Waaqayyo gooftaa maccaatiif qulqulluu in ta'u; warri aarsaa dhi'eessuu dhufan hundinuus isaan keessaa muraasa fudhatanii waa itti in affeellatu; guyyaa sanatti warri nagadan mana Waaqayyo gooftaa maccaa keessa deebi'anii hin jiraatan*.

**20 Bau 28:36*
**21 Mul 21:26-27; Mat 21:12*

Macaafa Miilkiyaas Raajichaa

Waaqayyo Saba Isaa Akka Jaallatu Himuu Isaa

1 1 Dubbiin Waaqayyo karaa Miilkiyaas saba Israa'elitti hime kanatti fufee jira; 2 Waaqayyo, "Ani isin nan jaalladhe" jedha; isin garuu, "Attamitti nu jaallate? Esaawuun obboleessa Yaaqoob mitii ree?" jettanii in gaafattu; Waaqayyo immoo, "Ani amma iyyuu Yaaqoobin nan jaalladhe*, 3 Esaawuu garuu nan jibbe; tulloota isaas lafa onaa nan godhe, dhaala isaas lafa waangonni jiraatan nan godhe" jedhe*. 4 Sanyiin Esaawuu Edoomonni, "Mandaroonni keenya caccabanii turan, amma garuu warra diigaman sana deebifnee in ijaarra!" in jedhu; garuu Waaqayyo gooftaan maccaa, "Isaan illee in ijaaru, ani garuu nan diiga, 'Biyyi sun biyya hamaa, sabni isaas saba Waaqayyo bara baraan itti dheekkamu' in jedhamu; 5 isin sabni Israa'el kana ija keessaniin argitanii, 'Daarii Israa'el garasitti iyyuu Waaqayyo guddaa dha' in jettu" jedhe.

**2 Kes 7:7-8; Uma 25:23; Hos 11:1; Rom 9:13*
**3 Uma 36:9; Isa 34:5-17*

Luboonni Dheekkamamuu Isaanii

6 Waaqayyo gooftaan maccaa luboota warra isa tuffataniin, "Ilmi abbaa isaatiif, hojjetaanis isa isa hojjechiifatuuf ulfina in kenna; egaa ergan abbaa ta'ee ulfinni anaaf ta'u meerre ree? Ergan isa hojjechiifatu ta'ees sodaatamuun anaaf ta'u meerre ree? Isin garuu, 'Attamitti si tuffanne?' jettanii in gaafattu*. 7 Isin kennaa midhaanii isa xuraa'aa iddoo aarsaa koo irratti in dhi'eessitu; garuu kanuma keessaa immoo, 'Attamitti si xureessine?' jettanii in gaafattu; dabaltaniis, 'Iddoon itti Waaqayyoof aarsaa dhi'eessan waa'ee hin baasu' in jettu. 8 Horii jaamaa aarsaadhaaf yommuu dhi'eessitan kun wanta gadhee dha mitii ree? Horii naafa yookiis dhukkubsataa aarsaadhaaf yommuu dhi'eessitan, kunis wanta gadhee dha mitii ree? Mee wanta akkasii isa isin bulchuuf dhi'eessaa kaa! Inni dhuguma isinitti in gammadaa ree? Jaallatees isin harkaa in fudhataa ree?" jedha; kana Waaqayyo gooftaa maccaatu dubbate*.

**6 Bau 20:11; Kes 32:6*
**8 Lew 22:18-25; Kes 15:21*

9 Waaqayyo gooftaan maccaa, "Isin harka keessaniin wanta akkasii ana Waaqayyoof utuu aarsaa dhi'eessitanii yoo akka ani isinitti araaramuuf na kadhattan ani isiniif nan dhaga'aa ree? 10 Ani isin hin jaalladhu, aarsaa isin anaaf dhi'eessitanis isin harkaa hin fudhadhu waanan ta'eef, akka isin iddoo aarsaa koo irratti akkasumaan ibidda hin qabsiifnetti, maaloo namni isin keessaa balbala mana qulqullummaa cufu utuu jiraatee! 11 Maqaan koo ba'a-biiftuutii saba biyya lafaa gidduutti guddaa in ta'a; maqaan koo saba biyya lafaa gidduutti guddaa waan ta'eef, iddoo hundumaatti ulfina maqaa kootiif ixaannii fi kennaan midhaanii in dhi'eeffama" jedha; kana Waaqayyo gooftaa maccaatu dubbate*.

**11 Isa 60:1-7*

12 Ammas Waaqayyo gooftaan maccaa, "Isin garuu, 'Iddoon itti Waaqayyoof aarsaa dhi'eessan nyaata achi irraatiin xuraa'eera, jibbameeras' jettanii isa in xureessitu*; 13 dabaltaniis, 'Kun ba'aa dha!' jettanii itti in ga'iftu; isinoo horii hatame, horii naafa, horii dhukkubsataas fiddanii aarsaa in dhi'eessitu, egaa kana harka keessan keessaa fudhadhuu ree? 14 Namni bushaayee isaa keessaa korbeessa isa ana Waaqayyo duratti fudhatamaa ta'e aarsaa dhi'eessuudhaaf wareegee, iddoo isaa horii mudaa qabu dhi'eessuudhaan gowwoomsaa hojjetu abaaramaa haa ta'u! Ani mootii guddaa waanan ta'eef, maqaan koo saba lafa irraa keessatti sodaatamaa in ta'a" jedha; kana Waaqayyo gooftaa maccaatu dubbate*.

**12 Isa 43:23-24*
**14 Lew 22:19*

Luboota Akeekkachiisuu Isaa

2 1 Waaqayyo gooftaan maccaa, "Yaa lubootaa! Abboommiin kun isiniif ba'e; 2 isin yoo anaaf dhaga'uu diddan, maqaa kootiif ulfina kennuudhaaf yoo itti yaaduu dhiiftan, ani immoo abaarsa isin irratti nan erga, eebba keessanis abaarsatti nan geddara; sababii isin ulfina anaaf kennuudhaaf itti yaaduu dhiiftaniif, dhuguma ani ammuma iyyuu abaareera*. 3 Kunoo, ani sababii keessaniif jedhee, sanyii keessan nan ifadha, fuula keessanitti dhoqqee nan diba; dhoqqee horii isa yeroo ayyaanaa qaltanii aarsaa dhi'eessitan keessaa ba'u wajjinis diidatti in gatamtu. 4 Yommus kakuun koo inni ani Lewwiidhaaf gale akka itti fufuuf jedhee, abboommii kana akkan kenne in beektu; kana ana Waaqayyo gooftaa maccaatu dubbate. 5 Kakuun koo inni isaa wajjin ture sun kakuu jireenyaa fi kakuu nagaa ti; kanas akka inni ana safeeffatuufan isaaf kenne; innis ana sodaatee maqaa kootiif ulfina kenneera. 6 Barsiisa dhugaa in barsiisa ture, dubbiin jal'aanis afaan isaa keessaa hin baane, nagaadhaa fi qajeelummaadhaan anaa wajjin jiraateera, namoota baay'ees yakkattii deebiseera*.

**2 Kes 28:15*
**4-6 Kes 33:8-11; 18:1-8*

7 "Lubni beekumsa isa dhugaa in eega; inni ergamaa Waaqayyo gooftaa maccaa waan ta'eef, namni afaan isaa keessaa barumsa in barbaada*. 8 Isin garuu karaa irraa jal'attanii namoota baay'ees barsiisa keessaniin gufachiiftaniittu, kakuu ani Lewwiidhaaf gales cabsitaniittu; kana ana Waaqayyo gooftaa maccaatu dubbate. 9 Sababii isin abboommii koo eeguu diddanii seera koo yommuu barsiiftanis nama wal caalchiftaniif, ani immoo saba hundumaa duratti akka tuffatamtaniif akka gad deebitan nan godha" jedha.

**7 Hos 4:4-6*

Biyyi Yibudaa Amanamummaa Dhabuu Ishee

10 Hundumti keenya abbaa tokkicha qabna mitii ree? Waaqayyo isa tokkichatu hunduma keenya uume mitii ree? Maaliif nuyi walii walii keenyaaf amanamuu dhabnee, wal irratti ka'uudhaan kakuu abboota keenyaa cabsina ree*? 11 Namoonni Yihudaa amanamummaa in dhaban; Israa'elii fi Yerusaalem keessattis wanta ciiggaasisaatu hojjetame; namoonni Yihudaa durboota waaqayyolii ormaa fuudhuudhaan iddoo qulqullaa'aa isa Waaqayyo jaallatu sana in xureessan*. 12 Waaqayyo nama wanta xuraa'aa akkasii bojjetu, nama isaaf aarsaa dhi'eessu illee yoo ta'e sanyii Yaaqoob keessaa raawwatee isa haa balleessu!

**10 1:6; Iyo 31:15; Efe 4:6*
**11 Iz 9:2; Nah 13:23*

13 Wanti lammaffaan isin gootan immoo, isa isin imimmaaniin iddoo aarsaa Waaqayyoo dhiqxanii dha; sababii Waaqayyo gara aara aarsaa keessanii ilaaluu didee, gammachuudhaan isin harkaa fudhachuu dhiiseef isin in iyyitu, in wawwaattus*. 14 Isin, "Kun maaliif ta'e?" jettanii in gaafattu; Waaqayyo isiniif haadha manaa isin qeerrummaadhaan fuutan gidduutti dhuga-baatuu dha; isheen hidhata keessan, haadha manaa kakuu keessanii taatee utuma jirtuu, isin isheedhaaf amanamuu dhiiftanii ishee in gowwoomsitan.

**13 1:10*

15 Waaqayyo foonitti, lubbuuttis
tokko isaan hin goonee ree? Maaliifis
tokko isaan godhe? Sanyii ofii isaatiif
kaafachuudhaaf kana godhe; kanaafis
jireenya keessan eeggadhaa! Haadha
manaa qerrummaa keessan irraas
amanamummaa hin dhabinaa! 16 Waa-
qayyo gooftaan inni kan Israa'el,
"Namni haadha manaa isaa gad dhii-
suun humnaan ishee irratti ka'uu akka
uffataatti uffachuu isaa waan ta'uuf,
wanta akkasii baay'isee nan jibba;
kanaafis isin jireenya keessan eegga-
dhaa, amanamummaas hin dhabinaa!"
jedha*.

17 Isin dubbii keessaniin Waaqay-
yoon dadhabsiiftaniittu; garuu, "Atta-
mitti isa dadhabsiifne?" jettanii in gaa-
fattu; isin, "Warri wanta hamaa hojjetan
hundinuu fuula Waaqayyoo duratti gaa-
rii dha, innis isaanitti in gammada;
yookiis immoo Waaqayyo abbaan firdii
dhugaa eessa jira?" jettanii gaafachuu-
dhaan isa in dadhabsiiftu*.

**16 Kes 24:1; Mat 19:3-9*
**17 3:13-14*

Guyyaan Firdii Akka Dhufu Himuu Isaa

3 1 Waaqayyo gooftaan maccaa,
"Kunoo, ani ergamaa koo isa ka-
raa anaaf qopheessu of dura nan erga;
dingatas gooftichi inni isin barbaaddan
sun gara mana qulqullummaa isaa in
dhufa; kunoo, ergamaan kakichaa inni
isin hawwitan sun in dhufa" jedha*.

**1 Mar 1:2; Luq 1:76*

2 Garuu guyyaa dhufa isaatti ee-
nyutu obsuu danda'a ree? Yeroo inni
mul'atus eenyutu dhaabachuu dan-
da'a ree? Inni akka ibidda isa sibiila
qulleessuu ti, akka saamunaa isa ittiin
uffata miicanii tis*. 3 Inni akka nama
sibiila baqsuutti, akka nama meetii
qulleessuuttis taa'ee warra Lewwoo-
taa baqsee akka warqee fi akka mee-
tiitti isaan in qulleessa; isaanis warra
Waaqayyoof aarsaa qajeelaa dhi'ees-
san in ta'u*. 4 Yommus aarsaan Yihu-
daa fi aarsaan Yerusaalem akka ba-
roota darbanii, akka waggoota durii
sanaattis Waaqayyo duratti fudhata-
maa in ta'a.

**2 4:4-5; Isa 1:25*
**3 Zak 13:9*

5 Waaqayyo gooftaan maccaa,
"Ani firdii kennuudhaaf isinitti
dhi'aadheera; warra qoricha namatti
godhan irratti, warra ejjitoota irratti,
warra sobaan kakatan irratti, namoota
warra hojjetoota, haadha hiyyeessaa
fi ijoollee abbaa fi haati irra hin jirre
cunqursan irratti, warra nama galaa
firdii dhowwatan irratti, warra ana
hin sodaanne irrattis dafee dhugaa
nan ba'a" jedha.

Kudban Keessaa Tokko Akka Baasanlif Abboomuu Isaa

6 Itti fufees, "Ani Waaqayyo waa-
nan ta'eef, hin geddaramu; kanaaf yaa
ilmaan Yaaqoob isin raawwattanii hin
badne. 7 Bara abboota keessaniitii jal-
qabdanii hamma ammaatti isin seerrata
koo irraa gortaniittu, isa hin eegnes; ani
Waaqayyo gooftaan maccaa, 'Gara
kootti deebi'aa! Anis gara keessanitti
nan deebi'a' isiniin jedheera; isin ga-
ruu, 'Attamitti deebina?' in jettu*.
8 Namni Waaqayyoon in saamaa? Isin
garuu ana in saamtu, 'Attamitti si
saamna?' jettanii in gaafattu; isin ku-
dhan keessaa tokkoon, aarsaadhaanis
ana in saamtu*; 9 isin, sabni hundinuu
ana waan saamtaniif, dhugumaan abaa-
ramtaniittu; 10 mana koo keessatti
nyaanni akka ta'uuf kudhan keessaa
tokko guutummaatti gombisaa kootti
galchaa! Ani immoo ittisa bantii waa-
qaa banee, eebba danuu isin irratti yoon
dhangalaasuu dhaabaadheef qoraa ana
ilaalaa! 11 Midhaan keessan kan balleess-
su isin irraa nan ifadha; maasii keessan
keessaa mukti waynii keessanii bin
maseenu; kana ana Waaqayyo gooftaa
maccaatu dubbate*. 12 Isin biyya nama
gammachiisu keessa waan jiraattaniif
sabni warri kaan hundinuu, 'Isin warra
eebbifamoo dha' isiniin in jedhu*.

**6-7 Hos 12:4; Zak 1:2-3*
**8 Lak 18:21-32; Nah 13:10*
**9-11 Hag 1:5-8*
**12 Isa 61:9*

13 "Isin ana irratti dubbii cimaa
dubbattaniittu; kanuma keessaa im-
moo, 'Maal si irratti dubbanne?' in
jettu; 14 isin, 'Waaqayyoof hojjecbuun
akkasumaan; akka warra gaddaniitti
fuula Waaqayyo gooftaa maccaa dura
utuu deddeebi'aa jirruu, wanta inni
abboome eeguun keenya maal waa'ee

baasa? 15 Warri of gurguddisan kan
eebbifamanii dha, warri hamaa hojje-
tan in guddatu, Waaqayyoon qoraniis
isa jalaa in ba'u' in jettu" jedha*.

**14-15 2:17; Far 73:1-28; Zak 7:3,5*

16 Amma immoo warri Waaqay-
yoon sodaatan walii wajjin utuu du-
dubbatanii Waaqayyo isaan dhaggeef-
fatee, waan isaan dubbatan in dha-
ga'e; macaafni seenaa waa'ee warra
isa sodaatanii fi warra maqaa isaatiif
ulfina kennanii, fuula isaa duratti
caafameera*. 17 Waaqayyo gooftaan
maccaa, "Guyyaa ani murtoo godbe
sanatti isaan qabeenya dhuunfaa koo
in ta'u; akkuma abbaan ilma isaaf
hojjetuuf oo'u akkasuma anis isaaniif
nan oo'a*; 18 yommus isin garaa ga-
rummaa warra qajeelotaa fi warra
jal'oota gidduu jiru, warra ana Waa-
qayyoof hojjetuu fi warra anaaf hin
hojjenne gidduu jirus dabaltanii in
argitu" jedha*.

**16 Bau 32:32; Isa 4:3; Dan 7:10; 12:1; Luq 10:20*
**17 Far 103:13*
**18 Far 1:1-6*

Guyyaan Waaqayyoo Akka Dhufu Himuu Isaa

4 1 Waaqayyo gooftaan maccaa,
"Kunoo, guyyaan akka iddoo ibid-
daa gubu in dhufa; yommus warri
koortuunii fi warri hamaa hojjetan
hundinuu akka cidii in ta'u; guyyaan
dhufu sun isaan in guba; hidda yookiis
damee isaaniif hin hambisu. 2 Isin war-
ra maqaa koo sodaattaniif garuu aduun
qajeelummaa inni qarri isaa fayyina of
keessaa qabu isiniif in ba'a; akka jabbii
goorana keessaa ba'ees gad baatanii in
burraaqxu*; 3 isin yommus warra ha-
moota in dhidhiittu; isaanis guyyaa ani
waan kana godhutti koomee keessan
jalatti daaraa in ta'u; kana ana Waa-
qayyo gooftaa maccaatu dubbate.

**2 Luq 1:78*

4 "Barsiisa garbicha koo Musee,
seerrataa fi wanta ana Waaqayyo du-
ratti qajeelaa ta'e, isa ani tulluu Horeeb
irratti guutummaa Israa'eliif isatti ken-
ne yaadadhaa*! 5 Kunoo, guyyaan koo
inni guddaanii fi inni sodaachisaan sun
utuu hin dhufin dura ani Eliyaas raaji-
cha isiniif nan erga*. 6 Ani dhufee, lafa
abaarsaan rukutee akkan hin balleessi-
netti, inni garaa abbootaa gara ijoollee
isaaniitti, garaa ijoollees gara abboota
isaaniitti in deebisa" jedha.

**4 Kes 4:10-14*
**5 Mat 11:14; 17:11-13; Luq 1:17; Mar 9:11-13; Yoh 1:21*